

Dheerina Nama Mudaa Hin Qabnee

Jeffersonville, Indiana, USA

62-1014M

1 Obboleessa Neeviil, galatoomi. Gooftichi isin haa eebbisu. Ganama kana ammas gara Godoo Qulqullaa'aatti deebi'uun koo na gammachiisa. Hunduma keessaniif ganama ayyaana qabeessa haa ta'u. Guyyaan kunis fuula Gooftaa keenyaa duratti hunda keenyaaf guyyaa guddaa akka ta'u nan amana.

Ammas, ganama kana barumsa tokko argadheera. Barumsi kun barbaachisaa waan ta'eef kallattiidhaan garuma isaatti seenuun barbaada. Akkasumas namoonni akka hin mufanneef, ni beektu (baay'een isaanii dhaabbachuudhaan yeroo dheeraa waan turaniif), kallattiin gara barumsaatti nan seena.

2 Ammas, galgala kana mata duree "Qajeelchaa Jireenya Koo" jedhu irratti dubbachuun barbaade. Akkasumas kanneen dhufuu danda'an hedduun ... hamma danda'anitti, halkan kana sa'atii sanatti akka argaman abdiin qaba. Haa ta'u malee, waldaa mataa keessanii yoo qabaattan, waldaa keessan keessatti akka argamtan barbaanna. Achitt argamuun dirqama keessani, iddoo dirqama keessaniitti, ifni keessan akka ifu gochuudha.

Amma, yeroo hunda yeroo deebitanitti naannoo kanatti kutaa xiqqoo dabalataa akka qabaannu abdachuu itti fufna. Garuu rakkina keessa jirra, oo, bakka hundatti. Isaan ... boordii imaanaa waan boolla meeqa bu'anii akka turan beekamaadha. Iddoo tokkotti ergu, ni sirreessu; sana booda bakka biraatti ergitu isaanis murtoo itti godhu, ammas deebisanii ergu. Isaan asittis tole jedhu, deebi'aniis.... Oo, yeroo akkamii dabarsine! Garuu ni beektu, Seexanni yeroo hunda waan sirrii ta'e lola. Yaadadhaa, yeroo hunda waa'ee....

3 Antoonii, eessa jirta jedheen yaadaa ture. Ani si hin argine. Abbaa kee argeen, amantoota keessaa garam akka jirtu ijaan barbaadaa ture. Innis achi taa'ee jira naan jedhe. Atii fi abbaan kee nu waliin as jiraachuu keessanitti gammadneerra—Obboleessa Miilaanoo Niiwu Yoorki irraa. Yeroo kana biyya alaa deemmuun "boqonnaa birraa" tiif New Yorkiin ala akkan deemu abdachaan jira, yoo fedha Gooftaa ta'e biyya alaa iddoo tokkotti nan deema.

Kanaaf tokkoon tokkoon keessaniif baayyee gammadneerra. Asitti argamuun keessan gaarii dha. Halkan edaas yeroo gaarii dabarsine, ykn yoo xiqqaate anis dabarseera. "Isaayyaas Mana Qulqullummaa keessa jira."

Ganama kanas dhimma kana irratti dubbachuu barbaanna, ykn caalaatti barsiisuu barbaanna, yoo dandeenye, "Godoo Jireenyaa Iddoo Jireenya Waaqayyo Isa Jiraataa Ijaaru: Nama Mudaa Hin Qabne"—godoo jiraataa isa kan Waaqayyo jiraataa, iddoo Inni jiraatu.

4 Faarfannaa gaarii kana keessaa muraasa asitti akka faarfatan naaf gala, dhaga'uufis yeroo hin argadhu. Halkan kanas asitti gadi bu'uuf yaalaan jira. Haati manaa koo waa'ee Obboleessa Ungren (maqaan isaa akkas akka ta'e nan amana), Teeneesii irraa akka dhufe natti himteetti. Amma, inni halkan edaa as ture. Ganama kana isa argaa hin jiru, garuu asuma bakka tokko jira jedheen yaada. Halkan kanas, yoo danda'e, akkas ... yookaan "Iddoo Ulfina Isaa Irraa Gad Bu'e," yookaan "Ati Attam Guddaa dha" faarfannaa jedhu utuu inni faarfaatuu dhaga'uu nan barbaada. Kana dhaga'uun barbaada.

Obboleessi Ungren yummuu faarfatu dhaga'uu kan barbaadu nama meeqa? Oo, faarfannaa gaarii nan jaalladha. Meedaan immoo gosa yaa'a sagalee baritoonii akka qabu dubbate, kunis Obboleessa keenya Baaksiter na yaadachiise. Innis faarfataa dha, akkuma hundi keenya beeknu. Akkasumas "Ulfina Isaa Irraa Gad Bu'e" ykn "Ati Attam Guddaadha."

Amma iddoo inni taa'ee jiru argadheera jedheen amana.... Kun gaarii ta'aa obboleessa Ungren, halkan kana, siif mijataa? Yoo as turta ta'e. Tajaajila galgala kanaatiif as turuu ni yaalaa? Tole, isinittan hima. Kun akkam? Yoo nuti ... ani nama kamuu walitti buusuu hin barbaanne, garuu maaliif hin ta'u sana booda, osoo ... bara "Mallattoowwan Torbaa" yeroo sana lallabnu, osoo ati dhuftee? Teeppii irratti waraabuu barbaadeen ture, argitee, isa qabaachuuf: "Ati Attam Guddaadha," akkasumas "Ulfina Isaa Irraa Gadi Bu'e" yeroo sanatti silaa gaarii ture mitii?

5 Oo, Gooftaa tajaajiluun nama hin dinqisiisuu? Osoon Kiristaana ta'uu baadhee maal akkan godhu hin beeku. Kiristaana ta'uun baay'ee gaarii dha. Oliif gadi utalee sagalee koo ol fuudhee iyyuu duwwaatu natti dhaga'ama. Kiristaana ta'uun—yaadaa mee—wanti hunduu Kiristoos keessatti hidhame!

Yeroo hundumaa maqaa nama kanaa dogoggoraan akkan waamu nan beeka. Yookaan "S.T.," yookaan "T.S.," yookaan waan akkasii ti. Samner—Obboleessa Sumner. Isaa fi haadha manaa isaa ba'eettii qaalii kana galateeffachuun barbaada. "Baroota Waldaa Torban" kana barreessuudhaan gara ... ji'a jahaa itti fudhate natti fakkaata. Ammas isa barreeffame deebifnee harkaa fudhanneerra, sakatta'anii ilaaluuf qophaa'eere, sana booda gara bifa kitaabaatiin qophaa'uutti ni seena—"Baroota Waldaa Torbanii."

Obboleettii Sumner, bakka jirtu hundatti, sanaaf kaffaltii akka siif kaffallu akka nuuf hayyamtu hin shakkisiisu. Sun hojii guddaa sitti fudhate. Maaliif, waan guddaa dha. Sagalee teeppii irraa barreessuu

dhiisii, dubbisuuf iyyuu gara ji'a ja'aa natti fudhata ture; achiis garagalamee irra deddeebi'amee sakatta'amee sana booda gara kitaaba ta'uutti dhufa. Ni qopheessina, battaluma sanattis akka maxxanfamuuf ni ergina, sababiin isaas waan ummanni yeroo ammaa kanatti qabaachuu qabu waan ta'eef, fudhattanii qo'achuu dandeessu. Biiliin immoo reefuu natti agarsiisaa ture, yeroon daqiiqaa muraasa dura ol seenu, amma gara mana maxxansaatti ergamuuf qophaa'uu isaa natti agarsiisaa ture.

Kanaaf Obboleettii, hojii sanaaf Godoo Qulqullaa'aan keenya siif kaffala. Akkasumaan gatii dadhabbii malee kana goota jedhee hin eegu. Yookaan immoo, yeroo kitaabichi harka keenya ga'utti gatii irratti baasuu qabna yoo ta'e yookaan waan akkasii, yeroo isaan gurguran hundatti, waanuma fedhe haa ta'u, akka ati waa irraa argattutti gatii isaa baafna. Boordii, boordii imaanaa, ykn isaan keessaa namni tokko achi waan jiraniif isaan waliin haasa'i, isaanitu siif kaffala. Gooftaan dhuguma gaarii godhee si haa eebbisu.

6 Obboleessaa fi obboleettiin keenya Kiid isaan umuriin raagan as taa'anii jiru (hamma tokko waggaa dhibba gadi, dhibba guutuuf xiqqootu isaan hafa), yeroo muraasa dura ishee wajjin wal argeen ture, isheen immoo, "Eeyyee, kun tarii yeroon si arguu danda'u isa dhumaa ta'uu hin oolu, Obboleessa koo Biilii" naan jette. Isheenis, "Baay'ee dulloomaan jira" jette.

Anis, "oo, maaloo! Akkas jechuu kee dhaga'uu hin barbaadu" jedheen. Haadha fi abbaa xiqqoo dullooman fakkatu. Obboleessaa fi Obboleettii Kidd ni jaallanna, hundi keenya isaan jaallanna. Haati manaa fi abbaan manaa xiqqoo dullooman akkasii utuu waldaa keessa adeemanii yeroon argu waan tokkotu natti dhaga'ama. Yaadaa mee, isaan osoon hin dhalatin dura wangeela lallabaa turan, ani immoo jaarsa ta'eera. Eeyyee. Mee yaadaa. Osoo ani hin dhalatin lallabaa turan. Animmoo kunoo as ga'eera. Anis, "Baay'ee dulloomaan jira," jedhee yaaduutti ka'eera, akkasumas akkasumaan ... yaaduutti ga'eera, "Akka abdi kutachuu ta'een," Obboleessi fi Obboleettii Kiid yummuu ol seenan yeroon argu immoo, "Ulfinni Waaqayyoo haa ta'u!" nanjedha. Anis, "Lakki, anoo hin dulloomne" nan jedha. Eeyyee obbo.

Isaan arguun, akkamitti akka... Dhuguma isaan isin jajjabeessu. Sana booda akka ... yeroo umrii kootti dhihoo jiran illee, ammas hubadhaa, ammallee dirreetti ba'anii lallabaa turan. Ganama kana gadi bu'anii kitaabota gaafatan—kitaabota fudhatanii gurguruu akka danda'an dubbatan. Teeppiis barbaada turan, ba'anii teeppiiwwan kana taphachiisuudhaan lubbuu mo'achuu akka danda'aniif—isaan gara waggaa dhibbaatti dhi'aatu. Amma, koolli keessan lamaan kaleessa galgala waa'ee isaa dubbachaa turre eessa jira ree? Eeyyee, "Kan koo eessa jira?" jedhee yaaduu nan jalqaba.

Obboleettii Kiid, umriin kee meeqaa? [Umuriin koo waggaa saddeettamii tokko.] Obboleessa Kiid umriin kee meeqaa? [Saddeettamii lama.] Waggaa saddeettamii tokkoo fi saddeettamii lama, amma iyyuu koola isaanii fayyadamuu hojiidha, aan agarsiisaa jiru, ammallee deemsa itti fufanii jiru.

7 Ohaayo keessatti wanti sirrii hin ta'in kan obboleettin Kiid beektu yoo raawwatame, bilbilli manaatti ni bilbilama. Guyyaa tokko daa'imni xiqqoon tokko (daa'ima intalaa xiqqoo, akkas ture jedheen amana) dhalannaan naaf bilbilte, mar'ummaan gara alaatti ba'ee wajjin dhalatte—ujummoo fincaanii daa'ima sanaa alatti ba'e. Doktarri sun immoo maal akka godhu waan hin beekneef, baqaqsanii hodhuu sana raawwachuu sodaate. Nutis ni kadhanne [Obboleettiin Kiid dhimmicha dhaggeeffattootaaf ibsaa jirti.] ... mar'ummaan sana opereshiniidhaan ol deebisan, lubbuun jiraachuu hin dandeessu jennees yaaddofne. Isheenis ni jiraatte. Kana booda, rectum irraan, nyaanni akka keessa darbuuf karaan hin jiru ture. Obboleettiin Kiid ammas ni bilbilte. Ammas kadhannaa gooneef, amma garuu of keessa dabarsuu danda'eera.

Kunoo akka ragaatti isheen as jirti, doktoorris akkasuma. Gooftaan Yesuus uumaa guddaa akka ta'e dhuga baatuudha... Seexanni maal gochuuf akka yaale argitanii? Jireenya daa'ima sanaa karaatti kutuuf ture. Achiis, ilaalaa egaa, giiftittiin gara ... gara Gooftaatti deebite jedheen amana. Obboleettiin Kiid gara Kiristoositti ishee deebifte, erga dinqiin guddaan kun daa'ima isheef ta'ee booda.

8 Kaleessa Kaalifoorniyaa irraa bilbilli naaf bilbilame—obboleessa xiqqaa tajaajilaa achi keessa jiru kan waggoota dura yeroon jalqaba gara Kaalifoorniyaa dhaqe waliin ture tokkotu bilbile. Ilma ilma isaa xiqqaa tokkotu onnee isaa keessatti valve afur ... sadii cufamee dhalate. Dhmma sanas itti nan hime. Anis, "Waaqayyo isa kan biraa kana uumee sirreessuu danda'u, ilma ilma keetiis fayyisuu akka danda'u amanamaadha. Mucaa sanatti ija jabina akka qabaatu qofa itti himi" ittiin jedhe.

Gurbaanis yeroon jalqaba Kaalifoorniyaa dhaqetti walga'ii sanarra ture, amma gara waggaa kudha saddeet—waggaa kudha ja'a ta'eera. Ani Kaalifoorniyaan ture, walga'iin sun gurbaa sana irratti dhiibbaa guddaa geessisuu irraan kan ka'e hanga yeroo daa'ima argatanii dhalatetti, wanti dogoggoraa akka jiru arganii....

Innis gadde waan tureef, oksijiinii paampii itti gochuu fi kkf yaalan. Akkasumas waan lubbuun jiraatu hin fakkaatu ture. Doktooronni immoo sana booda firii qorannoo itti kennan, onnee isaa keessatti valve'n sadii ol cufamee akka jiru argan- tasuma banaa hin qabu, ilaalaa—valve tokko qofaatu dhiiga raabsa.

Innis abbaa isaaf bilbilee, akkas jedhe, "Abbaa, obboleessa Biraanhaamiif battalumatti bilbili. 'Kiristoos qofa gaafadhu' ittiin jedhi. Innis ni raawwataa" jedhe. Kana qofa. Maaloo kaa. Dhiibbaadha—waan isaan arganidha. Argitanii, kaleessa galgala w dubbanneerra: waan sirrii yeroo sirrii ta'etti.

9 Eeyyee, haasa'uu itti fufna taanaan, gonkumaa barumsa keessa hin seenu mitii? Innis akkuma molasses ganama ganama qorraa ti—akkuma furdina isaa ta'uu danda'a, ni beektu, hundi isaa walitti maxxanee wal harkisa. Fellowship akkasii qabaachuu keenyatti baayyee gammadneerra. Eeyyee obbo.

Kanaaf amma, mee amma gabiidhaan gara barnootaatti haa seenu. Ani tarii nan deema... Sun gabatee gurraacha irratti arguu fi dhiisuu keessan hin beeku. Tarii osoon akkasitti yeroo muraasa booda garagalche, maaliif, ni dandeenya ... amma namni tokko.... Maal jedhaa? [Dok. "Iddoo ifi jiru barbaaddaa?"] Lakki, yeroo ammaa kana akkas natti hin fakkaatu, Dok. Tarii yeroo xiqqoo booda nan barbaada. Tole, yeroon ga'utti akkas goona.... Asitti iddoo qabduu? Tole. Mee sirriitti irratti haa ibsinu. Achitti gara duubaa warri jirtan arguu dandeessuu? Yoo arguu dandeessan ... harka keessan ol kaasaa yoo gabatee gurraacha sana arguu dandeessan, achitti yoo isniniif dubbifame. Lakkii? Tole, bakka sana qabadhaa.

10 Amma, osoo isaan sana qopheessaa jiranii.... Ganama kana barfadheen jalqabe ykn ... lakki, lakki, gara daqiiqaa kudha shanii durseen jira. Kanaaf yoos egaa, yeroo keenya amma itti fayyadamna, sababiin isaas ariifachuu hin barbaannu. Amma, yeroo ariifattanitti, wantoota jechuuf maltantu isin duraa bada. Amma, guyyaa tokko akkuman sitti himee ture teepii ergaa tokkoo dhaggeeffachaan ture, baay'een of qaana'es. Waanan jechaa turetti osoo hin taane, akkaataa ani jechaa turetti qaana'e—garmaleen saffisaan dubbachaa ture. Miira kaka'umsaa guddaa keessan ture. Akka eeguu wayiitu natti dhaga'ama....

11 Ani guyyaa tokko iddoo isaan paarkii bineensotaa guddaa asitti, walakkeessa Luwiisviil keessatti ijaaruuf deeman argeera. Akkasumas Obbo Braawuun (akka ture jedheen amana) achitti paarkii sanaaf doolaara 1,000,000 arjooman. Tole, osoon horii hamma sana qabaadhee bineensa sana akka hiikaniifan gumaachan ture. Ani waan akkasii, dallaa itti ijaaru kanatti hin amanu. Ani qofa.... Gara paarkii deemee bineensota durii miskiina ta'an nan kana nan ilaala—hamaaketa, leencaa fi wantoota asiif achi deeman, umurii guutuu achitti hidhamanii taa'u, ilaalaa. Miira hamaatu isinitti dhaga'ama. Hundaafuu, isaan sammuu nama isaan caalaa qaroo ta'een booji'amaniiru, ilaalaa. Isaanis booji'anii hidhaa garbummaatti isaan galchu.

Ani immoo waa'ee ... seexannis akkas godha jedheen yaada. Namoota gatii guddaa qaban kanneen iddoowan gurguddoo Waaqayyoo, dirree fi wantoota akkasii keessa naanna'uu qaban fudhatee, achiis mana hidhaa dinoomineeshiinii tokko tokkootti, yookaan 'creed' tokko tokkootti, yookaan waan akkasii keessa isa kaa'ee achitti isaan hidha. Kun waan baay'ee suukaneessaa dha.

Akkasumas an paarkii hin jaalladhu. Garuu akka waan bineensota sana keessaa tokkoo taataniitti natti dhaga'ama, yeroo hundi keessan da'oo keessa galfatanii achii hiikamuuf yaaltan, ni beektu, waan tokko hojjechuuf achii ba'uuf yummuu yaaltan.

12 Amma, Dubbichatti dhi'aachuu keenya dura, mataa keenya mataa keenya gadi qabannee, kadhannaadhaan abbaa Sagalichaatti haa dhi'aannu.

Yaa ayyaana qabeessa Abbaa keenyaa isa waaqarra jiraattuu, ganama kana deebinee maqaa Gooftaa Yesuus Ilma Kee isa qaaliitiin walitti qabannee jirra. Waaqayyo foon uffatee aarsaa cubbuu keenyaaf gara lafaatti dhufee du'e—inni qajeelaadha- nutis akkasuma, qajeelummaa isaatiin, warra qajeelota hin ta'in taanee utuma jirruu Isaan warra mudaa hin qabne taane.

Nuti warra kun hin malleef akka taane himachaa dhufna Gooftaa. Wanti gaariin qabna jenu hin jiru. Hundi keenyas mana hidhaa guddaa tokko keessa jirra. Golee kamiinuu yoo dhaabanne iyyuu hundi keenya ammallee mana hidhaa keessa jirra. Tokko isa kaan gargaaruu hin dandeenye. Waaqayyo garuu araara Isaa isa daangaa hin qabneen gadi bu'ee balbala mana hidhaa sana banuun bilisa nu baase. Amma kana booda mana hidhaa keessa hin jirru. Nuti paarkii biyya lafaa keessa hin jirru. Amma garuu bilisoomneerra. Baanee ala jirra.

13 Oo, attam Isa jaallanna, attam Isa mararafanna! Akkamitti dirree gurguddaa abdi Isaa keessa deemnee, ija keenyaan fuula keenya duratti utuu mul'atuu arguu dandeenya; Waaqayyo guddaan bara baraa nu duratti of diriirsee, akkuma raajota durii duratti godhe dhugaatti of mul'isuu Isaa ilaalaa; kana beekuudhaan gaaf tokko jireenyi inni kun erga xumuramee booda deebinee akka jiraannu, du'aa ka'uudhaanis gara jireenya bara baraa isa yoomiyyuu hin badneetti akka dabarru mirkaneeffanneerra.

Dhagni keenya hin dulloomu, yoomiyyuu hin duunu. Akkasumas yoomiyyuu hin beelofnu, yoomiyyuu waan nu barbaachisu hin dhabnu. Garuu Isa waliin ni deddeebina. Utuu Inni, "Gammachuu Gooftaa isa uumamuu biyya lafaatii kaasee isiniif qophaa'etti ol seenaa" jedhuu dhaga'uu barbaanna.

Duuba cubbuun osoo hin seenin dura, akkamitti qophii akka godhe, akkuma Addaamiifi Hewaaniif

godheeti, isaan gonkumaa hin dhukkubsatan, ykn gonkumaa hin rakkatan turan. Ammas dhagna sana nuuf qopheesseera, akka gara kana dhufnus dursee beeka. Cubbuun uggura guddaa nurraan ga'e. Ammas cubbuun dhiiga Yesusiin nurraa fuudhameera. Amma abdii Waaqayyoo isa bara baraatiin biyya abdachiifamne sanatti galuuf kaadhimmameerra.

14 Yaa Abbaa, amma yeroo Dubbii Kee qorannutti nu eebbisi. Achitti argamuuf namoota akkamii ta'uu akka qabnu beekuu barbaanna. Barsiisaa Gooftaa guddaa, Hafuura Qulqulluu isa gadi bu'ee Sagalee Isaatiin of nuuf mul'isu akka nu waliin jiraatuuf har'a mana barumsaa kana keessatti nu gargaari. Maqaa Isaatiin, ulfina isaatiinis Si kadhanna. Ameen.

15 Amma, jalqaba na waliin gara IIPheexiroos, boqonnaa 1ffaatti akka deebitan nan barbaada, kutaa macaafa kanaas hamma tokko irraa dubbisuun barbaada: II Pheexiroos, boqonnaa 1ffaa. Amma immoo sun warra qalamaa fi waraqaa of harkaa qabdaniif, ganama kanas yeroo tokko tokko yummuun mataa koo achi irraa garagalchu sagaleen teeppii akka dimimmisaa'u natti himameera jedheen amana. Dhuguma itti yaadee akkas gochuu koo miti. Akkasumas yeroo tokko tokko, osoo 'web mike' argannee koornisii kana irratti fannisuuf itti yaadnee jedheen tilmaama.... Yeroo sanatti eessayyuu yoo taatan, sirrii ta'a ... iddoo hundumaatti mudaa kan hin qabne ta'a—maayikii koornisii irratti fannifamu nu barbaachisa.

16 Amma immoo akka ... osoon haasa'uu.... Yoo ati immoo, tajaajila booda, ykn yoo barbaachisaa ta'e, lafee kana asitti sketch gochuu dandeessa. Sana booda anillee asitti barreesseen qaba. Mismaara tokko fudhadheen as fuuldura kanatti ittiin maxxansa, yoo yeroo biraatiif barbaaddan (har'a waaree booda xiqqoo dursaatii kottaa), akka sirriitti hubannuuf.

17 Amma, gara banamuu mallattowwan torbanitti dhi'aachaa jirra. Baroota waldaa torban dhi'eenya kana xumurree jirra. Kun immoo barsiisa ergichaa irratti nama dhiiga Gooftaa Yesusiin furamuuf deemu sana keessatti kan hidhudha, innis barootuma waldaa sana keessatti ta'uuf jira—bara waldaa bara baraa isa dhuma mallatoowwanii irratti.

Amma, malakata torba, dha'icha torba, waciitii torbaa fi kkf akka qabnu beekna, kanas akkuma duratti deemnuun itti seenna. Garuu namoonni akka taa'uu danda'aniif iddoo dabalataa eegaa jirra.

Kun immoo bakkan eege qofatti ni hidhama jedheen yaade.... Lafee kana suuraa kaasuuf hin eegne, garuu guyyaa tokko hiriyyoota koo qaalii tokko tokko waliinan ture—Cox nama Kentucky. Anis gadi bu'e, tarii osoo yeroon hin darbin guyyaa tokko dabalataan adamoo squirrel nan deema jedheen yaade. Anis hiriyyaa koo Chaarlil fi Roodnii obboleessa isaa wajjin ol gubbaa bosona keessa ture. Akkasumas hilleettii sana hin argine. Hundaa isaanii waanan naasise natti fakkaata, yeroon achi ol bosona keessatti iyyetti.

Kun waan natti dhufedha, ijoollee dhiiraa, obboleettii Neeliifi Maarjii, Dilbata yeroon bira ga'uttin isinitti hima, yeroo sana isinitti nan hima. Ergaa ani irratti dubbachuuf ture ilaalchisee wanti natti dhufe kana. Kan hafes akkasitti sirriitti itti hidhame! Akkasumas, oo, sana nan jaalladha. Hafuura dhugaa, ol bosona keessatti na iyyisiisu qaban ture.

18 Eegaa amma, mee I Pheexiroos, diifama, II Pheexiroos, boqonnaa 1ffaa, hamma tokko haa dubbifnu.

“Ani Simoon Phexros, Yesus Kristosiif hojjetaa, ergamaas ta'ee, warra karaa qajeelina Waaqayyo keenyaaf fayyisaa keenyaa Yesus Kristos amantii gati-jabeessa isuma nuyi arganne sana argataniif caafuu koo ti.”

Akkaataan sun itti ibsame natti tola, sababiin isaas mata dureen koo ganama kana guutuun amantii irratti kan fuuleffate waan ta'eef, ilaalaa. Mee sana irra deebi'ee nan dubbisa; itti dhi'eenyaan dhaggeeffadhaa.

“Ani Simoon Phexros, Yesus Kristosiif hojjetaa, ergamaas ta'ee, warra karaa qajeelina Waaqayyo keenyaaf fayyisaa keenyaa Yesus Kristos amantii gati-jabeessa isuma nuyi arganne sana argataniif caafuu koo ti.”

Hubadhaa, Inni “Warra amantii gati-jabeessa isuma nuyi arganne sana argataniif dhi'eessuu koo ti.” jechaa jira. Kanan barbaadu ... biyya lafaa warra alaaf miti; kun waldaa, warra Kiristoos keessa jiraniif malee.

“Waaqayyoon, gooftaa keenya Yesusinis beekuu bira ga'uu keessaniin ayyaannii fi nagaan isiniif haa baay'atu.

Nuyi, Waaqayyo isa ulfina isaa fi humna isaa isa dinqisiisaadhaan nu waame beekuu bira ga'uudhaan wanta nu barbaachisu hundumaa arganneerra. Gooftaan humna waaqayyummaa isaatiin gara jireenyaatti nu geessuuf, namoota Waaqayyoo nu godhachuudhaaf kana hundumaa nuuf kenneera.

Kennaa kanaan isin badiisa, isa sababii kajeellaa fooniitiif biyya lafaa kana keessa jiru jalaa baatanii, dhagna hafuuraa isa kan Waaqayyootii hirmaattuu akka taataniif abdiin gati-jabeeyyiinii fi gurguddoonni nuuf kennamaniiru.”

19 Amma, amma mee sirrii keessa haa seenu. Ganama kana nan lallaba miti; barumsan barsiisa malee. Uumama Waaqummaa. Mee ammas lakkoofsa 4ffaa sana irra deebi'een dubbisa, akka isin hin darbine:

“Kennaa kanaan isin badiisa, isa sababii kajeellaa fooniitiif biyya lafaa kana keessa jiru jalaa baatanii, dhagna hafuuraa isa kan Waaqayyootii hirmaattuu akka taataniif abdiin gati-jabeeyyiinii fi gurguddoonni nuuf kennamaniiru.”

Argitanii, biyya lafaa—amma sana jalaa miliqneerra. Kanas inni waldaadhaaf ibsaa jira. Kanaafidha ganama kana kan as jirruuf, karichi maal akka ta'e baruuf asitti argamne. Ulaagaawwan Waaqayyoo maali? As keessa namni Waaqayyoon hin jaallanne hin jiru, caalaatti Kiristoosiin fakkaachuu barbaaduuf yoo ta'e malee—amma, kunoo fuula keessan dura diriiree jira—Kiristaana hundumaaf.

Ani loltuu soorama ba'edha. Obboleessaa fi Obboleettii keenya Kiid asitti ilaalaa; isaan gamoo kana keessa namoota jiran keessaa hundarra dulloomoo ta'uu hin oolan. Garuu, “Hawwiin garaa keessanii maali?” Waa'ee Kiristoos yeroo bartan waa'een Isaa wanti baay'ee jaalala qabeessa ta'e jira, sirriitti Isa keessa seenuuf yaaltu.

20 Ibsama kanaaf dhiifama: Yeroo dheeraa dura haadha manaa koon waa gaafadhe (nu lamaanuu dulloomneerra) ... anis akkasii jedheen, “Akkuma durii na jaallattaa?”

Isheenis, “Dhuguma sin jaalladha” jette.

Anis, “Beektaa, hangan ofitti qabee si liqimsuudhaan idhuguma tokko ta'uu dandeenyutti baay'een si jallaadha”n jedheen.

Amma sana miliyoona dhibbaan baay'isaa, sana booda akkamitti amanaan tokko, namni jaalala Kiristoosiin qabame tokko, Isa keessa seenuu akka barbaadu ni argattu, sababiin isaas jaalala waan ta'eef. Kunoo immoo akkamitti karaa abdiwwan kanaatiin uumama waaqummaa isa kan Kiristoos irraa hirmaattota ta'uu akka dandeenyu nutti agarsiisuuf jira—dhagna inni du'u kun, akkamitti hirmaattoota ta'uu akka dandeenyu.

21 Asitti tarii waa tokko nan dubbadha. Sababni ani itti amanu.... Amma namni ta'e tokko dhi'eenyuma kana waan hundaan dogoggortetta naan jedhe. Xalayaan Gurmuu Ministirootaa irraa kan naaf ergame yoo ta'u, inniis lubbuudhaan akka walitti hidhamne akkan amanu ibsa; akkasumas hiriyyoota keenya yoo lubbuudhaan walitti hin hidhamne ta'e dhiisnee, kan biraa kan lubbuudhaan wal fuunu fuuchuu qabna jedhee amana naan jedhan. Oo, maaloo!

Anis, “Ani irraa kaachuu akkasiitiin hin yakkamu” jedheen deebiseef. Ani yeroo hundumaa sanaan mormaan ture. Ani sanatti hin amanu. Dhugaadha sanatti hin amanu. Waaqayyoo hiriyyaa gaa'elaa akka nuuf kennu nan amana. Dhugaadha. Sana booda dhagna walii taana. Sirriidha. Dhiirri tokkos osoo hin fuudhin dura wantoota kana itti yaadee, qo'achuu qaba.

22 Dargaggeessi tokko gaaf tokko, “Obboleessa Biraanhaam, intala akkasii fi akkasii fuuchuun narra jiraa jettee yaaddaa?” jedhee na gaafate.

Anis, “Hangam waa'ee ishee yaadda?” jedheen gaafadhe.

Innis, “Oo, maaloo! Ishee qofan jaalladha” naan jedhe.

Anis, “Ba'eessa, yoo ishee malee jiraachuuf hin dandeesu ta'e, ishee fuuchuun siif wayya. Garuu ishee malee jiraachuu yoo dandeesse, utuu fuuchuu dhiiftee siif wayya. Garuu yoo jaalalli ishee si ajjeesuuf deema ta'e, itti deemtee fuuchuu siif wayya” jedheen gorse.

Kanaaf wanti ani isa biraan ga'uuf yaalaa ture kana: yoo baay'ee ishee jaallatte.... Amma, amma osoo wal hin fuudhin dura, wanti hundi gaarii fi miidhagaa fakkaata. Garuu erga wal fuutanii booda, dadhabii fi qormaanni jireenyaa dhufa. Yeroo isini jaalalaan qabamtanii wal hubachuu qabdan yeroo sanadha. Yeroo ati ishee mufattu, ykn yeroo isheen sitti mufattu ammallee wal hubachuu qabdu.

23 Kiristoos wajjinis akkasuma ta'a. Argitanii, yeroo waan tokko Isa kadhanee Inni nuuf kennuu dhiisutti illee, sun xiqqoo utuu nu hin raasin guddifnee Isa jaallachuu qabna. Argitanii, maaliif? Karaan isin sana gochuu dandeesanis uumama waaqummaa Isaa irraa hirmaattoota ta'uu qofaadhaani; sana booda sababii Inni isiniif kennuu hin dandeenyeef ni hubattu. Hirmaattota uumama waaqummaa Isaa ti.

Ergasii as ilaalaa: “...badiisa, isa sababii kajeellaa fooniitiif biyya lafaa kana keessa jiru jalaa baatanii...”—isa jalaa miliqxaniittu. Eenyuun akka jedhame hubattanii? Waldaadhaan jedhame. Warri Kiristoos keessa jiran wantoota kana gararraatti ol kaafamaniiru. Isatu ol of kaase miti; Kiristoostu ol isa kaase malee.

24 Obboloota koo bifa gurraachaa kanneen ganama kana asitti argamaniif.... Kana jechuun koo karaa kamiinuu isin miidhuuf miti, garuu dhi'oo kana walga'ii tokko keessan ture (Godoo Qulqullaa'aa keessatti

dubbadhee beekuu fi dhiisuu koo hin beeku; iddoo baay'eetti dubbadheera.), obboleettiin gurraattiin tokko, "Dhugaa ba'uu nan danda'aa, ykn ragaa ba'uu nan danda'aa?" jette.

"Sirriitti malee obboleettii. Kallattiidhumaan itti fufi."

Isheenis, "Dhuga ba'umsa kana ulfina Waaqayyoo jedhee dhi'eessuun barbaada" jette. Isheenis, "Beektu, ani waan ta'uu narraa eegamu hin taane" jette. Isheenis, "Ani waanan ta'uu barbaadu hin taane. Garuu," jette, "wanti mirkanaa'aa tokko jira: Ani akkan isan duraan turee miti."

25 Ilaalaa, isheen iddoo ta'e tokko irraa dhuftee turte. Isheen ol guddattee turte. Akkasitti du'a irraa gara jireenyaatti akka dabarre beekna. Gara boolla bakka irraa qotamneetti duuba deebi'aa jirra. Argitanii, nuti waan ta'uu barbaannu hin taane. Nuti waan ta'uu qabnullee hin ta'in jirra. Garuu wanti nuti galateeffannu tokko jira—nuyi akka duraan turee miti. Sirriidha. Karaa irra jirra, badiisa biyya lafaa jalaa baaneerra—sana jalaa miliqneerra—badiisa kajeellaa foonii biyya lafaa jalaa baaneerra. Isin sanaa ol jirtu.

26 Amma, nama Inni itti dubbachaa jiru sun, nama wantoota kana jalaa miliqedha, ilaalaa—badiisa biyya lafaa jalaa.

Ammas dhama'uu hundumaan dhama'aa! Amantii qabdan gaarummaadhaan agarsiisaa, gaaruummaa keessaan beekumsa argisiisaa! (Amantii keessan irratti humna fayyisuu dabaladhaa, humna fayyisuu keessan irratti immoo beekumsa dabaladhaa KJV.)

Itti dabaltanii immoo beekumsa keessaan of qabuu, of qabuu keessaan obsaan danda'uu, obsaan danda'uu keessaan nama Waaqayyoo ta'uu keessan argisiisaa!

Nama Waaqayyoo ta'uu keessaan obboloota jaallachuu, obboloota jaallachuu keessaan nama hundumaa jaallachuu argisiisaa!

27 Amma, Inni asitti maal akka goonu yaada nuuf kenneera; akkamitti akka isa raawwachuu akka beeknu. Amma akkuman jedhe hundi keenya gara Waaqayyoo dhi'aachuuf yaalaa jirra. Kanaafidha ergaa kana ganama kanatti waldaadhaaf kanan filadheef, namoonni.... Kaleessa galgala, "Magaalaan ala irraa kan dhufatnii as jirtan nama meeqa?" jedheen ture. Namoota gara dhibbeentaa sagaltamii saddeetiitu magaalaa ala irraa dhufan. "Maayilii dhibba irraa kan dhufe nama meeqa?" Maaliif, akkan tilmaamutti, dhibbeentaa saddeettama irra ni darba. "Maayilii dhibba shanii ol irraa kan dhufe nama meeqatu as jira?" Namoonni gara harka sadii keessaa tokko ta'an maayilii dhibba ... dhibba shanii ol fagaatu irraa dhufanii as jiru. Mee itti yaadaa, waa'ee namoota hanga kana imalanii dhufanii itti yaadaa.

Ba'eessa, namoonni kun akkasumaan of agarsiisuuf gara waldaa dhufan miti. Akka alaan biyyi lafaa ilaalutti, naannoo iddoo kanaa bareedinni tokkollee hin jiru. Hundi isaanii namoota idilee, hiyyeeyyii, uffata idilees kan uffatanidha. Faarfannaan guddaan kuwaarii faarfannaa ergamootaa fakkeessan tokko tokko, orgaanota taphataman fi foddaawwan daawwitii miidhagaa tokko tokkon faayaman hin qabnu. Teessoo irra taa'amu argachuuf illee ulfaataa waan ta'eef keenyan waldaa marsanii dhaabbachuun hagam ulfaataadha.

Isaan waan akkasiitiif hin dhufan. Garuu keessa isaaniitto wanta bareedaa iji uumamaa hin argin waan arganiif dhufan. Bareedina Kiristoos kan argu ija hafuuraati. Isaan kanaaf dhufan.

28 Kanaaf, guyyoonni tajaajila osoo hin ga'in dura, yeroo hunda nan kadhada, gara bosonaatti nan deema, kiisha koo keessa kaa'edheen.... Haadha manaatiin, "Har'a ganama hilleettii adamsuuf nan deema." Akkasumas qalamaa fi waraqaa kiishatti qabadheen ba'a. Akkuma lafti ifeen iddoo tokko muka jala taa'ee, harka koo ol kaaseen, "Gooftaa, har'a maal gochuu danda'a? Ijoollee keetiif maal naaf kennita?"n jedha.

Sana booda yeroon waan wanta boba'u fakkaatu tokko rukutu.... Waan akkanaatu dhufa: yeroo inni as dhi'aataa deemu, waan tokko dhaga'uun jalqaba, waan fageenya irraa dhaga'amu wayiitu tartiiba kanaan gara koo dhufa:

Lama.....yeroo.....lama.....qixa ta'a.....afur;

(asuma dhi'aataa deema.)

Lama.....yeroo.....lama.....qixa ta'a.....afur;

Lama...yeroo...lama...qixa ta'a...afur;

Lama si'a lama ni ta'a afur.

Itti fufee, itti fufee, itti fufee, akkas jedhe. Mul'achuu Isaatu ol seenaa jira.

29 Harka kennadhaa, yeroo boodas ofii keessan irraa adda baaatu. Mul'anni: "Iddoo akkanaa fi akkasii dhaqi" jedhu in dhufa. Ilaalaa, sammuu keessa naannessuu irraa jalqaba—yaada keessan Waaqayyoo

irratti hidhuu, biyya lafaa keessaa ba'uu, biyya lafaa irraa fagaachuu, gara lafa onaatti of baasuu irraa jalqaba. Innis dhufuu jalqaba: "Tokko.... Tokko...." nan jedha.... Lakkoofsi kamiyyuu ykn waanuma fedhe ta'uu mala, qofa wanti tokk suuta suutaan, tirataa dhufuu jalqaba.

Sana booda saffisaan, saffisaan dhufa. Ati achuma teessee harka kee ol kaafta. Jecha tokkollee hin dubbatin. Harka kee qofa qilleensa keessatti ol qabadhu. Jalqaba wanti beektu yoo jiraata, uumamni kee guutuun ol fudhatamuu isaa ti. Sana booda wantoota Inni akka ati beektu barbaadu, wantoota dhufuuf jiran utuu sitti agarsiisuu argita.

Yeroo tokko tokko iddoo tokkotti ol ba'a, hanga iddoo murtaa'e tokkotti deema, achiis ni dhaabata. Mul'ata keessa hin seenu. Sana booda macaafni qulqulluu wal faana dhangala'u qofa. Akkan hin daganneef qalama koo qabadhee, nan barreessa, nan barreessa. Anis gara manaatti deebi'ee ilaalee, nan qo'adha. Yeroo tokko tokko immoo hiika iyyuu hin qabu, yeroon ilaalu.

Ergasii yeroo muraasa booda kunoo natti mul'ata. Rukutee deebi'ee achi fagaatee deema! Sana booda kitaaba xiqqoo akkanaa argadha, hamman danda'uttis, waan Inni natti himu, sketch ariifadhee gochuun jalqaba. Anis, "Gooftaa, gara Godoo Qulqullaa'aatti gad bu'ee, 'Kottaa gadi bu'aa, waan tokko isaaniif argadheera' isaaniin jechuun yaade." Tole, akkasitti dhufa. Sirriidhumatti. Hanga jalqaba Inni naaf kennutti, ani kennuu hin danda'u.

Kanaafuu sketches xixiqqoo kana irratti, utuun gadi ilaalu na argitu.... Kunis jalqaba yeroon jalqabeeti. Kutaa kana hanga guyyaa tokkoo ykn lama dura gaafan gara bosonaatti ol ba'etti hin argannen ture.

30 Amma, namoonni kun.... Pheexiroos asitti akkamitti akka nuti uumama waaqummaa isaa irraa hirmaattota ta'uu qabnu dubbachaa jira. Amma, tokkoon tokkoon keenya gara dhaabbii dhanga Waaqayyooti guddachuuf yaalaa jirra.

Amma, erga mallattowwan torban keessa darbinee booda.... Sana booda yeroo sanatti mallattowwan torban sun, ykn hookamuu.... Dhugaadha mallattoon tokko maal akka ta'e ni beekna. Tajaajila tokko hiikuu jechuudha, mallattoo torba hiikuudha. Sanas sirriitti chaartii irratti ni argina. Ergaa hiikuudha—waan mallattoodhaan cufame tokko.

31 Dilbata darbe halkan mata duree "Bantuu" jedhu irrattin lallabe, bantuun immoo amanti dha. Amantiin bantuu of harkaa qaba, bantuun sunis immoo Caaffata Qulqullaa'oodha, Kiristoos immoo balbalicha, ilaalaa. Egaa amantiin bantuu xixiqqoo Caaffata Qulqullaa'oo fudhatee ulfinaa fi gaarummaa Waaqayyoo saba Isaaf bana, ilaalaa. Kanaafuu amantiin furtuu Kiristoosiin namootaaf hiiku harkaa qaba—ni hiika, ni mul'isa. Egaa har'as furtuudhuma sana fudhachuudhaan karaa Kiristaana gaarummaa qabu kan dhagna Waaqayyoo ta'uu nu dandeessisu banuuf yaalla; godd jiraataa isa Waaqayyoo jiraataan keessa jiraatus ta'aa.

Waaqayyoo karaa sadiin akka of mul'isu yaadadhaa. Yeroo jalqabaaf utubaa ibiddaa keessatti of mul'ise. Sunis abbummaa agarsiisa ture. Sana booda Waaqayyoo Yesus Kiristoosiin mul'ate sun ... kunis dhagna ijaare—dhagna kana uume. Sadaffaa, du'a dhagna sanaatiin waldaa Ofii keessa jiraachuu danda'u qulqulleesse. Innis Waaqayyoo nu gararraal ture; Waaqayyoo nu wajjin jiru; Waaqayyoo nu keessa jirudha—Waaqayyoo tokkicha. Kanaafidha Abbaa, Ilma, Hafuura Qulqulluu jedhamee kan waamameef. Waaqolii sadii miti; waajjiroota sadan Waaqayyoo tokkoo ti.

Osoo Mana Maree Niiqeyaatti irratti akkasitti yaadaniiru ta'ee silaa hunda keenya iyyuu bitaa nutti hin galu ture mitiiree? Sirriidha. Waaqolii sadii miti.

32 Namoonni akkamitti Yesus Abbaa wajjin akka dubbate hubachuu hin dandeenye, Inni fi Abbaan tokko. Tole, achi waan hundumaatu jira. Sirriidha. Ifatti baaseera, mirkanaa'aa dha. Argitanii, waaqa sadii miti—waajjira sadii malee. Sun maali ree? Waaqayyoo uumama isaatiif gad of deebisuu dha.

Waaqayyoo waaqeffamuu barbaada. Jechi "waaqayyoo" jedhu "mi'a waaqeffannaa" jechuudha. Akkasumas Waaqayyoo saba Isaa irraa waan isaan uumeef argachuu barbaaduu isaati. Inni ilmaa fi intala Waaqayyoo malee waan biraa akka taataniif isin hin uumne. Yoo sana dhabdan, ilmaa fi intala Waaqayyoo ta'uu, mallattoo sana dha'uu dhabdaniittu. Jechi s-i-n jedhu qiyyaafannoo rukutuu dhabuu jechuudha. Mallattoo qiyyaafannoo dha'uu dhabuudha.

Sana booda, yoo ani target tokkotti dhukaasaa jiraadhe, qiyyaafannoo yaardii shantama irratti rukutaa jiraadhe, fi dhukaase—qawwee koo gadi fuudhee yoon dhukaase—inchii afur ykn shan yoo na jalaa darbe, maaltu ta'e? Qawween koo sirreeffamuu barbaada. Wanta dogoggoraa wayiitu jira. Akkasumas Waaqayyotti amanuun yoo na jalaa hafe, Kiristaana ta'uu yoo na jalaa hafe.... Waaqayyoo kiristaana akka taataniif as isin kaa'e. Yoo gama tokkotti irraa kaatte immoo deebi'ii sirreeffadhu. Wanti si sirreessuu danda'us tokko qofa-innis Caaffata Qulqullaa'aadha. Hafuurri Qulqulluun Caaffata Qulqullaa'aa keessa jiru si sirreessa, kallattiidhaan gara targetiitti si fida ammas. Sirriidha.

33 Amma, Dubbii Isaa qo'achuuf deemna.

Isxifaanos Hojii Ergamootaa 7 keessatti, akkasumas.... Mee sana haa dubbifnu. Waa'ee ... yoo dubbannu amma waa'ee godoo qulqullaa'aa Waaqayyoo dubbanna. Amma Isxifaanos akkas jedhe—godoo qulqullaa'aa jiraataa isa kan Waaqayyoo jiraataa ta'uuf waan jiruuf—Isxifaanos Hojii Ergamootaa boqonnaa 7ffaa keessatti dubbateera, anis Hojii Ergamootaa 7tti nan amana, naannoo lakkoofsa 44ffaa irraa eegalee:

“Abboonni keenya lafa duwwaa sana keessatti 'Godoo dhaabaa' of biraa qabu turan; godoon sunis akka isa Waaqayyoo Museetti argisiisee, 'Akkasitti qopheessi' ittiin jedhetti, kan hojjetame ture.

Abboonni keenya warri isaan booddees godicha fudhatanii, Iyaasuudhaa wajjin biyya saba warra Waaqayyoo isaan duraa oofee baaseetti galan; godichis hamma bara Daawititti isaan gidduu ture.

Daawit yommuu Waaqayyoo duratti ayyaana argatee, Waaqayyoo isa kan Yaaqoobiif mana ijaaruudhaaf gaafate.

Waaqayyoof mana kan ijaare garuu Solomoon ture.

“Waaqayyoo inni hundumaa gararraa jiru immoo, manneen harka namootaatiin hojjetaman keessa hin jiraatu. Raajichi akkuma jedhu iyyuu,

'Bantiin waaqaa teessoo koo ti, laftis ejjeta miilla kootii ti. Mana attamii anaaf ijaartu ree? Yookiis iddoon boqonnaa kootii isa kam?' jedhe.”

34 Amma, ... keessatti, godoon iddoo itti boqonnu, iddoo itti aara galfannuu fi kkf akka ta'e beekamaadha, iddoo itti rafanee boqonnuu fi kkf dha. Amma, Ibroota 10 lakkoofsa 5ffaa irratti, Phaawuloos akkas jedha.

“Kanaaf Kristos gara biyya lafaa yommuu dhufe, “Ati aarsaa, kennaas hin jaallanne, garuu dhagna abboomamuu anaaf qopheessiteetta.”

Amma godoon maali? Dhagna abboomamudha—Waaqayyoo dhagna namaa keessa boqota.

Waaqayyoo yeroo tokko, ol gubbaatti, gaara irratti yeroo bu'e, bushaayeen ykn saani gaara sana tuqnaan, du'uun in ta'aaf ture. Waaqayyoo qulqulluudha. Kaleessa galgala yeroo ... ergamoonni sun fuula isaanii haguuganii, suraafimoonni qulqulluun fuula qulqulluu qaban (isaan cubbuun maal akka ta'e illee hin beekan), fuula Waaqayyoo durattis fuula isaanii haguuggachuu qabu; isaan gad of deebisuudhaan miilla isaanii haguuggatu.

Amma, Waaqayyoo qulqulluun cubbuu fudhachuu hin dandeenye. Kanaaf homtuu gaara Waaqayyoo irra jiru tuquu hin dandeenye. Ergasii Waaqayyoo foon ta'ee bifa Yesuus Kiristoos, Ilma isaa, uumama isaatiin nu gidduu jiraate. Sana booda Ilmi sun lubbuu Isaa kenne, seelii dhiiga Waaqayyoos ni cabe, jireenyi dhiigicha keessaa akka nuuf ba'uuf.

Dhiiga sanaan qulqulleeffamne, amma immoo dhiigni keenya, jireenyi keenya (innis ... fedhii saalqunnamtii keessaan jireenyi dhufe.... jireenya keenya biyya lafaa irratti fide), dhiigni Yesuus Kiristoos nu qulqulleessa, Hafuura Qulqulluu nuuf erguudhaan uumama keenya in jijjiira. Sana booda gara uumama waaqummaa Waaqayyootti ceena. Sana booda Waaqayyoof iddoo jireenyaa taana.

35 Yesuus, “Gaafas ani abbaa koo keessa, isin immoo ana keessa, anis isini keessa akkan jiru beekuuf jirtu” jedhe—Waaqayyoo sun akkamitti waldaa isaa keessa akka jiraatu beekaa.

Waldaan amma bakka Kiristoos buutee, hojii Isaa itti fufuu qabdi turte. “Namni anatti amanu, waan ani hojjedhu hundumaas in hojjeta. Yeroo gabaabduu booddee biyyi lafaa deebi'ee ana hin argu, isin garuu ani waanan jiraadhuuf, isinis immoo jiraachuuf waan jirtaniif na argitu.” Kunoo as jira, hojii isaa itti fufee jira.

36 Amma Waaqayyoo.... Macaafni Qulqulluun asitti akkas jedheera.... Isxifaanos waa'ee Solomoon mana qulqullummaa ijaaruu isaa dubbateera, Inni hundumaa gararraa juraatu immoo mana qulqullummaa harka namaan ijaaramu keessa hin jiraatu. Sababni isaas “Bantiin waaqaa teessoo koo ti, laftis ejjeta miilla kootii. Iddoon boqonnaa kootii isa kami?... garuu dhagna abboomamuu anaaf qopheessiteetta. [Ameen! isin achi jirtu.] Dhagna anaaf qopheessiteetta.”

Waaqayyoo dhagna namaa keessa jiraata, uumama sana keessaan of calaqqisiisa—waaqeffannaa mudaa hin qabne. Waaqayyoo nu godoo Isaa warra taane keessa jiraachaa jira, Waaqayyoo of calaqqisiisaa jira. Oo, akkamitti akkasitti turuu dandeenya laata, ho'a irraa kan ka'e hanga ukkaamfamuutti geessaniittu'o.

37 Waaqayyoo yeroo hundumaa, yeroo mara, nama keessaan of calaqqisiisuu isaa hubadhaa. Inni Musee keessa ture Waaqayyoo dha. Musee ilaalaa mee, geggeessaa ta'ee dhalate, Kiristoos. Yeroo inni

dhalatetti, ari'atamni ijoollee waan tureef isa argachuuf yaalaa turan; akkuma Kiristoos ta'e. Yeroo sanatti dhalate. Kiristoosis akkasuma ture. Inni nama seera kennu ture. Kiristoosis akkasuma ture. Museen guyyaa afurtamaaf ol ba'ee abboommii fudhatee gadi bu'e. Kiristoos guyyaa afurtama lafa onaa keessa deddeebi'ee, deebi'ee dhufee, "Isin bara duriitti, 'Hin ejjin' akka jedhame dhageessaniittu. Ani garuu isiniin jedha, namni dubartii ija hawwaatiin ilaalu, duraanuu ishee wajjin ejjeera." Wantoota adda addaa kana hunda kan ... Waaqayyo Ofii Isaa calaqqisiisa.

38 Yooseef isa tuuta obbolloota isaa gidduutti mucaa hafuuraa ta'ee dhalate ilaalaa. Hundi isaanii namoota gaarii, hundi isaanii abboota qomoo turan. Yooseef garuu yeroo dhalatutti nama addaa ture. Inni mul'ata arguu, abjuu hiikuu danda'a ture. Sababa kanaanis obbolloota isaa biratti jibbamaa ta'e. Sababa hojii Waaqayyo lafa irratti akka hojjetuuf isa kaa'e sanaaf obbolloonni isaa isa jibban, ilaalaa. Hundi isaas gara fannootti kan akeeku ture.

Kunoo, obbolloota isaatiin gara meetii soddomatti gurgurame; obbolloota isaatiin akka du'uuf boollatti darbatame; boolla sana keessaa ol kaafamee, dhaqee gara mirga Fara'oon taa'e. Namni tokko illee gara Fara'oon (bara sanatti addunyaa kana kan to'ate) dhufuu hin dandeenye, namni tokko illee karaa Yoseef yoo ta'e malee gara Fara'oon dhufuu hin danda'u ture. Namni kamiyyuu gara Waaqayyoo dhufuu hin danda'u, karaa Kiristoos qofa yoo ta'e malee.

Yoseef masaraa mootummaa keessaa yommuu gadi ba'u, osoo inni hin ba'in dura malakanni ni dhageessifama, eegdonni isa dura deemanii, "Jilbaan jilbeenfadhaa. Yoseef dhufaa jiraa" sagalee dhageessisu. Bakka kamuu yoo jiraattan, ykn wanta kamuu yoo hojjechaa jiraattan, hojiin keessan hammam barbaachisaa yoo ta'e illee, hamma Yoseef achi ga'utti kuftanii jilbeenfachuu qabdu turtan.

Guyyoota kana keessaa gaaf tokko yommuu malakanni dhageessifamu jilbi hundinuu ni jilbeenfata, arrabni hundinuu ni beeksisa! Kiristoos, Yooseef keenya, ulfina dhiisee yeroo dhufu, yeroo sanatti hojiin keessan sanarra barbaachisaa hin ta'u. Jilbi hundinuu ni jilbeenfata, Ilma Waaqayyoo ta'uu isaas ni beeksisa. Sirriidha.

39 Oo, Daawit keessatti akkamitti Isa argina! Daawit mootii attam jibbame, obbolloota isaatiin, ilmuma isaatiin teessoo ofii isaa irraa darbatame, gara fiixee gaara ejersaa ol ba'ee, gaara ejersaa irra taa'ee, Yerusaalem fuulleetti ilaalee boo'e. Sababni isaas achitti sabni isaa kan.... Inni isaan tajaajilee waa'ee Waaqayyoo isaan barsiise, sabni isaas isa irratti ka'ee, waa itti daddarbate; yeroo inni tulluutti ol ba'uu jalqabutti isa tuffatanii itti qoosan, itti tufanis.

Oo, Ilmi Waaqayyoo waggaa dhibba saddeet booda attam nama mudaa hin qabne ta'e. Mootiin saba isaa gidduutti jibbame gaara irra taa'ee Yerusaalemiif boo'e, akka Mootii jibbameetti. Inni maal ture? Waaqayyo raajota keessaan of calaqqisiisa, Kiristoosiin calaqqisiisa.

Achiis inni fiixaan ba'iinsa Waaqayyoo ta'e in dhufe. Innis Waaqayyo isa nu gidduu jiru ta'e. Yeroo sanaa kaasees waldaa Isaa keessatti gama Qaraaniyoo kanatti of calaqqisee jira. Kanaafuu, ilaalaa, hundi keenya gara iddoo jireenyaa kanaatti, gara dunkaana Waaqayyoo isa jiraataa kanaatti galuuf yaalaa jirra.

40 Amma namoonni asitti hubannu tokko tokko jiru.... Innis, "Jalqaba amantii, safuu, beekumsa, of to'achuu, obsa, gaarummaa ykn waaqayyummaa, jaalala obbolummaa qabna" jedhe. Tole: gaarummaa obbolummaa, achiis jaalala itti dabali. Mee kana hunda irra deebi'ee dubbisa, amma argachuun keessan hin oolu. Amma, keeyyata 5ffaa irraa jalqabna.

"Ammas dhama'uu hundumaan dhama'aa! Amantii qabdan gaarummaadhaan argisiisaa, gaarummaa keessaan beekumsa argisiisaa!

Itti dabaltanii immoo beekumsa keessaan of qabuu, of qabuu keessaan obsaan danda'uu, obsaan danda'uu keessaan nama Waaqayyoo ta'uu keessan argisiisaa!

Nama Waaqayyoo ta'uu keessaan obbolloota jaallachuu, obbolloota jaallachuu keessaan nama hundumaa jaallachuu argisiisaa!

Wanti kun hundinuu isin irraa argamanii baay'achaa yoo adeeman, gooftaa keenya Yesu Kristosiin beekuutti warra dhimma baasan, warra ija godhatanis in taatu."

Amma, asitti Pheexroos suuraa wayii nuuf kaasaa jira, akkamitti akka achi geenyu.

41 Amma kana jechuu barbaada: namoonni tokko tokko gaarummaa, beekumsa, ogummaa, obsa fi kkf kana keessaa qooda qaban, kanneen Kiristaana ta'uu isaanii illee hin himne akka jiranidha. Amma nuti qofa.... Barumsa mucoolii barsiisaa jirra, kunis dhugaadha. Namoonni tokko tokko qooda kana keessaa utuu qabanii kan kiristaanatti illee of hin fakkeessine jiru. Garuu sun hin ... sun waa'ee hin baasu.

Akka waan qurruun baallee Simbira piikookii koochoo isaatti maxxanfachuudhaan piikookii ta'uuf yaaluu ti. Sun of salphisuu isaa qofa mul'isa. Qurruu ta'ee turuu isaaf wayya, ilaalaa. Namichi Kiristaana

osoo hin ta'iin wantoota kana gochuuf yeroo yaalu, salphaatti hunduu bakka isaa gadi dhiisaa. Akka muka siikomoorii aappilii godhachuuf yaaluuti. Muka haa ta'u iyyuu malee aappilii godhachuu hin danda'u. Aappilii oomishuuf hin danda'u.

Akka gaangeen suufii oomishuuf yaaluu ti, akka gaangee ta'ee utuu jiruu hoolaa ta'uuf yaaluu ti. Argitanii, suufii oomishuuf hin danda'u. Inni gochuu hin danda'u. Suufiin kennaa hoolaati malee kan gaangee miti. Akka hoolaa of gochuuf yaaluu danda'a, garuu ammallee gaangedha. Kanaaf ati, "Eeyyee, ani akka hoolaatti nyaachuu nan danda'a; kana akka hoolaatti hojjechuu nan danda'a" in jetta, garuu waanuma fedhe gochuu dandeessullee, suufii biqilchuuf hoolaa ta'uu qabda.

42 Mee yeroo xiqqoodhaaf asitti haa dhaabbadhu. Hoolaan suufii hin oomishu. Inni hoolaa waan ta'eef, suufii qaba. Namoonni baay'een, "Eeyyee, waan gaarii argachuuf nan yaala. Kana gochuuf nan yaala" jedhu. Homaa hin oomishtan. Lakkii hin dandeessan. Hoolaan hin gaafatamu, suufii oomishuuf hin eegamu. Inni Suufii ni godhata, hoolaa waan ta'eef ni godhata.

Yeroo Kiristaana taatanittis firii hafuura qofa godhattu. Isa hin omiishtan. tolchuuf hin yaaltan. Waan hin ta'uu hin dandeenye of hin gootan. Waan ta'uu qabdan qofa taatu. Sana booda innuu of kunuunsa.

43 Namoonni, "Eeyyee, siinan jedha, waldaatti makameera. Dhugumayyuu soba kana dhiisuun qaba" yummuu jedhan dhageessanii beektu. Ammas waan tokko oomishuuf yaalaa jirtu, amma. Isin sana gochuu hin dandeessan, kanaaf yaaluun hin barbaachisu—gaangeen suufii akka godhatu gochuun hin barbaachisu. Inni gochuu hin danda'u. Yookiin, goggocoroon gugee wajjin nyaachuuf yaaluudha jechuunis goggocoroon gugee ta'uuf yaaluudha. Cululleen tokko achi ala sanaa, "Beekta, ani gugeedha" yummuu ofiin jedhu isini hin ajaa'ubuu, baallee gugee muraasa ofitti kaa'ee, "Argitaa, ani....", jechuu danda'a, ilaali. Inni boca hundumaa gadi dhiisa ture.

Sun nama osoo waan tokko hin ta'in waan sana ta'uu isaa himachaa jiruudha. Argitanii, ta'uu hin dandeessan. "Amma ilaalaa. Ani gaarummaa qabaachuutu narraa eegama, kanaaf gaarummaa nana qabaadha. Jireenya nama Waaqayyoo jiraachuun qaba, kanaaf sana nan qabadha" jechuu hin dandeessan. Maaliif, baallee sana qofa ofitti kaa'uuf yaalaa jirtu. Isaan harka keessan keessa jiraatanis, garuu baallee sana simbirroo dogoggoraatti maxxansuu hin dandeessan. Inni hin hojjetu. Akkasumas simbirroon sun oftultuu akkamii akka taate qofa agarsiisa. Hubattanii?

44 Cululleen dulloomaan tokko baallee gugewwan cimdii tokkoo qabaachuu yaaluudhaan, "As ilaalaa. Argaa, ani gugeedha" yummuu ofiin jedhu yaadaa mee. Maaliif, inni culullee akka ta'e hundi keenya ni beekna. Kana qofa. Inni culullee ta'uu isaa hubachuu dandeenya.

Tole, amma akkaataa kanaan Kiristaanummaa oomishuuf yaalaa jira. Hin dandeessu. Wanti jalqaba gochuu qabdan lammata dhalachuudha. Jijjiiramuu qabdu. Yeroo jijjiiramtan immoo uumama haaraa taatu. Amma, sirriitti argachaa jirtu, amma. Amma, waa'ee baallee sanaa yaadda'uu hin qabdan. Yeroo lammata dhalattanitti, innuu of kunuunsa. Eeyyee obbo.

Akkuman yeroo hunda jedhu: booyyee tokko fuudhaatii, rigaatii dhiqaa, huccuu suufii 'tuxedo' itti uffisaatii gadi dhiisaa. Inni kallattiidhaan gara boolla dhoqqee qabu tokkootti seenee keessa gangalata, sababni isaas inni gaarummaa tokkollee akka hin qabne hubadhaa. Inni booyyeedha. Uumamni isaa kanuma. Dhoqqee keessa hallachuun uumama isaati. Uumama isaa jijjiiruu qabdu, kan hafe immoo innuu of kunuunsa.

45 Amma, hubadhaa. Lammaffaa dhalachuu qabdu. Jechuun, jijjiiramuu qabdu. Jijjiiramni jiraachuu qaba. Ati, "Eeyyee obboleessa Biraanhaam, dubartii kana gama sanattin beeka. Maaliif, isheen gonkumaa waan hamaa hojjettee hin beektu. Dubartii gaarii dha" in jetta. Yookiin, "Namni akkasii kun, nama gaarii dha. Gonkumaa waan hin taane godhee hin beeku. Nama tokkollee hin miidhu" in jetta. Kana jechuun waan tokko iyyuu miti. Ollaa gaarii uumuu danda'a, garuu hanga lammata dhalatutti, inni Kiristaana miti.

Yesus namni yoo lammata dhalate malee (Qulqulluu Yohaannis 3) mootummicha arguu illee akka hin dandeenye dubbateera. Amma kana jechuun ... "arguu" jechuun "hubachuu" jechuudha. Waan tokko utuma ilaaltuu, "Anoo hin argu" jetta taanaan, naaf hin galle jechuu keeti.

46 Namoonni maaliif akka iyyan namni hubachuu hin danda'u. Namni afaan ilma namaa maaliif akka jijjiiramu hubachuu hin danda'u, afaan biraatiinis maaliif akka dubbatu hin hubatu. Namni foonii akkamitti ulfinni Waaqayyoo gara ija namaa dhufu arguu hin danda'u, akkasumas mul'ata argee, nama tokkotti wantoota murtaa'oo fi maal akka godhuu qabu akka itti himu—wantoota ta'uuf jiran, wantoota gara fuul duraatti raawwatamuuf jiran akka himu nani foonii hin argu—akkuma Gooftaan halkan edaa illee asitti nuuf godhe sanaa.

Sammuun uumamaa nama afaan haaraa dubbatu, nama afaan haaraa hiiku, nama waan miseensi dhagnichaa gochuu qabuu fi gochuu hin qabne argee yummuu itti himu "Ba'eessa, inni maal godhe? Mala sobaa akkamii fayyadamaa jira? Tolcha akkamii qaba?" jedhee qoyyaba.

Argitanii, sun mala gowwosaa wayii itti fakkaata. "Jidduu isaaniitti wanti wal qabata wayii jira." Isaan hubachuu hin danda'an, hanga namni sun lammata dhalatutti. Yeroo lammata dhalatutti, uumama haaraa waan ta'uuf sarara feeloshiippii keessa jiraata. Shakkiin dulloomaan, amalli shakkii isaa inni kaan duraa sun du'eera. Amma uumama haaraa ta'eera. Kanaafuu hubadhaa, amma homaa dabaluu hin qabu, sababiin isaas ofumaan waan dabalamuuf.

47 Hubadhaa, lammata dhalachuu qabdu. Lammata dhalachuuf immoo amantii osoo hin qabaatin lammata dhalachuu hin dandeessan. Sirriidha. Egaa ilaalaa, chaartii koo kana irraa, hundee sana argadheera.... Amantiin hundee waan hundumaati. "Amantii malee immoo Waaqayyoon gammachiisuun hin danda'amu. Eenyu illee Waaqayyootti dhi'aachuu yoo barbaade, inni akka jiru, warra isa barbaadaniifis gatii isaanii akka kennuuf amanuun isa irra jira." Amanuu qaba. Akkasumas yeroo shakkaa Macaafa Qulqulluu taatanitti, yeroo Sagalichi sirrii ta'uu isaa shakkitanitti, akkasuma duubatti hafuu dandeessu, hanga jalqaba itti amantanitti.

Cubbuun maali? Amanuu dhabuudha. Elementiin dhala namaa to'atu lama qofa. Sunis shakkii yookaan amantiidha—lamaan keessa tokko. Isaan lamaan keessaa jireenya keessan irratti ol'aantummaa kan qabu tokko qabdu. Amantii hammamii akka qabdan, hangam ol ka'uu akka dandeessan qofa irratti hundaa'a. Garuu jalqaba amantii ta'uu qaba. Mee yeroo muraasaaf hundee sana irra haa turru.

48 Amma amantiin wanta amanuu qabdanidha. Amantiin waan.... "Amantiin waan abdatan 'dhuguma in ta'a' jedhanii fudhachuudha...." Yeroo amantii qabaattanitti waan sana durumaan argattaniittu, sababiin isaas amantii keessaan waan mul'atuuf. "Amantiin waan ijaan hin argine akka waan arganiitti 'jira' jedhanii lakkaa'uudha. [Ibroota 11], laakkaa'uu...." lakkaa'uu akkamii? Lakkaa'uu qulqulluuti.

Kanaafuu, yeroo ati, "Obboleessa Biraanhaam, Waaqayyo fayyisaa ta'uu isaa nan amana" jettutti, eeyyee, yoo sana amante, achiis akka fayyisaa keetiitti yoo Isa fudhatte, sobaan osoo hin ta'in dhugumatti dirmammuu Isaatiin akka fayyite yoo amante, fayyuu irraa wanti si dhorku hin jiru. Sun waan ititedha. Amma, abdi qabaachuu dandeessa, kana irraa fagaachuu, sana irraas fagaachuu qofa itti fufi; garuu yeroo amantii argattutti isa ni beekta, sababni isaas ragaa isaa duraan argattetta waan ta'eef.

49 Ganama kana yeroo Oral Roberts lallabaa ture namni dhaggeeffate jiraa, mee namni Oral Roberts dhaggeeffate? Waa'ee amantiin bilisa ittiin ba'amu tokko akka jiruu waan tokko ykn waan biraa yeroo inni dubbatu, kadhannaa amantii bilisa ba'uu kadhachuu isaan dhaga'e. Innis, "Raadiyoo isin bira jiru tuqaa. Waan tokko tuquudhaan..."jedhaa ture. Namichi akkas kan gochaa ture akka sabni waan harka isaatiin qaqqabatu wayii irra harka isaa kaa'ee,"amma argadheera, sababiin isaas raadiyoo koo akkan tuquuf, inni na abboomeera waan ta'eef. Argadheera" akka jedhuuf sana godhe, ilaalaa. Amma, sun hundi rakkoo hin qabu.

Amma garuu amantiin dhugaan, inni dhugaan, meeshaalee sana keessaa tokkollee tuquu hin barbaachisu. Amma, an Obboleessa Oraalitti faradaa hin jiru. Gonkumaa akkas miti. Inni hojii gurguddaa hojjechaa jira, nama Waaqayyoon sodaatudhas. Warra Oraal Roberts baay'ee akkan yaadu beekamaadha. Waan nuti qabnu caalaa isaan waan baay'ee qabu.

Garuu wantin jechuuf yaalaa jiru, amantiin homaa hin barbaachisu. Amantiin Dubbii Waaqayyoo ni amana, amantiin waa tuquudhaan dhufaa ree? Lakki. "Amantiin dhaga'uu irraa in dhufa, wanti dhaga'uun ta'u immoo Dubbii Waaqayyoo ti." Sanatu akka hin sochoonetti cimsee qaba. Innis achi jira. Amantiin immoo (akkuman jedhe) isa irraa fageenya hin qabu. Amantiin yeroon isaa ammumadha. Amantiin kunoo asuma jira.

50 Amma akka, yoo namni ta'e tokko.... Daa'ima xiqqoo dheengaddaa sanaan, haadha ishee kan taate obboleettiin keenya Kiid fi isaan kaan waa'ee ishee dhugaa ba'an sanaan, daa'ima xiqqoo mar'ummaan ishee qaawwa waan hin qabneef bobbaa gara bakkeetti baasuu dadhabde sanaan.. Amma, giiftiin kun, Obboleettiin keenya Kiid fi isaan kaan yummuu dhugaa ba'an dhageessaniittu, akka waan yoo isheen madaa sana tuqxe ani immoo daa'ima sanaaf nan kadhada ittiin jennaan isheenis amantee....ti.

Amma ilaalaa, Waaqayyo namoota nuuf kenna. Gariin keenya Waaqayyoo wajjin muuxannoo baay'ee dhugaa ta'e qabna, Waaqayyo akka ... as seena, fakkeenyaaf, nama akka Obboleessa keenya Neville, ykn nama isin beektanitti himtu ta'a. Namoonni sun immoo yeroo tokko tokko akka nuuf kadhatan ni gaafanna. Wanti gochuu qabna jedhamee yaadus kanuma. Sana booda, dhiirri ykn dubartiin sun, ykn namni nuuf kadhatu Waaqayyo wajjin akka dubbatu amantii yoo qabaanne, amantiin keenya harkatti galfanneerra jechuudha. Innis ititeera. Qubateera.

51 Asitti. Namichi Roomaa sun yeroo gara Yesuus dhufetti, "Bantii mana kootii jala lixuun kee anaaf hin ta'u. Anaaf hin malu. Ani hin ... akkasitti of hin lakkaa'u" jedhe. Garuu akkas jedhe, "Ilmi koo baay'ee dhukkubsatee jira. Ati dubbii tokkicha duwwaa dubbadhu [ilaalaa] malee, ilmi koo ni fayya."

Sun maal ture? Fageenyi garaagarummaa tokkollee hin uumne, ilaalaa, sababiin isaas Waaqayyo iddoo hundumaa waan jiruuf. Waaqayyo waan hundumaa danda'a. Bakka Waaqayyo jiru hundumaattis humna

hundumaatu jira. Waaqayyos bakka hundatti kan argamu ta'uu isaatiin, Waaqayyoo bakka hundumaatti waan hundumaa godha, ilaalaa. Waaqayyo akkuma Jarmanii keessaatti, Siwiizarlaand keessaattis Afrikaa keessatti daqiiqaa wal fakkaatu keessatti guddaadha, akkuma isa as jiruutti. Kana isin barbaachisa!

Kanaaf amma akkas jedhe, "Ati bantii mana kootii jala dhufuun anaaf hin malu. Dubbicha tokko duwwaa dubbadhu." Sun maal ture? Amantii namicha Roomaa sanaa ture. Inni ni amane.

Yesuus immoo, "Dhaqi! Ilmi kee in fayyeera" ittiin jedhe.

Innis (imala guyyaa lamaa) deeme. Guyyaa itti aanutti osoo mana hin ga'in, hojjettoonni gara isaa dhufaa jiran arge. Isaanis, "Ilmi kee fayyeera" ittiin jedhan.

Namichi Roomaa sun guddaa gammaddee, "Guyyaa sa'aatii meeqa irratti fooyya'uu jalqabe? Guyyaa keessaa yeroo akkamiitti?" jedhee isaan gaafate.

Innis, "Gara sa'aatii kudha tokkoffaatti fooyya'uu jalqabe" ittiin jedhe. Namichi Roomaa sunis yeroon sun yeroo itti Yesus "Ilmi kee in fayya" jedhee dubbannaan, innis sana amanee akka ta'e in hubate.

52 Waan hundumaa kan danda'udha, iddoo hundumaa kan jirudha, waan hundumaa kan beekudha, daangaa kan hin qabnedha—innis Waaqayyodha. Kanaafuu, yeroo bilbila bilbilanii "Kadhadhaa!" isiniin jedhan, sun wal qunnama, amantiin keessam immoo Waaqayyoon fida. Inni wanta kadhannaa fi Waaqayyoon bakka sanatti walitti fidudha. Kadhannaan, amantiin, asirraa gara asiitti jijjiirama. Walitti fida!

"Dubbiitokko duwwaa dubbadhu. Wantin akka gootu barbaadu dubbii sana dubbachuu qofa, wanti hundis iddootti in deebi'a." Inni achitti argamuun isa hin barbaachisu ture—dubbicha qofa dubbachuu malee. Maalif? Waaqayyo bakka hundatti argama kaa. Inni iddoo hundumaatti humna qaba. Inni akkuma biyya lafaa gararraatti humna qabeessa ta'e, biyya lafaa jalattis ykn gama lamaanittuu humna guddaa qaba. Inni Waaqayyodha. "Waan tokko duwwaa akka dubbatuun barbaada, innis dubbii tokko duwwaa dubbadhu" jedhe.

Amma immoo amantiin waan hafe hunda ni hojjeta. Amantiin kan hafe hunda ni hojjeta. Kanaafuu hundee amantii qabaachuu qabdu. Kiristaanummaan hundi, wanti isin taatan, wanti isin yoomiyyuu ta'uuf jirtan hundi, amantii Dubbicha irratti qabdan irratti hundaa'a.

53 Sababiin ani Dubbicha amanuuf kanaafi. Amantii koo waan biraa irra kaa'uu hin danda'u. Osoon waldaa tokko irra kaa'uuf yaadeera ta'ee, silaa waldaa kam irrann kaa'adha? Kaatolikii, Luteraanii, Meetodistii, Baaptisitii, Pheenxee? Isa kam irrann kaa'adhan ture silaa? An hin beeku. Hundi isaanii yeroo safuu fi wanti hunduu badu callisanii ilaalu—isaan funyoo maru, waan hundumaas godhu. Garuu amantii koo Dubbii saa irra yeroon kaa'adhutti, cimee dhaabata. Namni isa hiiku hin jiru; kunooti. "Gooftaan akkas jedheera." Sana booda sana nan amana. Bu'uura tokkotu jira.

54 Doktora miskiina, nama gaarii tokkotu as magaalaa kana jira, innis hiriyyaa koodha, Dr. Saam Adaa'ir jedhama, ijoollummaadhaa jalqabnee walii wajjin guddanne. Hundi keessan Saamiin ni beektu. Innis natti dubbatee, "Bil...." naan jedhe.

Mul'anni sun erga dhufee booda ... mana isaa eessatti akka ijaaru, maal akka fakkaatun itti hime. Amma, guyyaa yeroo argattanitti, dhaqaatii sun dhugaa ta'uu fi dhiisuu isaa isa gaafadhaa. Waggaa lama sadii dura osoo sun hin ta'iin, iddoon isaa eessa akka ta'uuf jiru itti himeen, "Ati magaalattii keessaa lafa gara bilookii tokkootti dhi'aatu fudhachuuf jetta"n jedheen. Isaa fi sana gidduu immoo wanta tokko malee homtuu hin jiru, innis lafa namoota dadhaboo itti kunuunsanii ti. Dr. Adaa'ir lafa hafe hundumaa in argate, ogeessa qorichaas. Kana qofa.

Dr. Adaa'iriin sun sirriitti guute, mul'ata sana, iddoon inni itti sana dubbate, "Waggaa digdamii shaniif iyyuu utuu hin tuqamin ture. Mana murtiitu qabatee jira" naan jedhe.

Anis "Doktora, gad of qabuu keetiin Gooftaan siif kenna" jedheen.

Innis, "An nama gaarii miti" jedhe.

Anis, "Ati qocadha. Alaan sheelii qabda, alaan dhagaa ittiin hiriyyoota kee ilaaltu qbda. Garuu keessi kee nama dhugaati. Sheelii sana keessaa ba'i." Itti fufees, "Waaqayyo siif in kenna"n jedheen.

Innis, "Biilii si shakkee hin beeku, garuu kana shakkuun narra jiraata" naan jedhe.

Anis, "Gara waajjira keessanii dhaqin" jedheen. Kanaafis in dhaqe.

Borumtaa isaa ganama bilbilee "Anoo na'een diilallaa'e" naan jedhe.

Anis, "Maal rakkootu jira moo?" jedheen gaafadhe. Yeroon isaa naannoo ji'a Waxabajjii keessa ture. Anis, "Maal taaate Dok?"

Innis, "Laficha ammumaanuu bitadheera Biilii. Halkan edaa Boostonitti walgahii taa'anii turan, ganama kana immoo laficha bitadheera" naan jedhe.

Anis, "Ani sitti himeeraam" jedheen deebiseef.

Guyyaa tokko achi gaditti isaa wajjin utuun haasa'aa jiruu, qawween fuula kootti na dhoophe. Innis gaafas, "Namoota kuma tokko ta'an akka asitti galanaaif itti himeera jedheen tilmaama" naan jedhe, waan akkasiiti. Inni maali? Amma, Waaqayyo waan kamuu dubbannaan, wanti sun raawwachuu qaba.

55 Dheengadda galgala hiriyyoonni muraasni dhufanii turan. Mul'ata waa'ee kaaribuu gaanfa inchii afurtamii lama qabuu fi 'bear' giriizlii bifa meetii qabuu himuu koo dhaga'anii turan. Namoota sana ilaaluuf mana dhufan sun meeqa akka ta'an hin yaadadhu. Anis, "Safartuun teeppii kunoo ti. Gaanfa irra kaa'aatii safaraan" jedheen. Sun osoo hin hin raawwatin dura akka himame dhageessaniittu. Maalif? Waaqayyo waanuma fedhe yeroo dubbatutti, wanti sun raawwachuu qaba! Sababni isaas kanuma. Hundee godhateera.

Amma karoorri fayyinaa kunoo ti. Achiis mul'anni isaa akkuma isaan jedhanitti sirriitti yoo ta'e, waldaan asii kun immoo sun sirrii ta'uu isaa yoo beekte, Dubbiin isaa hoo hamma sirrii haa ta'u ree? Inni mul'ata caalaa mirkanaa'aadha. Mul'anni sun Dubbichaan hin himamne taanaan mul'anni sun dogoggora jechuudha. Garuu Sagalichi ni dursa, sababni isaas Sagalichi Waaqayyo waan ta'eef. Kanaafuu Inni iddoo hundatti argama. Asitti akkas jedhee dubbatee, Kanaadaatti immoo akka raawwatamu taasise. Ameen. Argitanii, Inni bakka hundatti argama.

56 Tole. Jalqaba lammata dhalachuu qabdu, achiis yeroo lammata dhalattanitti amantii qabaattu. Sagalicha ni amantu. Hanga lamamata dhalattanitti ittiin mormitu. Cal'istanii amantii qabaachuutti hirkachuudhaan, beekumsa namaa xiqqoo kan ittiin waan sirrii hojjetan yoo qabaattan, sagalee Waaqayyoo wajjin gonkumaa walii galuu hin dandeessan. Yoomiyyuu hin dandeessan. Lammaffaa dhalachuu qabdu; lammata dhalachuun immoo amantii ni maddisiisa. Tole. Sana booda erga amantii argattanii booda, innis sirriitti jecha kana, f-a-i-t-h, amantii, sana booda iddoo guddinaa irra kaa'amtaniittu jechuu dha.

57 Amma, namoonni baay'een gara iddoo aarsaatti ol ba'anii kadhannaa, "Gooftaa, dhiifama naaf godhi" jedhanii kadhatu. Muuxannoon qulqullummaa guddaan isaan irratti ni bu'a, wantootni kaanis. Achiis yeroo gaarii dabarsu—iyya iddoo aarsaatii ka'anii deebi'u. Iddoo keessanitti deebitanii, "Waaqayyo eebbifami, argadheera" jettu. Lakki. Amma iddoo guddachuu dandeessanitti jalqabbii qofa jalqabdan. Ammatti homaa hin hojjenne. Argitanii, wanti isin gootan hundee kaa'uu qofa.

Amma, mana ijaaruuf deemtu, bu'uuruma qofa keessanii, "Gurbaa, mana ijaareera" jettu. Argitanii, hundee keessan irratti mana ijaaru qabdu. Amma mana sana ijaaru qabdu. Amma iddoo waan ganama kana irratti dubbachuuf jennuutti seenaa jirra. Ba'eessa.

Mana tokkoof, hundee tu dursa. Hundeen Kiristaanummaa maali? Sagalee Waaqayyootti amanuudha. Hundeen keessan kanuma. Sana booda guddachuu jalqabdu. Sana booda jalqabdu. Hundee kana irratti dabaluu jalqabdu.

58 Amma mana tokko ijaaraa mee, dhaabaa fi waan hundumaa ol dhaabdu. Obboleessi keenya Wuud, hojjetoota mukaa fi kontiraaktaroota as jiran keessaa, akkamitti akka mana keessan ijaaru dandeessan isinitti himuu danda'u, ilaalaa. Ani garuu akkamitti mana hafuuraa keessan, iddoo Waaqayyo jiraachuu danda'u akkamitti akka ijaartanin isinitti himuuf deema. Inni isin keessa jiraachuu barbaada. Inni akka ofii Isaa isin gochuu barbaada. Inni akka isin calaqqisu ... Inni uumama isaa akka calaqqisiifan barbaada.

59 Ni beektu, bara durii namoonni warqee baqsan osoo warqee sana hin baqsan dura warqicha ni tumu turan, tumanii warqee keessaa baasu turan, tumanii dhoqqee keessaa baasu turan, tumanii sibiila, sibiila diimaa fi waan akkasii keessaa baasu turan, utuu addaan hin kutin gara gaggalchani tumu. Warri Hindii amma iyyuu akkas godhu, warqee ni tumu. Isaan isa tumanii....

Sibiilli hundi keessaa akka ba'e, xurii fi wanti hundinuu, akkasumas dandiin akka keessaa ba'e akkamitti akka adda baasuu danda'an beektuu? Namni tumaa ture sun calaqqisa ofii isaa, akka daawwitiitti, isa keessatti yeroo of argutti warqee qulqulluu ta'uu isaa adda baafata. Hanga nama tumu sana calaqqisiisetti, warqeen sun qulqulluu homaa makaa kan hin qabnedha.

Waaqayyos akkas godha. Warqee biyyoo keessaa argate sana fudhatee, Hafuura Qulqulluudhaan tuma, garagalchee, irra deebi'ee, irra deebi'ee, tuma, hamma calaqqisa Isaa arguu danda'utti. Wanti nuti gochuu qabnus isa kana—Ilma Waaqayyoo calaqqisiisuu qabna.

60 Amma immoo hojii isaa hojjechuutu nurre ture. Innis, "Namni natti amanu [Qulqulluu Yohaannis 14:7(12)].... Namni anatti amanu, hojii ani hojjedhu innis in hojjeta...."

Hojii Kiristoos calaqqisiisuu jalqabdanii jirtu. Garuu baay'een keenya osoo calaqqeen Kiristoos nu

keessa hin jiraatin hojii Kiristoos hojjechuuf yaalla. Amma rakkoo guddaatu jira. Wantoonni sunneen utuu raawwatamanii argina. Ni beektu. Anis nan beeka. Gufuwwan kana karaa irratti argina. Tajaajiltoota, Kristaanota tuullaa sibiila caccabaa ta'anii, tuullaa danqaraa sibiila ta'anii karaa cufan argina. Sababiin isaas sirritti waan keessa gadi hin seenneefi.

Ganama kana kanan as dhufeef kanaafidha—waldaa xiqqoo kanaa fi ofii koo, akkamitti iddoo jireenya Waaqayyo isa jiraataa ta'uu akka dandeenyu barsiisuu yaaluufan dhufe. Sana ta'uu, iddoo jireenya Waaqayyo isa jiraataa ta'uu nama meeqatu barbaada?

61 Amma wanti goonu kunooti. Wanti jalqabaa maali? Amantii qabaachuu fi lammata dhalachuudha. Sun hundee kaa'uudha. Itti aansinee, erga hundee kaa'annee booda, lammaffaa, hundee keessan irratti dabaltu. Phexros asitti, "Amantii keessan irratti dabalaa" jedheera. ...keessan irratti dabalaa, jalqaba amantii qabaattu, sana booda amantii keessan irratti gaarummaa dabaltu. Kun dhaabaa (column) itti aanuudha. Dura hundee keessan kaa'aa—amantii. Sana booda amantii keessan irratti gaarummaa dabalaa.

Amma, wanti buunyaadhaan dha'ee baay'ee keenya kuffisu achi jira. Eeyyee obboo. Eeyyee, amantii keessanitti 'virtue' dabalaa. Kana jechuun jireenya durbummaa jiraachuu qofa miti, ni beektu, akka dubartiitti ykn dhiiraattii fi kkftti malee. Asitti 'virtuen'n waan sanaan wal hin qabatu. Macaafni Qulqulluun akkas jedhe.... Macaafa Luqaas keessaa yoo dubbifne, "Human fayyisutu (virtue) isa keessaa ba'e" jedha. Sirriidha mitii? Akka Isaa ta'uuf deemne erga ta'ee, human fayyisu (virtue) qabaachuu qabna. Akka Isaa ta'uuf isa qabaachuu qabna.

62 Yoo ... faarfannaa galataa keessaa jalqaba irratti kanan jaalladhu (faaruwwan gurguddoo keessaa tokko isa ta'e), "Akka Yesuus Ta'uu" kan jedhudha. Tole egaa, akka Yesuus ta'uufan deema yoo ta'e, humna fayyisu qabaachuun qaba, akkasumas darbiinsa ... innis ana irraa gara namootaatti darbuu danda'u ta'a, sababiin isaas humni fayyisu Isa keessaa gara namootaatti ba'e—humna fayyisuu. Akkasumas namaaf gadi dhiisuun dura ofii keessanii isa qabaachuu qabdu. Hin qabdan taanaan, homtuu hin bahu. Hin qabdan taanaan wanti isin keessaa bahu hin jiru.

Namni ta'e tokko humna fayyisu nu keessaa harkisuu yoo yaale hoo? Cheekichi "maallaqa gahaa waan hin qabneef" ni deebi'a. Lakki, namni achi irraa fudhatu tokko illee hin jiru. Cheekichi cheekii gogaadha. Namni ta'e tokko har'a akka Kiristaanaatti si ilaalee, bor immoo akka cubbamaatti utuu deddeebituu yeroo si argu—sana irraa humna fayyisu baay'ee harkisuun hin danda'amu. Argitanii, sirrii dha. Humni fayyisu nu keessa jiraachuu qaba. Hanga humna fayyisu argannuttis.... Humna fayyisu isa dhugaa erga argannee booda, amantii keenyatti dabaluu dandeenya. Sun keenyan hundee irratti ijaaramu isa itti aanudha.

63 Amma, dursa amantii qabaachuu qabdu. Amantiin qofti waa'ee hin baasu.qabdu. Phexroos, "Amantii keessan irratti humna fayyisu dabala" jedhe. Amantii keessan humna fayyisu dabaluu, humnicha qabaachuu qabdu. Amma egaa yoos....

Waldoonni bara har'aa baay'een sana qabaachuu akka hin qabne waan isin barsiisaniif, ykn barri isaa darbeera waan jedhaniif sun sababa isa dhabuu keessanii ta'uu danda'a. Isaan isa qabaachuu hin qaban. Wanti isin gochuu qabdan waldaatti dabalammu qofa. "Eeyyee, guyyoonni sun darbaniiru" jedhu. 'Virtue'—jechi "virtue" jedhu maal jechuu akka ta'e namni hundi ni beeka. Nutis isa qabaachuu qabna.

Humni fayyisu dubartii dhukkubsattee turte sana fayyisuuf Isa biraa erga ba'ee, waldaa Isaa keessattis humnuma fayyisu sana eegaa jira, sababiin isaas Inni fakkeenya keenya ture. Inni humna fayyisu kana namootaaf kennu erga qabaatee, humna fayyisuu namootaaf kenninu akka qabaannu nu irraa eega.

'Virtue' jechuun maali jechuudha? 'Virtue' jechuun humna jechuudha, aboo dh. Gariin isaanii humna Waaqayyoottillee hin aman. Isaan, "Sun darbeera. Wanti isin gochuu qabdan maqaa keessan galmee irratti caafsifachuu qofa. Isinitti haa facaafu ykn isinitti haa dhangalaafamus, cuuphamaa ykn waanuma feetanis ta'aa, kana qofa gochuutu isini irraa eegama" jedhu.

Phexros garuu asitti, "Humna fayyisu itti dabalaa" jedheera.

64 Amma, Pheexiroos waa'ee mana Waaqayyoo, waa'ee mana qulqullummaa Waaqayyoo ijaaruu, iddoo tokkotti walitti hidhuu dubbachaa jiraachuu isaatiin.... Erga humna fayyisu qabaattanii booda qabaachuu kan qabdan ... erga mantii qabaattanii booda, humna fayyisuu wajjin qabaachuu qabdu. Sirriidha. Addunyaa guutuuf humna fayyisu qabaadhaa.

Lallaba tokko lallabeen ture—gara waggaa digdamaa dura, akkas jedheen tilmaama—mata duree Luba Obbo Liilii, paaster Liilii jedhu irrattin lallabe. Mata duree sanas isa Yesuus, "Mee daraarota bakkee (lilles) ilaalaa! Isaan hin soqan hin fo'anis. Haa ta'u iyyuu malee, Solomoon inni ulfina guddaa qaba ture illee, isaan kana keessaa hamma isa tokkoo hin uffanne" jedhe keessaan fudhe.

Mee arfaasee dachaa keessaa ilaalaa. Inni dhoqqee gadi fagoo keessaa ol biqila. Daqiiqaa guyyaa hundumaattis lafa keessaa humna harkisu qaba, humna harkisu kana immoo maal godha? Dabarsee kenna. Nama dinqisiifatuuf bifa miidhagaa kenna. Kanniisni dhuftee qooda ishee akka argattuuf, nadhii akka xuuxxuuf of bana, qoccolloo hin beeku. Akka dabarsee kennuuf qofaaf isa argate. Kanniisni kan biraan tokko yoo ol itti seente hoo—"Herregni keessan ga'aa miti, dammi hin jiru." Kanniisni xiqqoon sunis mataa isaa hooqqoachaa, "Maal arfaaseen akkasii?" jedha.

65 Namni fayyina argachuuf utuma karaa deemtuu as goruuf yaalaa jirtu, gara waldaa guyyoonni dinqii darbeera jettee amanti dhaqii... Akkuma isa Jaak Ko'ee gaaf tokko jedheeti, mana nyaataa seeneen meenuu guddaa tokko harkatti qabadhe jedhe. Asii gadi dubbisuu yummuu jalqabus, "T-bone steaks" fi wantoota kaantu tarreeffamee jira. Innis "T-bone nyaachuun barbaada" jedhe.

"Eeyyee, sun kan guyyaa darbee ti. Amma hin qabnu" ittiin jedhan. Tarii meenuu lafa kaa'ee ba'ee deeme ta'a (sirriidha), sababiin isaas waan inni nyaachuu barbaade hin qaban waan ta'eef. Kanaafuu iddoo manni nyaataa waan nyaatamu qabu dhaquu dandeessu.

Namni hafuura guddachaa jirus waan nyaatu barbaada. Innis Dubbii Waaqayyoo ti. Dubbii isaa hundumaa nan amana.

Waaqayyo maaddii qulqullooni Waaqayyoo irraa sooratan diriirseera,

Inni saba Isaa warra fo'amoo, "Kottaa nyaadhaa" jedhee affeera;

Inni mannaa Isaa in soora; waan barbaannu hundumaa nuuf dhi'eessa:

Oo, yeroo hundumaa Yesu wajjin irbaata nyaachuun attam mi'aawaa!

Sirriidha. Eeyyee obbo. Inni qaba, waldaan qabdi, waldaan Waaqayyoo jiraataa isheen gara nama mudaa hin qabne isa beekumsa Kiristoositti qabuutti jaaramte isa qabdi.

66 Amma, humna qabaachuu qabdu.

Anis yeroo sanatti, wanti jalqaba beekuu qabdan, namni foolii isaa urgeeffachuu jaallatu jira jedheen ture. Inni ofitto miti. Urgooftuu qaba. Urgooftuu kennuu isaatiin dura urgooftuu sana qabaachuu qaba. Damma kennuu isaa dura damma qabaachuu qaba. Bareedina kennuu isaa dura bareedina qabaachuu qaba. Humna fayyisu kennu keesaan dura humnicha qabaachuu qabdu. Kanaaf amanti keessan irratti humna fayyisu dabalaa. Ameen. Hubattaniittuu? Yeroo dheeraa sana irra turuu dandeenya, garuu yeroon keenya nu jalaa sokkaa jira ... amanti keessan irratti humna fayyisu dabalaa.

67 Amma, jalqaba irratti, amantiitu jira, itti aansee humna fayyisuu ti. Sana booda sadaffaa irratti, beekumsa itti dabaltu. Beekumsa. Amma, sun beekumsa biyya lafaa jechuu miti, sababni isaas sun Waaqayyoof gowwummaadha; beekumsa waa gargar baasuuti malee. Maal gargar baastu? Waan sirrii waan waan sirrii hin ta'in irraa.

Akkamitti addaan baaftanii murteessitu? Yeros, yoo beekumsa kiristaanaa qabaattan, humna fayyisuu fi amanti keessaniin Dubbichi sirrii ta'uu fi dogoggora ta'uu isaa adda baaftanii murteessitu. Akkasumas 'creed' keessan hundumaa, amanuu dhabuu keessan hundumaa fi waan hojjedheera jettanii himattan hundumaa cinatti dhiisuu yoo dandeessan, Waaqayyo sobuu akka hin dandeenye amanuuf beekumsa qabdu jechuudha. "Dubbiin nama hundumaa soba haa ta'u, kan koo garuu dhugaa haa ta'u," ilaalaa. Amma beekumsa argachaa jirtu. Innis beekumsa olaanaadha.

Kolleejjii tokko tokko irraa ykn waan akkasii irraa digrii afur qabaachuun isin hin barbaachisu, sababiin isaas humni fayyisu kun hundinuu hundee amanti keessanii irra akka kaa'attaniif Waaqayyo biraa isiniif kennameera, kunis akka gara guutummaa dhagna nama mudaa hin qabnee isa jiraataa nama Waaqayyoo isa dhugaa ta'uutti dhufftaniifi. Eeyyee obbo.

68 Beekumsa itti dabalaa sababni isaas ... beekumsa Dubbii isaa. Akkasitti amanuu qabdu: kan akkasii, har'a amanuu qabdu, fudhachuus qabdu, innis guyyoonni dinqii akka hin darbinedha—waan Waaqayyo jedhu, Waaqayyo raawwachuu akka danda'u beekuudha.

Abrahaam kana amane. Umuriin isaa waggaa dhibba yoo ta'e iyyuu, amanuu dhabuudhaan abdi Waaqayyo kenne irratti hin raafamne. Dubbiin sun waan nama kofalchiisu hammam akka fakkaatu ilaalaa mee. Kunoo namicha waggaa dhibbaa tokkodu dubartii waggaa sagaltamaa irraa daa'ima mana isaa keessatti dhalatu eegaa jira, ilaalaa. Isheen umurii dhala godhachuu irra erga dabartee gara waggaa shantamaa guuteera; intala xiqqoo ykn dargaggummaa ishee irraa kaasee ishee wajjin jiraachaa kan turee, kunoo ammas jira.

Buqaan jireenyaa isaa du'eera gadameessi Saaraas gogeera, abdi namaa hundumaa kutataniiru (hanga abdi ta'etti). Garuu ammas abdi namaatiin mormee, kakuutti amane, sababiin isaas Waaqayyo waan abdachiise hundumaa eeguu akka danda'u beekumsa qaba ture.

69 Amma, yeroo akkasitti isa argattan, amantii keessan irratti isa dabalaa. Gaafa humna fayyisuu dhugaa argattan amantii keessan irratti dabalaa.

Yeroo asii baatanii karaa irra deemtanitti, akka kiristaanaatti jiraadhaa, akka kiristaanaatti deemaa, kiristaana ta'aa, sana amantii keessan irratti dabalaa. Yeroo beekumsa qabaattanitti.... Akkas jettu, "Eeyyee, hin beeku, amma, caqasni kun sirrii ta'uu fi dhiisuu isaa. Amma, Hojiin Ergamootaa 2:38 kunoo ti. Sun akkamitti akka [Maatewos] 28:19 wajjin deemu hin beeku"

Tole. Homaa itti hin dabaln, sababni isaas amma iyyuu sun siif hin galle waan ta'eef, ilaali. Maal gochuuf deemta? Sababni isaas ati hanga ammaatti waa'ee Waaqayyoo beekuuf beekumsa gahaa waan hin argatin jirtuuf, innis Macaafni Qulqulluun akka wal hin faallessinedha. Dhiisi. Waa'ee kanaa kana caalaa hin dubbatin, ilaali. Cal'isiitii dhiisi.

Garuu yeroo Caaffanni Qulqullaa'oon akka wal hin faallessine hubattutti, akkas jechuu akka dandeessu ... Guutummaan Dubbichaa iccitiidhaan akka barreeffame mul'ata Waaqayyootiin hubachuu dandeessa, beekumsi Waaqayyoo qofti mul'isuu akka danda'us arguu dandeessa... .Erga hubattaee booda ... akkas jetta ... dubbii Waaqayyoo hundumaa "Ameen" jechuudhaan xumuraa jetta, sana booda, sana amantii kee irratti dabali.

70 Oo, egaa ammaa nama baay'ee gaarii ta'uutti jirtu, ilaalaa. Ol dhufaa jirtu. Maaliin? Amantiidhaan, achiis humna fayyisuutiin, achiis beekumsaan. Nama kana akkamitti akka ijaaraa jiru ilaalaa? Karaan itti jalaa miliqan akka hin jirre arguu dandeessu. Kun karaa guutummaa dhagna Kiristoos ta'uu ti. Eeyyee obboo.

Murteessineen, murtee sirrii murteessuudha. Dubbii Waaqayyoo amanuun sirrii ta'uu yookiin dogoggora ta'uu isaa murteessaa. Sirrii ta'uu yookiin dogoggora ta'uu isaa, kiiidii tokko tajaajiluu moo Waaqayyoon tajaajiluu akka qabdan murteessaa. Sirrii moo yookiis dogoggora ta'uu isaa murteessuuf lammata dhalachuun qaba, kanaachii akkasumaan waldaa tokkotti makamuudha. Yoos sun jalqabbii keessan. Murtee sirrii murteessaa.

Lallabichi, "Guyyoonni dinqii darbeera" yommuu jedhu Macaafni Qulqulluun immoo, "Yesuus Kiristoos kaleessas, har'as, bara baranis isuma sana" jedha. Amma, kam amanuuf deemu ree? Yeroo isin, "Waaqayyoon nan fudhadha" jettan....

Amma, "Eeyyee, fudhadha" jechuu qofaaf akkas hin jedhinaa, garaa keessan irraa yoo ta'e malee. Garuu wanti isin keessa jiru, amantiin keessan, achi keessaa isin dhiiba. Achi jirtu. Amantiin keessan, "Inni isuma sana ta'uu Isaa nan beeka. Anis isuma sana ta'uu Isaa dhugaa ba'eera. Wanti isa narraa fudhachuu danda'us hin jiru. Inni dhugaa ta'uu isaa nan beeka" jedha. Sana booda amantii keessan irratti sana dabalaa. Hundee keessan irra sana kaa'aa.

71 Amma ol dhufaa jirtu, gara mootummichaatti ol dhufaa jirtu. Amma iddoo tokko ga'eera. Tole.

Amma, wanta itti aanu, lallabichi isinitti hima, namoonni baay'eenis, "Wantoonni isin Macaafa Qulqulluu keessatti dubbifan kun, guyyaa biraatiif dubbataman. Amma, maaliif akka ta'e isinittan hima: har'a wantoota sana nu hin barbaachisu waan ta'eef. Nu hin barbaachisu. Ilaalaa, wantoota sana shaakaluu hin qabnu, fayyina waaqummaa sana. Waldaa keenya qajeeltootti akka jiraattuuf waldaa keessatti afaan haaraa dubbachuu hin shaakallu. Nuti kana hin goonu" jedhu. Sanatti ni dhufna; Waa'ee kanaa ilaalchisee caqasa tokko asitti barreeffadhee qaba—amma iyyuu gochuu qabna moo hin qabnu irratti.)

Amma. Garuu kunoo, "Ani hin beeku. Har'a akkas gochuu hin qabnu. Wanti tokkichi gochuu qabna jedhee yaadu, namoota duratti sirnaan dubbachuu barachuudha. Deemnee ogeessa sammuu sammuu keenya qorachiisuu qabna, akkasumas of dhiheessuu ..., IQ'n keenya ol'aanaa ta'uu isaa, fi kkf qorachiisuu qabna. Amantoota gurguddoo akka qabnuttan yaada. Jaarmiyaa keenya ijaarra" jedhu.

72 Nuti jaarmiyaa ijaaraa hin jirru. An ganama kana jaarmiyaa ijaaruuf as hin jiru! Kiristoos jaarmiyaa ijaaruuf na erge hin beeku! Kiristoos namoota dhuunfaa gara dhagna Yesuus Kiristoositti akkan ijaaruuf na erge, akka isaan Sagalee Isaatiin mankuusaa humnaa, bakka jireenyaa Hafuurichaa ta'aniif na erge... Sagalee isaatiin. Nama dhuunfaa gara sanaatti ol ijaaraa. Jaarmiyaa tokko gara dinoomineeshiinii guddaa tokkootti ijaaruu miti; nama dhuunfaa gara ilmaanii fi intaloota Waaqayyooti ijaaruudha malee. Yaadni jiru kanuma.

Amantii keessan irratti humna fayyisu dabalaa. Humna keessan irratti beekumsa dabalaa. Tole, amma, gara iddoo tokkotti dhufaa jirtu.

73 Amma, yeroo isaan, "Eeyyee, har'a sana fudhachuu hin qabnu" jechuu jalqaban, isin fudhachuu qabdu. Sun dirqama. Caaffanni Qulqullaa'aa hin sobu. Hiika dhuunfaan itti kennamus hin qabu jedha Macaafni Qulqulluun. Akkaataa achitti barreeffame qofa amanti. Ilaalaa, wantoota kana qabaachuu qabdu. Karaan ittiin yoomiyyuu caaffatoota sana qabaachuu dandeessan immoo beekumsa waaqa irraa

dhalate qabaachuu qofaani. Beekumsi waaqarraa dhalates Dubbicha ni mirkaneessa.

Argitanii, amanuu qabdu—itti fakkeessuuf amanuu hin qabdan. Isaan kana keessaa tokkollee kan itti fakkeessan miti. Hubadhaa, isin, “An isa argadheera” jechuu yaaltu yoo ta'e, qurruu baallee piikookii ofitti sussuuquudhaan piikookii of gootu hin ta'inaa, argitanii, sababiin isaas baalleen sun isin irraa harca'u. Uumamaan achi keessa hin biqilan. Isaan dhagantti maxxanfaman qofa.

74 Iddoo itti Daawit kana jedhan yaada, Faarfannaa 1, “Inni akka muka lisa bishaan yaa'aa qarqara dhaabamee ti” jedha. Garaagarummaan dhaabamuu fi irratti maxxanfamuu gidduu akka jiru ni beektu. Akka muka qilxuu dhaabame, irratti muki biraa biqilee sirriitti itti maxxanuu ti. Want Xiqqoon isatti maxxantee jirtu, maal akka taatu hin beektu. Hundee hin qabdu, bu'uura hin qabdu, ilaalaa.

Sun akka namoota tokko tokko kanneen seeminaarii irraa dhufanii, ykn waan akkasiiti, hubadhaa. Sana hin qabaatinaa.... “Eeyyee, Dr. abaluu abaluutu tajaajila irratti na muude.” Sun maalummaa isaa irratti garaagarummaa tokkollee hin uumu. Kiristoostu isa keessatti isin dhalche, amantii keessaniin. Isini haaromftanii lammata itti dhalattan. Sana booda erga itti dhalattanii booda wantoota akka itti dabaltaniif Inni isin irraa eegutu kana. Isaaniin itti dabaluu qofa itti fufaa. Amma, sarara irra bu'aa jirra.

75 Amma. Beekumsa kana irratti wanti biraa nuti dubbachuu dandeenyu ni jiraata, beekumsa waaqayyoo. Macaafni Qulqulluun bara kanatti hiika isaa dhabee jiraa? Hubadhaa, namoonni baay'een, Macaafni Qulqulluun akkas jechuu isaa miti isiniin jedhu. Waaqayyo yoo na eege, cubbuu koo keessattis na sirreessa.... Yoon ilma Waaqayyoo ta'e sana godha. Akkasitti sana isiniif godha. Ilmaanii fi intaloota Isaa yoo taatan, yeroo waan hamaa hojjettanitti Inni isin sirreessa.

Waaqayyo waa'ee keessaniif in dhimma yoo ta'e isin eega, isin sirreessas erga ta'aa, Dubbiin Isaa immoo hammam kana caalaa dhimmuu qaba ree? kan fakkeenya keessan isa ta'e, Ofii Isaa ta'e kan ta'e Dubbii Isaa hamma haa eegu ree! “Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura ture, Sagalichis Waaqayyoo bira ture, Sagalichis Waaqayyo ture ... foon ta'ees nu gidduu in jiraate.”

76 Sagalichi mul'ata Yesus Kiristoosiiti. Macaafni Qulqulluun akkas jedheera. Kiristoos Dubbii isaa keessa mul'ata. Akkasumas yeroo isin seera kana cabsitan yummuu isin argu (Isa kanaaf isinitti in farada), seera Isaa isa isinitti faradu immoo hammam kana caalaa eega ree? Ameen!

Itti fufi gurbaa, waan sana natti hin himin. Beekumsa Hafuura Qulqulluu dhugaatti nan amana. Beekumsi Hafuura Qulqulluu yeroo hundumaa “Ameen” jechuun Dubbicha ni goolaba. Wantoota Macaafa Qulqulluu keessatti waan wal faallessan fakkaatan yommuu argitan, kadhannaadhaan, akkasitti taa'atii qo'adhaa. Wanti jalqaba isinitti beekamuu jalqabus Hafuurri Qulqulluun keessa seenuu jalqabuu isaa ti. Yeroo muraasa boodas utuu inni walitti hidhamuu argitu, achittis ni hubattu. Sun beekumsa.

77 Isaan keessaa kaan, “Eeyyee, amma, Macaafni Qulqulluun, Inni kaleessas, har'as, bara baraanis isuma sana jedheera” jedhu. Waldaanis, “Wantoota tokko tokkoon, Inni isuma sana” jetti. Hunh-uh. Hunh-uh. Achitti qaawwa itti baasuu hin dandeessu, hubadhu. Eeyyee obbo.

Lakki gooftaa, Innis isuma sana. Eeyyee obbo. Yesuus Kiristoos kaleessas, har'as, bara baranis isuma sana. Garaagarummaan tasumaa Isa keessa hin jiru. Waldaa Isaa keessattis sanuma hojjechaa jiraata.

“Yeroo xiqqoo [akkuman yeroo muraasa dura caqase] ... Yeroo xinnoo booda biyyi lafaa ana hin argu, isin garuu na argitu.” Sababni isaas, “Hama dhuma biyya lafaatti isinii wajjin waanan jiraadhuuf, isin keessas waanan jiraadhuuf” jedheera. Itti fufees, “Hojii ani hojjedhu isinis ni hojjattu” jedhe. Ammas itti fufee, “Ani muka wayinii nan ta'a; isin damee mukichaa ni taatu” jedhe. Dameen immoo jireenya muka wayinii keessaa madduun qofa jiraata. Wanti wayinii keessa jiru kamiyyuu damee sana keessaan ba'a. Haa ulfaatu! Yoee ega Kiristoos kaleessas har'as bara baraanis sanuma. Inni jireenya Gooftaa Yesuus Kiristoos ni oomisha. Ameen.

78 Beekumsa. Kan biyya lafaa miti—sababaan waa murteessa. Beekumsi biyya lafaa gosi kamiyyuu waa ni sababeessa, hubadhaa. Garuu amantiin sababa hin qabu. Waaqayyo wanta murtaa'aa tokko mul'isa, wanta murtaa'aa ta'uuf jiru tokko isinitti mul'isa. Saayintistiin addunyaa kanarra jiru hundi faallaa kanaa isnitti himuu danda'a, ta'uu hin danda'u jedhee. Maaluu yoo ta'e ni amantu. Eeyyee obbo. Sababa itti barbaaduu hin barbaachisu.

Macaafni Qulqulluun sababa in diigna jedheera. Amantii biratti sababa hin dhiheessitan. Amantiin sababa hin qabu. Amantiin inni eessa akka jiru ni beeka. Amantiin ni hojjeta. Amantiin isa ni qabata. Inni socho'uu hin danda'u. Wanti isa sochoosuu danda'u hin jiru. Waan kun, sun, ykn inni kaan jedhu kamiyyuu na hin dhibu; inni homaa hin raasu. Inni achumatti hafa. Eegaa, eegaa, eegaa, eegaa—garaagarummaa tokkollee hin fidu. Achumatti hafa.

Waaqayyo Nohitti wantootni sun akka raawwataman itti hime. Innis ni amane. Wantoonni sun akka raawwataman Waaqayyo Museetti hime. Innis ni amane. Waaqayyo, wantoonni tokko tokko akka raawwataman duuka buutotatti hime. Gara Ayyaana Pheenxeqoosxee ol ba'atii eegaa. Isaanis achuma

turan. Eeyyee obbo.

79 Ba'eessa.

Amma, beekumsa. Amma, beekumsa biyya lafaa osoo hin taane, beekumsa waaqa irraati. Beekumsa waaqa irraa immoo, yeroo Waaqayyo burqaa beekumsa hundumaa ta'ettii, Waaqayyos Sagalee ta'etti, yoo beekumsa waaqarraa qabaattan Sagalicha ni amantu, waanuma kamiinuu Sagalichaan sababeessitu.

Dhimmi gibira waldaan keessa turtee, ykn ani keessa turee kun.... Namoota sana keessaa tokko yeroo himata sana dhaga'uuf deemnettt natti haasa'aa ture, akkas jedhee.... Anis.... jedheen. Waan dogoggoraa tokkollee argachuu hin dandeenye. Kanaafis...jechuu jalqaban. Anis, "Egaa, ergan balleessaa hin qabu maaliif na hin geggeessitan ree?"n jedheen.

80 Innis waa'ee macaafa qulqulluu tokko tokkoo natti himuuf fuulduratti ba'e. Innis (namichi guddaan sigaaraa harkatti qabate tokko) akkas naan jedhe, "Obbo. Biraanhaam, ani barataa Macaafa Qulqulluu ti."

Anis, "Kana dhaga'uu kootti nan gammada" jedheen deebiseef.

Innis, "Amma, amantaan sobaa (superstition) kun maal akka ta'e beekuun barbaada? Huccuu dafqaa ergitu kanaaf kaffaltii kaffalchiifta. Amantaa sobaa xinnoo sana, huccuu dafqaa irratti kadhata, isas namaaf ergta— huccuu dibataa, isa huccuu jettanii waamtan kana." Inni, "Ergasiis, huccuu kanaafis ni kaffalchiiftu" naan jedhe.

Anis, "Lakki yaa gooftaa, kaffaltiin hin jirun" jedheen.

Innis, "Eeyyee, amantaa sobaa kana irratti...."

Anis, "Amantaa sobaa jettaa, yaa gooftaa. Daqiiqaa muraasa dura barataa Macaafa Qulqulluu akka taate natti himtee ture."

Innis "Eyyee, barataadha" jedhe.

81 Ani immoo, "HoE 19:11 naaf dubbisin" jedheen. Beekumsa. Ofuma isaatii kiyyootti of galche. Mata duree sanas jijjiiruuf yaale. Anis, "Egaa yoos Yohaannis 5:14 naaf dubbisin" jedheen. Naaf dubbisuu hin dandeenye. Anis, "Yoos Yaaqoob 5:14" dubbisin jedheen. Innis dubbisuu hin dandeenye. Anis, "Yohaannis 3:16 ni beektaa?"jedheen gaafadhe. Beekumsa, qaroo, biyya lafaa. Garuu yeroo....

Innis, "Garuu Obbo Biraanhaam, ati himata kana Macaafa Qulqulluudhaan ilaaluuf yaalaa jirta. Nuyi seera biyyattiitiin ilaaluuf yaalaa jirra" naan jedhe.

Anis, "Yaa gooftaa, seerri biyyattii Macaafa Qulqulluu irratti kan hundaa'e mitii? Yoos inni haqan"jedheen. Ameen!

82 Dhugaadha, beekumsa. Kan biyya lafaa miti; beekumsa hafuura kan Dubbichaati malee, waan Waaqayyo jedhe beekuudha malee. Waan Waaqayyo jedhe raawwadhaa. Sirriidha. Egaa yoo sana qabaattan, wantoota kana hundumaas amanuu yoo dandeessan, Inni wantoota kana hundumaa keessatti isuma sana ta'uu isaa, wanti Sagalichi jedhu dhugaa ta'uu isaa yoo beektan, hundumaa "Ameen" jettanii cuftu, hunduus sirrii dha—sana amantii keessanitti dabalaa. Sun hundi sirriidha.

Eeyyee. Namni tokko Macaafni Qulqullun humna dhabeera jedhee yoo isinitti himuuf yaale, cuuphaa Hafuura Qulqulluu wanti jedhamu hin jiru yoo isiniin jedhe, sana hin dabalatinaa. Sun hin hojjetu. Inni akka nama sumee dhagaa irra kaa'eeti, ni kufa. Inni hin dhaabbatu, ni caccaba malee.

83 Ergasii namoonni, "Macaafa qulqulluu har'a amanamuu hin danda'u. Amma of eeggadhu. Amanuu itti hin...." Yeroo hunda sana dhageessaniittu.

Dubbii xiqqoo: "Macaafa Qulqulluu amanchuu hin dandeessan." Tole, yoo sana sammuu keessan keessaa qabaattan, itti dabaluuuf hin yaalinaa, sababiin isaas hin hojjetu. Guutummaan gamochaa achumatti kufa. Hafuurr Qulqulluu moortarii ta'uu qaba. Walitti maxxansituu jechuu kooti, moortarii isa walitti hidhu. Wanti isa walitti hidhus sanuma....

Akkaataa tuubii vulcanized yeroo hunda yeroo dheeraa turu kan durii kan maxxanfame akka caalu ni beektuu? Ho'a xiqqoo, irratti qabamee, gommaa irratti citaa dullooma qabuudha. Wanti jalqaba isinitti beekamu, gommaan sun xiqqoo ho'uudha, xiqqoo saffisaan ittiin fiignaan gommaan sun ni baqa. Eeyyee obbo. Argitanii, rakkoon namoota baay'ee bara kanaas kanuma. Beekumsa isaanii beekumsa biyya lafaatti maxxansuuf yaalu, glue dullooma lafarraatiin. Qormaanni yeroo dhufu immoo, "Eeyyee, tarii dogoggoran hojjedhee laata," argitanii, qilleensatu keessaa dhuma. Daqiiqaa muraasa keessatti gommaan keessan ciise. Iyyaa fi oliif gadi utaluun keessan hundi bu'aa tokkollee isiniif hin buusne. Ummanni ammas deebi'ee iddoodhuma sanatti isin arga. Sirriidha.

Garuu hamma ho'a Hafuura Qulqulluu gahaa qabaattutti utuu achi turte tuubii akka.... Kana qofa!

Isinii fi tuubiin tokko taatu! Hanga isinii fi abdiin Waaqayyoo hundi tokko ta'utti yeroo achi turtan, sana booda amantii keessan irratti dabalaa. Yoo hin goone, tasuma itti hin dabalinaa.

84 "Sagalicha amanamuu hin danda'u" jettu yoo ta'e, sana itti dabaluuf hin yaalinaa. "Abdiin cuuphaa Hafuura Qulqulluu ergamoota kudha lamaan qofaaf kan yaadame ture" jettu yoo ta'e, akkuma waldoonni tokko tokko har'a jedhan sanaa, sana itti dabaluuf hin yaalaa. Iddoon hundeen isaanii hundi itti hurraa'e achi.

Akkuma Uziyaan kaleessumtii, yeroo hundeen nama inni amanatee kanaa hunduu caccabu argee, dhukkuba lamxiitiin utuu rukutamuu argee ti. Faayidaa hin qabu.

Amma, "ergamoota kudha lamaan qofaaf, ergamoota kudha lamaan qofa."

85 Halkan tokko gara mana Obboleessa Raayit (bakka tokkotti deebi'aniiru jedheen yaada) gadi bu'een ture, tajaajilaan tokkos achi gadi ture. Dubbachaa ture—lallabdoonni afur ykn shan walitti qabamanii turan. Lallabaan kun ka'ee, "Amma namoota jaallatamo tokko isinitti himuu barbaada. Yaa ummata gaarii natti fakkaata."

Anis (nama tokkotti himeera) jedheen, "Sun tokko sirriitti achi taa'eedha. Ilaaluu." Kanaaf, Juuni Jaaksan, achitti deebi'ee, dubbachuu qofa darbe, innis akkas jedhe (ayyaana Waaqayyoo irratti dubbachaa)... Yaa, koo, inni gubachaa ture, eegaa ture. Achuma ka'ee yaalaa ture....

"Amma, Obbo Biraanhaam, kunoo, sitti hima, mormituu Kiristoos ta'uu isaa jechuu barbaada" jedhee akkasitti jalqabe. Halkan guutuu....

Lallabdoonni tokko tokko jalqaban.... Anis, "Amma, daqiiqaa tokko eegaa. Obboleeyyan homaa hin dubbatinaa. Isa tokkoo fi tuuta keenya qofatu jira." Anis, "Amma isa dhiisi qofa. Innis na funaannate." Ofii koo baay'ee hamaa barbaade, waanan godhu wallaale, argi.

86 Innis, "Obbo. Biraanhaam mormituu Kiristoos dha." Innis waan hundumaa dubbatee fuulduratti deeme, waa'ee.... Innis, "Cuuphaa Hafuura Qulqulluu' jedhe. " Jedhe, "Macaafni Qulqulluun cuuphaa hafuura qulqulluu kan argatan kudha lama qofa akka ta'e dubbateera. Waa'ee fayyina waaqa yoo dubbanne—ergamoonni kudha lamaan qofti fayyina waaqaa qaban." Innis, "Nutu bakka Macaafni Qulqulluun dubbatu dubbanna, bakka Macaafni Qulqulluun callisetti callisna" jedhe.

Gara walakkaa sa'aatii hanga inni achi irraa raafamutti eegeen, "Daqiiqaa tokko qofa eegi. Baay'ee asitti barreeseen jira," jedheen, "tokko tokko deebisuuf carraa naaf kenni" jedheen. Yeroon ka'us, "Garuu gooftaa Inni bakka Macaafni Qulqulluun dubbatu akka dubbate dubbate—waldaan isaas akkas dubbate—bakka callisteettis callise. Hundi keessan ragaa ba'aa dha."

"Eeyyee."

Anis, "Amma, inni kudha lama qofatu Hafuura Qulqulluu fudhatan jedhe. Macaafni Qulqulluun koo dhukaasa jalqabaa 120 akka ture dubbateera." Ameen! Beekumsa akkasii gadi darbadhu, argitee, akka inni yaalaa ture....

87 Ani immoo, "Egaa Phaawuloos hafuura qulqulluu argadheera jedhetti akka hin fudhanne tilmaama" jedheen. Anis, "Gadii ... yeroo Filiphos gad bu'ee warra Samaariyaa lallabu, isaan maqaa Yesus qofaan cuuphamaniiru. Hafuurri Qulqulluun isaan irra hin dhufne ture. Isaanis erganii Pheexiroosii fi Yohaannis akka gad bu'an godhanii harka isaanitti kaa'an, Hafuurri Qulqulluunis isaan irra dhufe. Sun kudha lama qofa ture jedheen tilmaama."

Anis, "Hojii Ergamootaa 10:49 irratti Pheexiroos gubbaa manaa irra turee mul'ata gara Qorneelewositti ol ba'uu yommuu argu', 'Pheexiros jechoota kana utuu dubbatuu, Hafuurri Qulqulluun warra Dubbicha dhaga'an irratti bu'e'" jedheen , "Macaafni Qulqulluun amma iyyuu dubbachaa jira. Waldaan kee eessa jirti?" Kan warra ta'uu barbaadan keessa deebi'eera.

Anis, "Fayyyina waaqummaa. Ergamoota kudha lamaan qofti fayyina waaqummaa qaban jette. Macaafni Qulqulluun Isxifaanos gara Samaariyaatti gad bu'ee, seexanoota ari'ee dhukkubsattoota fayyise, magaalattii keessattis gammachuu guddaatu ture. Innis warra kudha lama keessaa tokko hin turre. Inni ergamaa hin turre; inni diyaaqonii ture." Ameen!

88 "Phaawuloos warra kudha lamaan kutaa ol aanu keessa turan keessaa tokko hin turre, kennaa fayyisuu immoo qaba turen" jedheen. Anis, "Kennaawwan fayyisuu qofa ilaalaa. Waggaa soddoma boodas, amma iyyuu warra Qorontos keessa jiraniif kennaa fayyisuu dhagna Kiristoositti qoodaa ture."

Amma, beekumsa akkasii isa kitaaba tokko tokko keessaa barattan sana, qodaa kosii keessatti gatuu isiniif wayya. Gara beekumsa kanaatti koottaa. Waaqayyoo kaleessas, har'as, bara baraanis isiuma sana yummuu jedhu, "Ameen!" jedhaa. Eeyyee obboo, Eeyyee obbo. Warra kudha lamaan qofa miti; kan hundumaa ti malee. Amantii akkasii yeroo argattan, amantiin keessan yeroo hunda "Ameen" jedhee yeroo

xumuru, sana booda "Tole" jedhaa. Sana itti dabaladhaa.

89 Afraffaa.... Ani....waanana ta'eef ariifachuu qabna. Afraffaa.... Galatoomaa. Of Qabuu itti dabalaa. Gara of qabuutti dhufna. Amma, jalqaba irratti amantii qabaattaniittu. Jalqaba irratti sana qabaachuu qabdu. Sana booda amantii keessan irratti humna dabalattu, yoo humna sirrii ta'e. Sana booda beekumsa itti dabalattu, yoo beekumsa gosa sirrii ta'e. Amma, of qabuu itti dabaluu deema jirtu.

Of qabuu jechuun asitti alkoolii dhuguu dhiisuu jechuu miti, kan biraas. Lakki, lakki. Of qabuu jechuun alkoolii irraa fayyuu jechuu miti. Haala kana keessatti miti. Kun of qabuu Macaafa Qulqulluu, of qabuu Hafuura Qulqulluuti. Sun fedhii foonii keessaa isa tokko; garuu waa'ee of to'achuu Hafuura Qulqulluu dubbachaa jirra. Kana jechuun akkamitti arraba keessan to'achuu dandeessanidha, hamattuu ta'uu dhiisuu dha; akkamitti aarii keessan to'achuu akka qabdan, yeroo namni kamiyyuu dubbatu utaaltanii keessa lixuu dhiisuu. Yaa waaqa koo! Gurbaa, baay'een keenya osoo hin jalqabin kufuuf jirra mitii? Sana booda Waaqayyo maaliif waldaa Isaa keessatti dinqii fi wantoota duraan hojjechaa ture hojjechuu dide jennee ajaa'ibsiifanna.

90 Eeyyee goftaa!

Wantoota kana itti dabalaa. Of qabuu itti dabalaa. Of to'achuu—yeroo dheekkamsaan isinitti dubbatamu gaarummaadhaan deebii kennuu. Namni tokko lafaa ka'ee, "Isin tuuta 'holy rollers' dachaa kanaati" siin jedha. Utaaltee baatee isa loluudhaa harka wayyaa keetii hin dachaafatin, cal'isii ilaali. Kana mannaa jaalala waaqayyootiin itti haasa'aa. Of qabuun, gaarummaa dha. Akkas ta'uu barbaadduu?

Yoo isin arrabsan, deebiftanii hin arrabsinaa. Fakkeenya keessan Isaa godhadhaa. "Ati ilma Waaqayyoo yoo taate dhagaa kana gara buddeenaatti jijjiiri" yeroo ittiin jedhan, inni kana hojjetee Waaqayyo ta'uu Isaa agarsiisuu danda'a ture, garuu of qabuu qaba ture. Yeroo "Belzebul" jedhanii Isaa waaman, "Ani kanaaf dhiifama isniif nan godha" jedhe. Sirriidhaa? Fuula isaa irraa rifeensa kaasuu guutuu buqqisanii, fuula Isaatti tufanii, "Fannoo irraa gad of buusi" ittiin jedhan.

Innis, "Yaa Abbaa isaaniif dhiisi, isaan waan godhan iyyuu hin beekanii" jedhe.

91 Yeroo kennaa qabutti... Guutummaan Waaqummaa qaamaan Isaa keessa waan jiruuf, waan hundumaa ni beeka ture. Waan isaan mudate namootatti himuudhaan dinqii hojjechuu Isaa fi kkf arganii turan. Isaanis waan akka moofaa wayii mataa Isaatti maranii, ija Isaatti moofaa maranii, uleedhaan mataa Isaa reebaa, "Rajii dubbadhu. Eenyu akka isin rukute nutti himi. Yummuus si amannaa" ittiin jedhan. Inni of qabuu qaba ture.

Amma, yoo waan akkasii qabaatta, amantii keessanitti dabalaa. Yoo amma iyyuu dhootanii sass, fuss, stew, fi kkf ta'uu itti fuutu ta'e garuu, hunh-uh. Sana gonkumaa itti... Sana itti dabaluu hin dandeessan, sababni isaas itti hin dabalamu.

Argitanii, walitti hin chidhu. Wal qabsiiftuu pilaatikaa tokko fuutanii, beekaa, ittiin sibiila wal qabsiisuu hin dandeessan. Hin hojjetu. Lakki akkuma laastikaa ta'etti socho'uu qaba, ilaalaa. Akkasumas amantiin keessan fi of to'achuun keessan gosa of to'achuu Hafuura Qulqulluu isa Inni qabu sana yeroo ta'u, sana booda Isaa waliin wal qabataa taatu. Isin isatti dabalantu.

92 Humni keessan yeroo akka humna Isaa ta'u, itti dabalattu. Beekumsa keessan akka beekumsa isaa yeroo ta'u—"Yaa Waaqayyo fedha kee raawwachuufan dhufe." Inni Dubbii Abbaatiin, Seexana hunda mo'ate. Waaqaa fi lafti ni darbu, Dubbichi garuu hin darbu. Argitanii, yeroo beekumsa akkasii argattan, amantii kee wajjin wal fudhata. Yeroo gosa of qabuu isa sirrii argattan, akkuma Inni godhe, wal simataa ta'a.

Yoo hin ... ta'e, amantii namni tolchee, amantii hir'uu, amantii irra dibaa qofa ta'a, ykn of qabuu.... "Oo, isa dha'uutu narra ture. Garuu tarii yoon dha'e himata narratti banu waan ta'eef yoon dhiise naaf wayya." Sun gosa of qabuu Inni dubbachaa jiru miti. Sana itti dabaluu hin yaalinaa, sun hin hojjetu.

Garuu yeroo dhuguma garaa keessan irraa nama hundaaf dhiifama gochuu dandeessan, callisaa dhiisaa, haa deemuu, argitanii, sana booda wal qabataa ta'a. Sana amantii keessan irratti dabaluu dandeessu. Whew! Waldaan akkas hir'uu ta'uun ishee nama hin ajaa'ibu. Sirrii mitii? Waan nama ajaa'ibu miti.

93 Yeroon, "Yaada garaa geddaradhaa, cuuphamaas" jedhu, yeroo Macaafni Qulqulluun, "maqaa Yesus Kiristoosiin" jedhu, namni sadan tokkummaa gogaan sana hin amanne immoo, "Jaarsa mormituu Kiristoos sana! Inni Maqaa Yesuus, inni warra Yesuus Qofaa ti" isiniin jedha, ilaali gurbaa! Yeroo kanatti egaa waa'ee of qabuu keetii ani hin beeku.

Maaliif dhuftee, "Obboleessa Biraanhaam kana waliin haa sababeessinuu? Ibsa kana dhaga'uun barbaada," hin jettu, yoos gadi bu'ii dhaggeeffadhu. Sana booda sirriitti fuuldura kee kaa'ama, achiis ni deemta. Daqiiqaa muraasa booda, gara sanatti ni dabarra, gara nama Waaqayyoo ta'uutti.

Garuu yeroo balali'uu dadhabdan, hama dandeessan utaaluu barbaadu, hunh-uh. Kana miti, ilaalaa. Yeroo akkas gootan ammatti of qabuu Macaafa Qulqulluu hin arganne—akkamitti deebii akka itti kennitan. Sana booda, kana hunda yoo qabaattan, kana amantii keessan irratti dabaluu dandeessu.

94 Sana booda, afuraffaan booda amantii keessan irratti obsa dabaluu barbaaddu. Macaafni Qulqulluun, "Amantiin yoo qabaattan, amantiin obsaan danda'uu fida" jedha. Kanaafuu kun obsaan danda'uu dha. Amma, sun wanti itti aanu isa dhagna kana ittiin ijaaruuf deemnudha. Waaqayyo mana isaa keessaa meeshaa dhugaa akka qabu ni beektu. Obbolootaa, obboleettotaa, hammam akka gabaabbanne argaa jirtuu? Bakka jirru ilaalaa mee? Eeyyee obbo.

Hubadhaa, ulfina qabna, iyya qabna, waan tokko qabna, sababni isaas amantii waan qabnuuf. Garuu yeroo wantoota kanatti gadi buunu Waaqayyo dheerina dhagna sanatti nu ijaaruu hin danda'u. Inni gara iddoo akkasiitti nu geessuu hin danda'u. Wantoota biroo kanneen hunda arganneerra. Kufnee isaa wajjin lafarra foqoqna, ilaalaa. Waldaa isaa ijaaruu hin danda'u.

95 Maal irratti obsa qabaachuudha? Obsa akkamiiti? Wanti jalqabaa Waaqayyoof obsa qabaachuudha. Yoo amantii dhugaa haqa qabeessa qabaattan, obsa dhugaa haqa qabeessa ni qabaattu, sababni isaas amantiin obsaan danda'uu fida. Waaqayyo waanuma fedhe yeroo dubbatutti, isa amanaa. Kana qofa. Obsa qabdu jechuu dha.

"Eeyyee, halkan edaa akka na fayyisuuf Isa kadhadheera, ganama har'as akkuma kana dhukkubaa jira" jetta. Yaa waaqa koo! Obsa akkamiiti!

Waaqayyo Abrahaamitti dubbate, waggaa digdamii shan boodas mallattoon tokkollee hin mul'anne. Ammas ni amane. Inni Waaqayyoof in obse. Yeroo hundumaa Isa fuuldura keessan kaa'aa. Wanti isin dura dursee qaxxaamuru Isa haa ta'u. Isa qaxxaamuruu hin dandeessan, kanaafuu isa of dura buusaatii eegaa. Innis jennaan, ni ta'a, ilaalaa. Of dura buusaa. Sirriidha.

96 Nohi obsa qaba ture. Eeyyee! Nohi obsa Waaqayyoo isa dhugaa qaba ture. Waaqayyo, "Ani biyya lafaa kana roobaan nan balleessa" jedhe, Nohis waggaa 120 lallabe—obsa baay'ee. Fixeensi tokko illee samii irraa hin buune. Homtuu hin jiru ture. Waggoota 120f akkuma yeroo kamiyyuu nukkeedhaan kan guutame ta'us, inni obsa qaba ture.

Sana booda Waaqayyo obsaan danda'uu keessan qoree ilaala. Sirriidha. Waaqayyo qoree ilaala. Erga Nohitti himee booda amma, "Nohi, akka ati fuulduratti deemtee doonii keessa seentu nan barbaada. Ani bineensota achi keessatti ol nan naqa. Akka ati ol seentee yaabbannoo irra ol baatun barbaada, amma, akka ati foddada gubbaatiin ala ilaaluu dandeessuuf. Amma, akka ati achi seentu nan barbaada. Namoota kanaan, 'Boru wanti ani waggoota 120f lallabaa ture raawwatamuuf jira' akka jettu nan barbaada. Tole, ati achi gadi bu'ii itti himi" ittiin jedhe.

Mallattoon jalqabaa maal ture? Nohi doonii keessa seene. Roobni hin roobne.

97 Nohi ni qophaa'e, uffata roobaa fi waan hundumaa uffatee, al tokko tokko ala ilaaluu akka danda'uuf —in qophaa'e. Garuu guyyaa itti aanutti....

Maatii isaa, ijoollee durbaa isaa, soddaa isaa fi hunda isaaniitti himuu hin oolle. "Yaa Waaqa koo! Boru waan takkaa hin argine arguuf jirtu, sababni isaas samiin hundi gurraacha'uuf jira, akkasumas qaqawwee fi balaqqeessi ni ta'a. Billaan Waaqayyoo inni jabaan waaqa keessaa luqqifamuuf jira. Tuuta cubbamootaa warra waggaa 120 kanaaf nu tuffataa turanitti faraduuf deema. Akeekkadhaa ilaalaa" isaaniin jedhe.

Argitanii, amantoota amantiin hir'uu tokko tokko, ni beektu, kanneen qaqqabatoo fi gonkumaa ol hin seenne, ni beektu (Ammallee isaan akkasii qabna), kanaaf isaan ol dhufanii, "Eeyyee, jaarsi sun sirrii ta'uu hin oolu, kanaaf ol baanee guyyoota muraasa eegna ... ykn ganama sa'aatii muraasa eegnee, itti ilaalla" jedhan.

98 Guyyaa itti aanutti, duumessa gurraacha osoo hin taane, kunoo aduun akkuma yeroo kaanii ol baatee argamte. Nohis ala ilaale, "Heey, duumessi hin jiru!" jedhe.

Namichi sun ol itti deemee, "Ahaa, isaan keessaa tokko akka taate beekan ture. Argitee, asii bashannana jirtaa!"

"Egaa dhiifama naaf godhi obbo. Ha-haa. Tarii ani qofa, beekta, xiqqoo natti tolaadha, beekta gosa.... Ha-ha-ha."

Nohi garuu, obsa qaba ture. "Har'a dhufuu baatus bor garuu as ga'a" jedhe. Maalif? Waaqayyo akkas in ta'a jedheera.

"Nuhi, Inni yoom akkas jedhee sitti hime?"

"Waggaa dhibbaa fi digdama dura. Hama kana iyyuu eegee waanan dhufeef amma xiqqoo eeguun

na hin dhibu.”

Hubadhaa, yeroo muraasa booda Waaqayyo waldaa hamma kana eegaa tureef ni dhufa. Garuu sun ni ta'a, hin yaadda'inaa. Innis isa badachiiseera. Yeroo kana hunda du'aa ka'uu eege. Kan biraan tokko jira. Hin yaadda'inaa. Waaqayyo kakuu galeera. Obsaan qofa eegaa.

99 Ati ni raftu. Utuu wanti sun hin raawatin dura hirriba xiqqoo rafuu dandeessu ta'a, garuu yeroo sanatti ni dammaqxu. Sana kakuu galeera kaa, hubadhaa. Waan hirriba du'aa jennu kana ni beektu. Wanti nuti “du'a” jennu, hirriba xiqqoo qofa, ykn Kiristoos keessatti rafuudha. Kiristoos keessatti du'uu wanti jedhamu hin jiru. Jireenyi fi duuti wal faana hin jiraatan, ilaalaa. Hirriba qofa rafna; hirriba hiriyyoonni keenya irraa nu waamuu hin dandeenye. Kan nu waamu danda'u Isa qofa. “Inni ni waama, anis Isa jalaa nan owwaadha” jedhe Iyoob. Iyoob erga rafee amma waggoota kuma afur ta'eera. Hin yaadda'inaa. Inni ni dammaqaa hin yaadda'inaa. Inni ammallee eegaa jira.

100 Nohi ni eege. Guyyaan afraffaan ni darbe—roobni hin roobne. “Hunduu gaarii dha. Roobuuf jira.”

Haati manaa Nohi naannoo sana dhuftee “Abbabbaa, dhugaa keetii?” utuu jettuu natti dhaga'ama.

“Akkasitti hin dubbatin.” Inni obsa qaba ture, sababni isaas amantii qaba waan ta'eef. Eeyyee obbo. Humna ykn gaarummaa qaba ture. Waaqayyo sirrii ta'uu isaaf beekumsa qaba ture. Inni of qabuu qaba ture. Innis lafarra foqoqee, “Eeyyee, maal akka ta'e hin beeku. Beekantummaa koo hunda achi keessaa dhabeera” hin jenne. Lakki, lakki. “Namoonni kana booda naaf hin dhimman. Achitti baheen waan hunda akka haaraatti irra deebi'ee jalqaba.” Lakki, lakki. Inni obsa qaba ture. Waaqayyo kakuu galeera; Waaqayyo ni raawwata. Waaqayyo akkas jedheera waan ta'eef ni raawwata.

101 Ilmi isaa naannoo isaa dhufee “Abbaa beekta...” (Harka isaa rifeensa isaa harrii dheeraa sana qaqqabaa, ni beektu. Umuriin isaa waggaa dhibbaan lakkaa'amu ture, ni beektu, akkasitti achi taa'ee jira), “Ati abbaa maanguddoome ta'uu kee nan beeka. Abbaa sin jaalladha, garuu xiqqoo dogoggoruun kee waan hin oolledha, akkas mitii ree?” ittiin jedhe.

“Oo, lakki, lakki.”

“Maalif?”

“Waaqayyo akkas jedheera.”

“Eeyyee, Abbaa, kunoo guyyaa ja'a ol taa'eera, erga as ol doonii goggogaa guddaa dulloomaa kana keessa taa'uu jalqabnee. Hundi isaa maragameera, keessaa fi alaan, waggoota kana hunda isa ijaaraa turre. Ati achi ala dhaabbattee hanga arrii baaftutti, rifeensi mataa kee sirraa dhumuttis lallabdeetta. Kunoo amma immoo as ol jirta, waan akkasii fi waan akkanaa dubbachuuf yaalaa jirta. Ummannis sitti kolfee timaatima tortoraa fi wantoota kosaawoo itti darbataa jira. Mee waan hojjettaa jirtu kana ilaali. Maaliif beektaa...”

“Obsi ilma koo.”

“Dhugaa keetii?”

“Roobni ni rooba!”

Haati manaa ilma isaas, “Abbaa, ni beektaa, ani...”

“Roobni ni rooba!”

“Garuu waggoota kana hundumaa eegaa turre; yeroo kana hunda qopheessaa turre, roobni akka roobu erga nutti himtee torbanirra darbeera. Nutis as keessa jirra, balbaloonni hundis nutti cufamanii jiru, kunoo immoo as keessa naanna'aa jirra, aduun immoo akkuma duraaniitti gadi laboobaa jira.”

“Garuu ni rooba!”

“Akkamitti beekta?”

“Waaqayyotu jedhe.”

102 Amma yeroo karaa sana argattan, itti dabaladhaa. Garuu yoo haala sanaa hin arganne yoo ta'e itti dabaluuf hin yaalaa. Hin hojjetu. Fayyisuu irratti hin hojjetu, waan biraa irrattis hin hojjetu, ilaalaa. Meeshaa walitti maxxansuu danda'u isuma duraa sanaan walitti hidhamuu qaba. Sirriidha. Itti dabaluu qabdu. Abdii Waaqayyoof obsa qabaadhaa. Eeyyee obbo. Nohi ni amane, waggaa 120 obsees Waaqayyoo eege.

103 Musee, Waaqayyo biratti obsaan danda'uu qaba ture. Eeyyee obbo. “Musee, iyya saba kootii dhaga'eera. Rakkina isaanii argeera. An bilisa isaan baasuuf gadi bu'aan jira. Dachaa sanatti si erguufan deema.”

Wal mormii xiqqoo tokkotu achitti isaa fi Waaqayyoo gidduu ture, Waaqayyos ulfina Isaa Isatti mul'ise. Innis, "Kunoo nan deema" jedhe. Al tokko qofa ulfina Waaqayyoo yeroo argetti, hubadhaa, amantii argate.

"Musee, harka kee keessa maaltu jira?" ittiin jedhe.

Innis, "Uleedha" jedhe.

Innis "Uliche lafa buusi" jedhe. Gara bofaatti jijjiirame.

Innis "Yaa, waaqa koo" jedhe.

"Musee, deebisii ol dhaabi. Ergan gara bofaatti jijjiiruu danda'e deebisee uleetti deebisuus nan danda'a" jedhe. Ameen! Waaqayyo jireenya foonii naaf kennuu yoo danda'e, jireenya hafuuraa naaf kennuu danda'a! Waaqayyo dhala jalqabaa naaf kennuu yoo danda'e, dhala lammaffaa naaf kennuu danda'a! Ameen! Waaqayyo fayyina hoodaatiin dhagna kana fayyisuu yoo danda'e, bara dhumaatti ulfina isaaf deebisee kaasuu danda'a! Sirriidha.

"Ulee kana gadi darbadhee, gara bofaatti jijjiiruu yoon danda'e, gara uleetti deebisuus nan danda'a. Eegee isaa qabiitii ol dhaabi!" Museenis gad jedhee harkaan qabe. Kunoo ulee ta'e. Sana booda beekumsa itti dabaluu eegale, ilaalaa.

"Harki kee maal ta'e, Musee?"

"Homaa."

"Bobaa kee gidduu kaa'i."

"Tolee, maalidha waansaa?"

Lamxiidhaan dha'amee liqqa'eera. "Yaa Gooftaa, harka koo in argitaa!"

"Musee, bobaa kee gidduutti deebisi." Akkasitti deebi'ee fayye—akkuma isa duraatti deebi'ee....

Sana booda wantoota akkasii itti dabaluu jalqabe. Eeyyee obbo.

104 Achitti gadi bu'e ... mormii jalqabaa, achitti gadi bu'e. Fuul duratti achi ba'eesi, "Waaqayyo Gooftaan 'saba koo gadhiisi!' jedheera! Fara'oon, kana akka beektu nan barbaada: Ani bakka bu'aa Waaqayyoo ta'ee dhufeera. Anaaf abboomamuu qabda" ittiin jedhe.

Fara'oonis, "Abboomamuu? Eenyu akkan ta'e beektaa? Ani Fara'oonidha. Natu siif abboomamaa—garbaaf?"

"Naaf ajajamta, kanaa achii ni badda. Lamaan keessaa tokko kan barbaadde filadhu." Maalif? Waan dubbatu ni beeka ture. Ergama qaba ture. Inni achitti gadi bu'eera. Waaqayyoo wajjin haasa'aa ture. Amantii qaba ture. Eessa akka jiru ni beeka ture.

"Akkan siif ajajamu barbaaddaa? As keessaa dafii ba'ii!"

"Sittan agarsiisa."

"Milikkita natti agarsiisi." Ulee isaa lafatti gadi darbate; innis gara bofaatti jijjiirame.

105 "Maaliif," jedhe, "Sun toftaa falfalaa rakasadha! Daqiiqaa tokkoof as koottaa mee. Yaanesii fi Yaambres, as koottaa. Ulee keessan lafa buusaa." Isaanis lafa buusan, innis gara bofaatti jijjiirame.

"Amma yaa waan rakasa nana, as gara kootti gadi bu'i mee, an nama Gibxiiti, an Fara'oon Gibxii ti. Ati immoo mala falfalaa rakasa wayii qabatee natti gadi buutaa! Haa! ['Tolcha keessan keessaa muraasa,' ni beektu. Sammuu namaa dubbisuu. Maal jechuu akkan barbaade ni beektu. Dubbisa....dubbisaa akka jirtan abdiin qaba. Telepathy sammuu, ykn waan akkasii, argitaniittu.] Sana keessaa muraasa qabatee asitti gadi buutaa" jedhe. "ba'eessa, nutis waanuma ati gootu gochuu dandeenya" jedhe.

Museen hoo? Inni, "Yaa obbo Fara'oon, dhiifama gooftaa. Ani garba kee nan ta'a" hin jenne. Lakkii obbo. Inni cal'isee dhaabbate. Ameen. Achuma ture.

Waaqayyo akkana jedhe (amma, shakkii hin qabu, garaa isaa keessatti), "Cal'uma jedhi. Waan tokko sittan agarsiisaa."

106 Yeroo waan Inni hojjedhu isiniin jedhe sirriitti hojjettanii, sana booda waan dogoggortan isinitti fakkaatutti, cal'isaa dhaabbadhaa. Obsa qabaadhaa. Museen, "Ati beekta, yeroon hundee sanarra kaa'ame, obsi immoo hundicharra kaa'amee ture. Kanaafuu waan Waaqayyo godhu qofan eega" jedhe.

Achitti bofti durii sun naanna'anii walitti siiqsaa, walitti fooricaas turan. Dura wanti beekuu qabdan,

bofti Musee, "Liqim, liqimi, liqim" jedhee, ba'ee hunda isaanii liqimsee fixe. Inni obsa qaba ture.

Warra Gooftaa eeggatan, humni isanii ni haareffama,

Akka jooiraas koola baasanii ol kaatu, (Sirriidhaa?)

Ni deemu hin dadhaban, ni fiigu hin mudhukan;

.....

Gooftaa qofa eeggadhaa. Obsa qabaadhaa.

107 Eeyyee, obbo.

Sana booda Israa'eliin baasuuf ture. Mormiin guddaatu ka'e, Museenis obsaan eege. Achiis gara lafa onaatti ba'e. Innis gara deemsa guyyaa sadii ykn afurii qofa ture. Iddoo inni irraa ka'ee qaxxaamure irraa, iddoo ammas deebi'anii qaxxaamuran irraa maayilii afurtama qofa fagaata. Museen garuu lafa onaa keessatti waggaa afurtama eege. Obsa. Ameen. Sirriidha. Waggaa afurtama eege. Oo, eeyyee gooftaa.

108 Nutis walii walii keenyaaf akkasuma obsa qabaachuu qabna turre, hubadhaa. Yeroo tokko... Walii walii keenyaaf akka malee obsa dhabna. Akka Musee ta'uu qabda jenneemmoo yaadna. Museen namoota sanaaf obsa qaba ture. Ilaalaa, akka isaan gamatti hin ceene kan isaan godhes kanuma.

Argituu, yoo waan tokko hojjechuuf yaalaa jirtu ta'e—akkuma isan tokkoon tokkoon miseensa Godoo Qulqullaa'aa kana akka ta'an arguuf, ergaa kana Godoo Qulqullaa'aa biraan ga'uuf yaalaa tureeti—sana gochuun rakkisaadha. An obsa qabaachuuf yaaleera. Kunis waggoota soddomii sadii natti fudhateera. Obsa qabaadhaa. Dubartoonni ammallee rifeensa isaanii akkuma duraatti ofirraa muru, garuu obsa duwaa qabaadhaa. Obsa qofa qabaadhaa. Eegaa. Sun dirqama. Yoo sana hin qabdan ta'e, waan asii gadi jiru kana irratti ijaaruuf hin yaalinaa. Obsa qabaadhaa.

109 Yeroo tokko yeroo tuutni finciltootaa sun obsa dhabuu akkasii keessa galanitti Museen iyyuu waan dogoggoraa akka hojjetu taasisan. Haa ta'u malee garuu, yeroo abbaa balleessaa adda baasuun dhufutti Waaqayyo gocha isaanii kanaan aaree finiine. Innis, "Musee, isaan irraa adda of baasi. Tuuta isaanii hundumaa nan ajjeeseen fixa, akka haaraattis sirraa nan uuma" jedhe.

Innis dallaa keessatti of darbatee gidduu seenuudhaan, "Waaqayyo, kana hin godhin" jedhe. Maalif? Saba isa irratti fincilaa jiru sanaaf obse.

Akkas gochuu yoo dandeenyaa laata? Yoo hin dandeessan ta'e kana irratti ijaaruuf hin yaalinaa, sababiin isaas hin jijjiiru. Akkasitti inni jalqabaa gara kanaatti 'vulcanized' ta'a, akkasumas tokkoon tokkoon isaanii akkasitti 'vulcanized' ta'uu qabu. Yoo kana hin gootan ta'e, gara dheerina iddoo jireenya Waaqayyoo isa jiraataa sanaa ta'uutti hin dhuftan. Obsa hin qabdan, obsa walii waliif obsamu.

110 Tole.

Ijoolleen Ibrootaa obsa qabu turan. Dhugaadha obsa qabu turan. Waaqayyo kakuu isaaniif galee ture ... "Bifa fakkeenya kamiifuu hin sagadinaa" isaaniin jedheera. Isaan gGaruu obsa qabu turan. "Waaqayyo keenya ni danda'a. Garuu kanas ta'e sana, bifa fakkeenya keetiif hin sagannu" jedhan. Obsa, kana beekuun, innis Waaqayyo bara dhumaatti deebisee akka isa kaasudha. Jireenyi kun hundumaafuu hiika guddaa hin qabdu, hubadhaa. Waaqayyo bara dhumaatti deebisee ni kaasa. "Garuu bifa fakkeenyaaf sagaduutti dhufuu yoo ta'e, hin sagannu. Amma, waan kan Qeesaar ta'e Qeesaariif kennina. Garuu waa'ee Qeesaar Waaqayyoon gidduu seenuutti yoo dhufne, Waaqayyootu dursa. Waaqayyo, 'Bifa fakkeenya sanaaf hin sagadinaa' jedheera, nyuis hin sagannu. Waaqayyo keenya nu oolchu danda'a. Yoo nu oolchuu dhaabaates bifa fakkeenyaatiif hin sagannu" jedhan.

Innis, "Tole. Ibiddi boba'utu isin eeggata" jedhe.

"Ba'eessa" jedhaniin, "Oo, halkan kana roobni cimaan ni rooba jennee yaadna, guutummaa isaas in dhaamsa" jedhan. Garuu hin roobne. Amma illee in obsan.

111 Borumtaa isaa ganama mana murtiitti yommuu dhiyaatan, Nebukadnezaar achi taa'a ture. Innis, "Tole, ijoollee nana. Akka mootii keessaniitti na yaadachuuf qophoofaniittuu?" jedhe.

"Shakkii malee. Yaa mootii, bara baraan jiraadhu."

"Amma bifa fakkeenya kootti sagadaa."

"Oo, lakki!"

"Ba'eessa, gubamuuf jirtu. Isin ogeeyyiidha, isin qaroodha. Gargaarsa guddaa nuuf gootaniittu. Mootummaa keenyaaf eebba taataniittu. Kana gochuu akkan hin barbaanne hubachuu hin dandeessanii? Garuu asitti labsii baaseen jira, sun immoo raawwatamuu qaba. Achitti isin darbachuu hin barbaadu. Yaa

dhiirota nana, maal taatan?"

"Sun waan gaarii akka ta'e in beekna, garuu Waaqayyo keenya nu oolchuu danda'a. Garuu kanas ta'e sana ... obsa qabna."

Inni tokko isa kaan ilaalaa raampii irra ol ba'uu jalqaban. "Hunduu gaarii dhaa?"

"Hunduu gaarii dha. Obsa qabna."

Tarkaanfii tokko deeman, Waaqayyo achi hin turre. Tarkaanfii lama, Inni achi hin turre. Tarkaanfii sadii, tarkaanfii afur, tarkaanfii shan, akkasumaan itti fufe. Ammas Inni achi hin turre. Achumaan gara boolla ibiddaa keessaa boba'uutti tarkaanfatan. Isaan obsa qabu turan. Garuu Inni achi ture. Argitanii, ibiddi jabaan sun fuunca harkaa fi miila isaanii qofa gubee isaan irraa ciccire. Achiis yeroo isaan jala boollichaa qaqqabanitti, Inni achi ture, hubadhaa. Isaan obsa qabu turan.

112 Daani'eel, akkasuma ture. Daani'el obsa qaba ture. Sirriidha. Inni abdii hin kutanne. Lakkii obbo. Maal godhe ree? Foddawwan sana banee akkumasaatti kadhate. Sun ulaagaa Waaqayyoo ture. Obsa qaba ture. Waaqayyo dubbii isaa eeguu akka danda'u beekke Waaqayyoon eeggate. Isaanis boolla leencotaa keessatti isa darbatanii, "Leenconni si haa nyaatan" ittiin jedhan.

Innis, "Kun rakkoo hin qabu" jedheen. Inni obsa qaba ture. Maalif? "Eeyyee, yeroo kana hunda Waaqayyoon eegeera. Waggoota kuma muraasa dabalataa eeguun yoo narra jiraate, guyyoota dhumaatti deebi'ee nan ka'a. Kanaaf obsan qaba. Nan eega."

Phaawulos obsa qaba ture. Dhuguma obsa qaba ture. Phaawulos maal akka godhe ilaalaa.

113 Waa'ee obsa haasa'aa mee, namoonni Pheenxeqoosxee hoo? Hanga komishinii qabanitti, "Hanga.... Hanga humnaan guutamanitti eegaa."

"Hanga yoomiitti?"

Hamma yoomiitti kan jedhuuf wal nama hin gaafachiisu. Deebii isaa argataniiru. "Hanga...eegaa." Isaan achitti ol ba'anii, "Tole ijoolle, tarii daqiiqaa kudha shan booda Hafuurri Qulqulluun nurra bu'a, tajaajila keenyas ni jalqabna" jedhan. Daqiiqaan kudha shan ni darbe—homtuu hin jiru. Guyyaan tokko in darbe—homtuu hin jiru. Lama, sadii, afur, shan, ja'a, torba. Isaan keessaa kaan, "Heey, duraanuu waan qabnu isinitti hin fakkaatuu?" jedhan.

"Lakki, lakki, lakki, lakki."

"Ijoollee nana, utuu kaatanii baatanii isniif wayya."

Seexannis, "Waan barbaaddan duraanuu akka argatta beekaa. Itti fufaatii tajaajila keessan jalqabaa" jedhe.

"Lakki, lakki, ammatti hin arganne, sababiin isaas Inni, 'Guyyaan ... ni dhufa [wanti guyyoota gara dhuma keessatti ta'u]. Sagalee giingeetiin, afaan ormaatiinis saba kanatti Nan dubbadha, aara galfiin Ani jedhes isa kana' jedheera." (Isaayyaas 28:19) Innis, "Kunoo akka in ta'a. Yeroo...ni argattu, gaafa inni dhufu ni beektu" jedheera.

"Yeroo dhufu nutti beekama. Ni beekna. Inni kakuu Abbaa irraa nuuf kennamedha." Guyyaa sagal guutuu eegaa turan, achiis guyyaa kurnaffaa irratti, Inni achi argame. Obsaan eegaa turan.

114 Amma, erga Waaqayyo abdii isiniif kennee booda obsa akkasii yoo qabaattan, Macaafa Qulqulluu keessattis yoo argitan ... "Kan kooti"; sana boodaa eegaa. Sana booda obsa akkasii yoo qabaattan amantii keessan irratti dabaladhaa. Amma hammam ol ka'aa akka jirtan argitanii? Amma hanga asiitti ol dhufaa jirtu. Tole. (Sa'aatiin harkaas naanna'ee walirra bu'aa jira.) Tole.

Kana amantii keessan irratti dabalaa, yeroo hundumaa Isa of dura kaa'aadhaan, kan abdachiise Isa akka ta'e yaadadhaa. Anatu abdachiise miti, Paastariitu (Obboleessa keenya Neville'tu) abdachiise miti, tajaajilaan biraatu abdachiise miti, luba ykn phaaphaasii tokkotu abdachiise miti; nama lafaarraa tokko iyyuu miti. Inni abdicha kenne Waaqayyo dha, Waaqayyo immoo waan abdachiise hundumaa eeguu ni danda'a.

115 Baay'ee gaariidha. Amantii akkasii qabaattabii Waaqayyo kakuu akka isiniif gale yoo beektan.... "Obboleessa Biraanhaam, dhukkubsadheera. Fayyina, dinqisiisaa argachuun barbaada"jetta. Fudhadhu. Kennaa siif kennamedha, eeyyee gooftaa, yoo amanuu dandeesseef.

"Tole" jedhi, "Nan amana" jedhi. Sana booda dagadhu. Kuma. Raawwatameera. Argitanii, obsa qabaadhaa.

Yoo obsa qabaattan.... Yoo hin qabdan taatan garuu gamoo kana irraa caccabaa jirtu. Kan hafe

hundumaas ni kuffisa, wanti tokkichi sun. Sana qabaachuu qabdu. Itti hin dabaliinaa, sababiin isaas yoo obsa hin qabdan ta'e sun gamoo keessan caccabsa. Amantii keessan (isa nan qaba jettanitti) irratti dabaluu virtue hin qabdan yoo ta'e, amantii homaa illee utuu hin qabaatin virtue irratti dabaluu yoo yaaltan, inni amantii keessan diiga.

Kanaaf, "Tolee amma, turi mee. Tarii kun hundi karaa kamuu dogoggora ta'uu danda'a. Tarii Waaqayyo Waaqayyoon miti ta'a. Tarii Waaqayyo hin jiru ta'a" in jetta. Argitee, waan sana iddoo lamatti addaan cabsa, ilaali.

116 Garuu yoo amantii dhugaa qabaattan, sana booda virtue dhugaa isarra kaa'aa, itti aansuun beekumsa dhugaa, itti aansuun of qabuu dhugaa, itti aansuun obsa dhugaa. Hubadhaa, sarara qabattanii ol ijaaramaa jirtu.

Tole, shanaffaa irratti, nama Waaqayyoo ta'uu itti dabalaa. Yaa waaqa koo. Nama Waaqayyoo ta'uun itti dabalammuu qaba. "Nama Waaqayyoo ta'uu" jechuun maal jechuudha? Galmee jechootaa afur shan keessa ilaalee, hiika isaa illee argachuu hin dandeenye. Dhumarratti, gara Obboleessa Jeeffriisitti gadi bu'een ture. Galmee jechootaa keessaa arganne. "Nama Waaqayyoo ta'uu" jechuun "Akka Waaqayyoo ta'uu" jechuudha. Yaa waaqa koo. Erga amantii, humna ykn gaarummaa, beekumsa, of qabuu, obsa argattanii booda akka Waaqayyoo ta'aa. Whew!

"Ani akkas gochuu hin danda'u, Obboleessa koo Biraanhaam" jetta. Oo, eeyyee, ni dandeessa. Mee daqiiqaa tokko qofaaf asitti caqasoota muraasa isiniif haa dubbisu. Maatewos 5:48. Isa kana fudhannee, maal akka fakkaatu ilaalla—Maatewos 5:48—akka Waaqayyoo ta'uu qabduu fi hin qabdanii keessan ilaalla.

Macaafni Qulqulluun, "Isin waaqayyoota" akka jedhu ni beektu. Yesuustu akkas jedhe. Maalif? Wanti Waaqayyo keessa jiru hundi isin keessa jira. Maatewos 5:48. "Egaa abbaan..." (Yesuus ayyaanomuu keessatti yeroo dubbatu) "Egaa abbaan keessan inni waaqa irraa mudaa malee (mudaa malee jechuun maali?) akkuma ta'e, isinis warra mudaa hin qabne ta'aa!"

Amma utuu sana hin raawwatin ol gubbaa kana geessaniittu. Wantoonni kun hundi dursa itti dabalammuu qabu. Sana booda asitti ol dhufna, egaa Inni, amma warra mudaa hin qabne akka taatan isinitti hime—nama Waaqayyoo ta'uu—ilmaanii fi intaloota Waaqayyoo ta'uu. Sirriidha. Toora sanaan waan meeqa jechuu nan danda'an ture.

117 Mee gara Efesoon 4tti haa deebinu, asittis waan... macaafa Efesoon keessattis waa'ee waan kanaa, waa'ee maal gochuu akka qabnuu waan inni jedhu haa ilaallu. Efesoon, boqonnaa 4ffaa, akkasumas lakkoofsa 12ffaa irraa jalqaba. Efesoon 4 fi lakkoofsa 12ffaa irraa jalqaba. Tole, mee as ol keeyyata 11ffaa irraa haa jalqabnu.

"Isumatus namootaaf kennaa kenne; kennaan isaas kaan ergamoota, kaan waan Waaqayyo isaanitti mul'ise warra himan, kaan warra wangeela lallaban, kaan eegdota, kaanis barsiisota akka ta'aniif ture.

Inni warra Waaqayyoof qulqullaa'an, hojii isa itti ergaman sanaaf qopheessuudhaaf, [waldaa isaa] dhagna Kristos sanas cimsuudhaaf kana godhe.

Kunis hamma hundumti keenya tokkummaa amantii, ilma Waaqayyoo beekuu namoota ga'an taanee, guddannees nama mudaa hin qabne taanee, safara guutummaa dhiirina Kristos bira hamma geenyyutti ta'a, kjv."

118 Mudaa kan hin qabne. Nama Waaqayyoo ta'uudha. Amantii keessan irratti dabaluu qabdu, nama Waaqayyoo ta'uu. Hubadhaa, as goda kanaa 'virtue' dhaan jalqabdu, achiis gara beekumsaatti ceetu, achiis gara of qabuutti ceetu, achiis gara obsaatti ceetu, amma nama Waaqayyoo ta'uu irra geessaniittu. Nama Waaqayyoo ta'uu. Yaa waaqa koo! Yeroon keenya sokkaa jira, garuu "Nama Waaqayyoo ta'uu" jechuun maal jechuu akka ta'e ni beektu. Faarfannaa kana ni faarfaattu.

Akka Yesuus ta'uuf, akka Yesuus ta'uuf,

Lafa irratti akka Isaa ta'uun hawwa;

Deemsa jireenyaa lafaa irraa gara ulfinaa hundumaa keessatti

Akka Isaa ta'uu qofan kadhada.

Sun nama Waaqayyoo ta'uudha. Yeroo fuula Isaa gam tokko kabalanitti, gama kaanis isaanitti qabe. Yeroo gara jabinaan Isa arrabsanitti, Inni isanitti hin dubbanne, Inni deebisee jechaan isaan hin waraanne, hubadhaa. Inni nama Waaqayyoo ta'uudhaan, yeroo hundumaa waan tokko qofa barbaada: "Yeroo hundumaa waan Abbaa gammachiisu nan hojjedha." Eeyyee, gooftaa, yeroo hundumaa. Sun nama Waaqayyoo ta'uudha.

119 Ilaalaa, erga sana xumurtanii booda as irraa, garanatti, garanatti, garanatti, garanatti, garanatti

dhufu, amma gara dheerina guutuutti dhufaa jirtu, amma, gara ilma Waaqayyoo ta'uutti. Garuu kana qabaachuu qabdu, kana hunda itti ida'aa. Hanga kana argattanitti immoo hin jalqabinaayyuu.

Amma, qurruu baallee piikookii qabu ni yaadattuu? Isa hin dagatinaa, hubadhaa. Hanga qabatamaatti lammaffaa dhalattanitti itti dabaluu hin yaalinaa, sababiin isaas faayidaa hin qabu. Akka fayyadu gochuu hin dandeessan. Hamma kanaatti, ykn hamma asitti ol ni dhufa, iddoo ta'e tokkotti garuu caccabee hurraa'a. Garuu gara gugee dhugaatti lammata dhalatte kanaatti yoo gadi buutan, sana booda homaa hin dabalattan. Isumatu isnitti dabalama, ol dhufa.

120 Tole. Amma gara fiixaan ba'iinsaatti dhufaa jirra.

Tole, egaa ja'affaan, mee itti haa daballu—Macaafni Qulqulluun asitti jedha—obboloota jaallachuu, gaarummaa obbolummaa itti dabalaa jedha. Amma, sun waan gaarii dha. Asitti, kun isa ja'affaadha. Torbaffaa. Tole, obboloota jaallachuu itti dabaluu dha. Tole. Yeroo sanarra geenyutti—jaalala obbolummaa—dhimma kana irratti bakka sana of buusaa. Amma, isin akkas in jettu... "Obboleessi koo yoo cubbuu narratti hojjete" jedhe Phexros, "Dhiifama isaaf nan godhaa, hamma si'a meeqaatti?" jedhe. Itti fufees, "Hamma si'a torbaattia?" jedhe.

Yesuus immoo, "Hamma torbaatama si'a torbaatti" ittiin jedhe, hubadhaa.

Jaalala obbolummaa. Amma, argitee, obboleessi tokko akka malee yoo sitti darbe, nama obsa hin qabne itti hin ta'in. Lakkii. Gaarummaa isatti argisiisi. Sana bira darbii gaarummaa kee ittuma fufi.

121 Namni ta'e tokko dhi'eenyuma kana, "Akkamitti wantoota kana akkasitti utuu amantuu, ammoo gara warra Assemblies of God, gara warra Oneness fi warra hafan hundumaa deemta?" naan jedhe.

Jaalala obbolummaa, gaaf tokkoof abdachuudhaan.... Ilaalaa, obsa, of qabuu, i humnaa fi beekumsa qabaachuudhaan waan inni amanu hubadhaafii. Akkasumas yaadadhaa, garaa isaa keessa jira, sun ... waan jirudha. Gaarummaa, ofii keessanii qabaachuudhaan, gaarummaadhaan, garraamummaan isatti dhi'aadhaa, gaaf tokko Waaqayyo akka isa waamu amantii qabaadhaafii. Jaalalli obbolummaa, isa torbaffaadha. Tokko, lama, sadii, afur, shan, ja'a, torba, ilaalaa. Waan torba.

Sana booda, amma ol dhufaa jirtu! Wanti itti aanu sana booda nama hundumaa jaallachuu itti dabalaa, innis jaalala. Sun guuttiyyee manaa ti. Guyyoota kana keessaa tokko waldaa keessatti....

122 Amma, adaraa, teeppii irrattis ta'e iddoo kamitti iyyuu wanti kun naaf haa beekamu, innis, kana akka doktiriiniitti barsiisuu koo miti, wantin amma jechuuf deemu kun. Wanti dhugaan maal akka ta'e qofan gargaarsa Waaqayyootiin isinitti agarsiisuuf....

Macaafni Qulqulluun jalqaba Waaqayyo barreesse, zodiyaakii samii keessa jiru ture. Innis durba irraa jalqaba; Li'oo ykn leencaan xumurama. Akkasumas yeroon mallattoo ja'affaa fi torbaffaa sana keessa seenu, mallattoo inni biraan sun yoom akka baname ni argattu, mallattoon zodiyaakii bakka sanaa kaansarii ture, innis qurxummii wal jala qaxxaamuraa ture. Sun bara kaansarii amma keessa jiraachaa jirru ta'uun isaa ifaadha. Mallattoon itti aanee baname, Li'oo ykn leenca mul'ise, kunis dhufaatii Kiristoos isa lammaffaa mul'ise. Inni jalqaba gara durbaatti dhufa; Inni itti aansee Li'oo, leenca ta'ee dhufa.

Kana karaa kanneeniinan fida.... Amma, ganama kana yeroo qabaachuu fi dhiisuu koo hin beeku. Sadarkaawaan kun piraamidii keessa akka jiran isinitti agarsiisuuf waanan danda'u hunda gochuufan yaala, sirriidha—Macaafa Qulqulluu isa lammaffaa Waaqayyo barreessedha. Henoktu barreessee piraamidii keessa kaa'e.

123 Inni sadaffaan (Waaqayyo yeroo hundumaa isa sadaffaa keessatti fiixaan ba'a), sana booda Sagalee isaa of godhe. Amma yaadadhaa, piraamidii keessatti (loltoonni fi namoonni kaan baay'een keessan Gibxii keessa turtaniittu jedheen yaada), piraamidichi guuttiyyee ykn qadaada hin qabu. Tasumaa qabaatee hin beeku. Dhagaa Iskoonii fi waan hunda, ni qabu, garuu ammallee....

Yoo kiisha keessan keessaa doolaaraa abbaa tokkoo qabaattan, doolaaricha ilaalaa mee, gama mirgaatiin joobira alaabaa Ameerikaa qabattee jirtu akka qabu ni hubattu. Akkasumas, "Mallattoo Ameerikaa" jedha. Gama biraatiin immoo piraamidii dhagaa guddaatiin qadaadame fi ija namaa qabu qaba. Gama kanaan, "Mallattoo Isa Guddicha" jedha. Tole, biyyi kun biyya guddoo erga taatee, mallattoo guddaan kun maaliif mallattoo mataa ishee, kan biyyattii ta'uu dhabe ree? Iddoo kamuu yoo deeman, Waaqayyo akka dhugaa bahan isaan taasisa.

124 Yeroo tokko doktora tokko waliin haasa'aan ture, inni immoo waa'ee fayyina waaqummaa irratti akkasumaan afaan na gogsaa ture. Daandii irra dhaabannee turre. Innis, "Obbo Biraanhaam, ati akkasumaan namoota burjaajessita" naan jedhe. "Fayyinni karaa ogeeyyii fayyaa qofaan miti"n jedheen.

Akka tasaa of duuba garagaleen mallattoo wayii konkolaataa isaa irratti arge—bofa utubaatti maramu sana qaba ture. Anis, "Yoos mallattoo sana konkolaataa kee irraa utuu baaftee siif wayya, sababiin isaas mallattoon kee Waaqayyo fayyisaa ta'uu isaa ragaa ba'a"n jedheen. Doktarri dhugaan kamuu kana ni

amana. Sun warra 'quacks' sana. Bofa utubaa irraa. Museen bofa sana utubaa irratti fannisee, "Ani Gooftaa isa dhukkuba keessan hundumaa irraa isin fayyisudha" jedhe, isaanis fayyina waaqummaa argachuuf gara bofichaa ilaalan. Haa ta'u malee ittii mormanii dhugaa ba'u. Ta'us mallattoon isaanii isaan irratti dhugaa ba'a! Whew!

125 Asitti sabni keenya yaada mataa isaanii dubbachuun wantoota kanatti qoosu; maallaqni isaanii, qarshiin isaanii garuu mallattoon guutummaa hawaa Waaqayyo ta'uu isaa dhugaa ba'a. Ija ol gubbaa sana dhaabatee jiru, doolaaricha irraa argitanii? Sun Mallattoo isa Guddaadha. Sun takkaa piraamidii gubbaatti kaa'amee hin beeku. Isaan hubachuu hin dandeenye. Maalif? Dhagaan mataa manaa ta'u sun in tuffatame, mataan—Kiristoos in tuffatame. Garuu gaaf tokko ni dhufa.

126 Amma gaarummaa ijaaruu keessatti, siidaa kana ijaaruu keessatti, dheerina kana ijaaruu keessatti, ilaalaa, dhagaa bu'uuraa irraa jalqaba: amantii, gaarummaa, beekumsa, of qabuu, obsaan danda'uu, nama Waaqayyoo ta'uu, jaalala obboloataa. Amma maal gochuufi? Sana booda dhagaa mataa sana eegaa jiru, innis jaalala. Waaqayyo jaalala waan ta'eef, Innis ni to'ata, Innis humna wantoota kana hundumaati. Eeyyee obbo.

Sirritti as keessa jira, argitanii? argadheera, hojiiwwan as jiran kana hundumaa gidduu jira, asitti immoo ... dambalii xixiqqoo wayiitu as dhufaa jira. Sun maali? Hafuura Qulqulluu karaa Kiristoos gadi bu'aa jirudha, Hafuura Qulqulluu ti. Hafuurri Qulqulluun kana hundumaa olitti kan jirudha, kana walitti weld godhaa jira, maal ijaaraa jira? Dhagaan mataa sun itti qadaadamee akka xumuruuf waldaa mudaa hin qabne ijaaraa jira! Ammas maal hojjechaa jira? Bara waldaa torbaa fi ergamtoota waldaa torbaan mul'isaa jira.

127 Achi duuba sanatti jalqabe.... Waldaan jalqaba eessatti hundeeffamte? Waldaan Pheenxeqoostee jalqaba eessatti hundeeffamte? Qulqulluu Phaawuloosiin Efesoonitti, urjii bara waldaa Efesooniin, Efesoonitti hundeeffamte. Barri waldaa lammaffaan Simiirnaadha, human fayyisu ture—Iraaniyes, nama guddaa wangeela Phaawuloos ol kaasedha. Barri waldaa itti aanu Phergaamos ture, innis ... Maartiin nama guddaa....tti qabamee jiraate ture.... Phaawuloos, Iraaniyes, Maartiin. Sana booda Tiyaatiraa keessatti Kolumbaatu dhufe. Yaadadhaa, asitti suuraan waan kanaa harkifamee jira—Koolumbaa. Koolumbaa booda bara dukkanaatu seena.

Achiis Saardestu dhufa, hiikni isaas du'eera jechuudha—Luuter. Haleeluiyaa! Sana booda hoo? Itti aansee maaltu dhufe? Saardes booda, Luuter, sana booda Filaadelfiyaatu dhufa—nama Waaqayyoo ta'uu; Wesley, qulqullummaa. Luuter, "Namni qajeelaan amantiidhaan in jiraata" jedhe; qulqullummaan karaa Wesley dhufe. Sana booda Laa'odiiqeyaa keessaan jaalalli obboloataa dhufa. Akkasumas ergaan guddaan Eliyaas lammaffaa mul'achuu isaatiin, guyyoota dhumaa keessatti, lafa haree akka qulqulleessu ni amanna.

128 Kunootii fudhaa: baroonni waldaa torba, gulantaawwan torba. Waaqayyo waldaa isaa ijaaruun akka nama tokko gara nama of danda'aa tokkootti, gara Ofii Isaatti ijaaruu ti—ulfinni, humni Waaqayyoo karaa kanaan gadi bu'ee, walitti nu baqsa.

Kanaafuu, namoonni Pheenxeqoostaalii warra Luteraanii gadi dhiisan, warra Wesliyaanii fi warra kana fakkaatan gadi dhiisan, waan dubbatan hin beekan. Hubadhaa, kutaa mana qulqullummaa kana keessa jiraachaa turan. Namoonni tokko tokko akkasitti hamma kana ol ka'anii gadi bu'uu danda'u. Garuu qaamni dhugaan ijaarsa gamoo sanaa itti fufu jira, ol haa seenu. "Ani iddootti nan deebisa" jedha Gooftaan.

"Muka misirroo" ni yaadattu? Lallaba "Muka misirroo" jedhu ni yaadattu? Isaan gadi nyaatu, Inni garuu irraa qexa'e. Dameelee dinoomineeshiinii biqilche; Innis isaan irraa qexa'e. Waldaa kana biraa, dameelee dinoomineeshinaalii dhaaban; Innis irraa murmure. Keessi garaa mukichaa garuu guddachuu itti fufe.

"Yeroo galgalaa'utti ifni in ta'a." Kiristoos, Hafuurri Qulqulluun yeroo sanatti dhufa. Yesuus gadi bu'ee mataa waldaa irra of kaa'a. Sana booda waldaa kana, dhagna ofii isaa kan taate kana du'aa kaasa. Achi keessa dhagnatu jira. Karaanis.... Waaqayyo akka dhuunfaa dhuunfaatti akkaataa waldaa isaa gara guddinaatti fideetti akka guddannu nurraa eegaa jira. Barri waldaa hundi ... waldaa guddaa tokko ta'a, hubattanii?

129 Namoonni kunneen waan namoonni kunneen ta'an ta'uu hin barbaachisu ture. Inni kun waan inni kun ta'e ta'uu hin barbaachisu ture, ilaalaa. Haaluma waldaa isaa ittiin ol guddiseen namoota isaas ol guddisaa jira. Sana booda Pheexiroos asitti wantoota tokkoo hanga torbaatti jiran dubbate: amantii, gaarummaa ykn humna fayyisu (ilaalaa, ol dhufaa jira), beekumsa, of qabuu, obsaan danda'uu, nama Waaqayyoo ta'uu, obboloata jaallachuu fi obbolootatti gaarummaa argisiisuu; sana booda jaalala Waaqayyoo, Hafuura Qulqulluu ti.

Kiristoos nama Hafuura qulqulluu ta'een cuuphaa dhugaa Hafuura Qulqulluutiin isin irra bu'a, gaarummaan (virtues) kun hundinuus isin keessatti in mallatteeffama. Sana booda Waaqayyo nama

godoo qulqullaa'aa ta'e sana keessa jiraata, innis mana, godoo jiraataa iddoo jireenya Waaqayyoo jiraataa jedhama.

130 Namni tokko wantoota kana yommuu qabaatuutti, sana booda Hafuurri Qulqulluun Isa irratti bu'a. Homaa miti, afaan haaraatiin dubbachuu dandeessu, kennaa Waaqayyoo qabu kamiyyuu waan qabdan fakkeessuu dandeessu. Sana gochuu dandeessu. Garuu hanga 'virtue'wwan kaa'aman kuneen isin keessa seenanitti, ammallee hundee amantii dhugaa isa dhugaa irraa fagaattanii jirtu. Garuu yeroo virchuwwan (virtues) kun ol guddatanitti, sana sana irratti dabaltaniittu jechuudha, sana booda isin siidaa lubbuu qabudha. Isin waaqa tolfamaa jiraataa, waaqa tolfamaa sosocho'u dha.

Ni beektu, warri ormaa (heathen), waaqa tolfamaa, waaqa yaadaa duratti kufanii sagadu. Karaa yaadaatiinis waaqni yaadaa sun akka isaanii wajjin haasa'u ni amanu. Sun amantii 'heathenism' ti. Sunis Roomaaniiziimii ti. Isaan qulqulloota gosa hundumaa fi waan hundumaa duratti sagadu. Qulqulleettii 'Cecelia', waaqa manaa fi wantoota akkasii kan adda addaa baay'ee qabu. Sanatti sagadu, qabatamaattis karaa yaadaa (imaginery way) sana ni amanu. Sun fakkeenya Waaqayyoo jiraataa isa dhugaati.

131 Nuyi garuu, karaa yaadaatiin utuu hin ta'in, Waaqayyoo isa jiraataa duratti, virtue isa jiraataa duratti, beekumsa isa jiraataa duratti, obsa isa jiraataa duratti, nama Waaqayyoo ta'uu isa jiraataa duratti yommuu qoommaanu.... Humni jiraataan Waaqayyoo isa jiraataa irraa dhufu nama jiraataa, fakkaattii jiraataa dheerina hojjaa Waaqayyoo nu godha.

Inni maal godhaa jira? Wantootuma Yesuus hojjete: karaa Inni deemerra deema jira, wantootuma Inni hojjete sana hojjechaa jira, sababiin isaas waan yaadaa miti! Dhugaan kana mirkaneessu jira! Maal jechuu akkan barbaade hubattanii? Virchuwwan kun, meeshaaleen ijaarsaa kun, ergamtoota waldaa wajjin, baroota waldaa wajjin akkamitti akka wal fakkaatan argitanii?

Egaa guyyoota kana keessaa gaaf tokko, tokkoon tokkoon dubbii kanaa fudhannee qorannee, kana akka mirkaneessan agarsiisuuf jirra. Hundi isaa waliin deema. Sirriidha. Hubattanii? Yaa waaqa koo! Sun akkam nama gammachiisa, waan inni hojjetu hubachuun.

132 Amma, egaa sun mana Waaqayyoo keessa jiraatudha. Gamoo gubbaa isaa irraa bilbila guddaa, fiixee olka'aas qabu miti, "dhagna abboomamu anaaf qopheessiteetta" isa jedhamedha malee: dhagna Waaqayyoo keessa jiraachuu danda'u, dhagna Waaqayyoo keessa deemuu danda'u, dhagna Waaqayyoo keessaan arguu danda'u, dhagna Waaqayyoo keessaan haasa'uu danda'u, dhagna Waaqayyoo keessaan hojjechuu danda'u. Ameen! Qodaa Waaqayyoo isa jiraataa, Waaqayyoo miila lamaan isin keessa deema. Ulfaadhu! "Ejjennaa nama qajeelaa Waaqayyoo biraa in ka'a," Waaqayyoo isin keessa deema jira, "Caaffanni namni hundinuu akka dubbisuuf caafame, isinuma waan ta'eef." Egaa jireenyi Kiristoos keessa jiru yoo isin keessa jiraate, jireenya Kiristoos godhate isinis ni godhattu.

133 Akkuma isan yeroo hundumaa jedhuuti: Dhangala'aa muka peechii keessaa qeensitanii, karaa hiddaa yoo muka aappiliitti dabarsitan, mukti aappilii firii muka peechii ni godhata. Sirriidha, dhuguma ni godhata. Dameen isaa waan fedhe haa fakkaatu malee, dhangala'aa muka aappilii of keessaa qaba, ilaalaa, ykn muka kamiyyuu haa ta'u.

Jireenya muka aappilii keessaa jiru keessaa qeensaa, hunduma isaa keessaa gogsaa, sana booda ujummoo hiddaaf dhangala'aa dabarsu itti kaa'aa; sana booda muka peechi irraa gara muka aappiliitti dhangalaasaa. Maaltu ta'a? Kana booda peechii hin godhatu. Lakkii obbo. Jireenyi muka peechii gara muka aappiliitti yoo darbe, kana booda aappilii hin godhatu. Peechii ni godhata, sababiin isaas jireenya of keessaa qaba.

134 Ba'eessa, ati akka waan hadhooftuu bakkee keessatti, akka nama gadhee tokkootti nu fudhatta, nuyi immoo sana homaatti hin lakkoofnu, hundumti keenya cubbuu fi irra daddarbaadhaan duunee waan jirruuf. Hundi keenya haala akkanaa keessa jirra. Egaa yoos nuti, ofii keenyaa, gadi qoomma'uu dandeenya, of kennuu dandeenya, hanga Waaqayyoo tuubii dhiiga namaaf dabarsu fudhatee—maqaa Yesuus Kiristoos (sababni isaas maqaan namoonni akka ittiin fayyaniif bantii waaqaatii gadi kenname isa malee waan hin jirreef)—jireenya Kiristoos gara keenyatti dabarsutti.

Sana booda amantii gosa akkasii qabaanna, amantii Kiristoos qabu qabaanna. Amantiin Kiristoos immoo Fariisota ykn Saaduqoota sana irratti kan hundaa'e hin turre; yookaan gomboo isaanii, qodaa nyaataa isaanii, sahaanii isaanii, akkasumas dhiqannaa isaanii irratti kan hundaa'e miti. Sagalee Waaqayyoo irratti kan hundaa'edha malee (ameen), keessa ba'ee hanga Kiristoos Sagalicha ta'uutti ga'e. Sagalichi foon ta'e.

Sana booda yeroo humni isaa akka malee nutti dhangala'uutti yaada mataa keenyaattii in duuna, amantiin keenyas amantii dhugaa ta'a (Haaleluyaa!), sana booda jireenyi Kiristoos karaa hidda dhiigaa nutti dabarfamee uumama jiraataa isa kan Waaqayyoo taana—iddoo jireenyaa isa Hafuurri Qulqulluu xiyya ifa eebba isaa keessaan gadi ergu taana, dheerina hojjaa Kiristoos keessa jirras.

135 Yesuus, "Ani Ilma Waaqayyooti jennaan kan natti faraddan, akkas jedhamee hin caafamne moo? Isin waaqayyoota jedhamee hin caafamnee? Seerumti keessan akkas hin jedhuu?" isaaniin jedhe. Akkuma Musee, akkuma Eliyaas, akkuma raajota warra Waaqayyooti baay'ee dhi'aatanii jiraatan Waaqayyo Ofii Isaa sirriitti isaan keessatti dabarse, isaanis in dubbatan—ofii isaanii miti, Waaqayyoodha malee. "Maalan dubbadha jettanii hin yaadda'inaa, sababiin isaas kan dubbatu isin miti, Abbaa keessan isa isin keessa jiraatutu dubbata malee; isatu dubbata." Dubbiin isaa kan isaa miti sababni isaas jireenyi isaa ... du'eera.

136 Yoo duutan dhiiga nama biraa keessa ba'e fudhaa. Embalm godhaa. Rakkoon isaa, baay'een isaanii embalmed ta'anii hin beekan. Dhiiga nama tokko keessaa qeensinaan, in du'a. Sana booda wanti isin gochuu dandeessan dhiiga biraa kennuufii qofa, yoo nama deebi'ee jiraatu ta'e. Dhiiga isaa keessaa baasaa.

Ammas dhiiga Yesuus Kiristoos keessatti fudhanna, ilaalaa. Sunis amantii Yesuus Kiristoos, humna Yesuus Kiristoos, beekumsa Yesuus Kiristoos, of qabuu Yesuus Kiristoos, obsaan danda'uu Yesuus Kiristoos, nama Waaqayyoo ta'uu Yesuus Kiristoos, jaalala obbolummaa Yesuus Kiristoos fi jaalala Waaqayyoo, innis Yesuus Kiristoos, nuuf fida. Inni mataa isin to'atudha. Miilli keessan immoo hundeedha, amantii dha(Ameen!), innis mataadhaan to'atama. [Jechoota ifa hin taanetu jira] fudhadhaa. Achi jirtu. Namni meeshaalee ijaarsaa kanneen qabu, namni Waaqayyoo inni mudaa hin qabne tokko jira.

137 Sana booda Waaqayyo, waldaa isaa akka misirroo tokkootto, akka dubartii tokkootti bakka buusa.... Waaqayyo waldaa isaa akka misirroo tokkootti bakka buusa, akkaataadhuma tokkoon tokkoon nama dhuunfaa ilma isaa ta'uuf misirroo sanatti dabaluu fiduttis, baroota kana keessas misirroo fideera, hanga Waldaa guutuu tokkittii kana gara kanaatti fiduttis ga'eera.

Miilli koo ni socho'a. Maalif? Mataan koo socho'iwaan ittiin jedhuuf. Amma, inni miila koo waan ta'eef akka harka kootiitti socho'uu hin danda'u. Luuter wantoota nuti hojjenne hojjechuu hin danda'u. Meetodistoonnis hin danda'an, sababiin isaas isaan waan biraa turan. Argitanii, mataan waan socho'i ittiin jedheef miilli socho'a. Mataan immoo gonkumaa, "Amma miila nana, harka ta'i. Gurra nana, ija ta'i" hin jedhu, hubadhaa.

Garuu tokkoon tokkoon baraatti Waaqayyo wantoota kana waldaa isaa keessa kaa'eera, akkasumas tokkoon tokkoon nama dhuunfaa kana ... amaloota kana akka qabu agarsiisuudhaan fakkeenyaan kaa'eera. "Uumamni lubbuu qabu" kun immoo yeroo xumuramutti, waldaa Waaqayyoo ishee gara butamuutti deemtu ta'a. "Uumamni lubbuu qabu" kun immoo yeroo xumuramu waldaa Waaqayyoo keessatti hojjetaa Waaqayyoo ta'a, innis ol butamuu keessatti deema. Ulfaadhu! Maal jechuu akkan barbaade hubattanii? Isin achi keessa jirtu. Waan guutuut jira.

138 Kunoo namni Phaawuloos jedhamu tokko dhufee hundee kaa'e. Iraaniyes kana isa irratti naquu jalqabe, inni itti aanu immoo kana itti dhangalaase, inni itti aanu immoo kana itti naqe, inni itti aanu sana, sana, sana jecha hanga bara xumuraa irra ga'utti dhufa. Inni garuu maali? Hafuuruma tokkicha. Hafuurri inni ana keessa jiru, inni, "Harka nana, hiixadhuu saaxinii sana qabi" jedhus, hafuuruma sana. Hafuurri inni, "Miilla nana, tarkaanfadhu" jedhus, hafuuruma sana. Maal jechuu akkan barbaade hubattanii?

Sana booda dheerinni uumama keessanii guutuun wantoota kanaan bulfama, to'atamas. Garuu hanga ulaagaalee kana guutummaan guutuutu harkatti galfatutti guutummaan guutuutti to'atamuu hin danda'u.

139 Kana dhageessanii beektuu? Amma mee kana sitti himeen dhuguma itti fufee.... Kana gurra keessan isa dhaggeeffatu itti qabaa. Fuuncaan iddoo hidhaa isaa isa laafaatti iddoo kaan caalaa cimaadha. Sirriidha! Hidhaa isaa isa laafaa caalaa cimaa miti. Hammam jabeeffamanii yoo walirratti yoo ijaaraman iyyuu, miseensa laafte argannaan, iddoon isheen itti cittu achidha. Wal qabsiiftuu dadhabduu sana caalaas cimaa hin ta'u.

Amma yoo.... qabaattan, kana, kana, kana nan qaba jettanii, kana immoo hin qabdan yoo ta. Bakki isheen itti cabsitu achi jira. Yoo kana qabaatte, sanas hin arganne ta'a. Iddoon isheen itti cittutu jira. Kana qabdi, sana immoo hin qabdu yoo ta'e, achumatti cabdi. Kana qabdi, kana immoo hin qabdu, ni caccabdi. Kana qaba, kana immoo hin qabu, ni cabsa, ilaalaa. Kana osoo hin qabaatin kana qabaachuu hin dandeessan. Kanaafuu yeroo isin guutummaa jireenya keessanii dabarsitanii kennitanitti, sana booda Hafuurri Qulqulluun virtuwaan kanaan isin keessaa dhangala'a. Sana booda isin godoo jiraataadha.

Sana booda namoonni alaa isin ilaalanii, "Namni sun nama virchuudhaan, beekumsaanis guutamedha, Sagalicha ni amana, of qabuudhaan, obsaan, nama Waaqayyoo ta'uudhaan, jaalala obbolummaatiin, jaalala Hafuura Qulqulluunis kan guutamedha, akkasitti deddeebi'a" isiniin jedha. Sun maalidha? Dheerina dhagnaa isa warri hin amanne ilaalanii, "Kiristaana tokkotu jira. Dhiirri tokko ykn dubartiin tokko, namni waan haasa'u beeku tokko jira. Nama gara laafessa, mi'aawaa, Waaqayyoon sodaatu akkasii takkaa hin argine" ittiin jedhanidha.

140 Isin Chaappeffamtaniittu. Chaappichis gama lachuu agarsiisa. Dhufaa yoo jiraattanis ta'e deema yoo

jiraattan, chaappaa gosuma tokko argu. Isin akkasi, hubadhaa. Dhiirri ykn dubartiin tokko yeroo kana qabaatu ykn qabaattu, sana booda dhagaan mataa sun gadi bu'ee mootummaa Waaqayyoo isa Hafuura Qulqulluu ta'etti isaan chaappeessa.

Sana booda Sagalichi, as irraa dhufu, karaa tokkoon tokkoon uumamtoota kanaa of mul'isa. Isas uumama mudaa hin qabne isa godoo Waaqayyoo isa jiraataa, fakkeenya kiristaana jiraataa miila lamaan deemu taasisa.

Namoonni kun waan Kiristoos ture ta'u, sababiin isaas jireenyi Isaa as keessa waan jiruuf. Isaan Kiristoos keessa jiru, jireenyi isaaniis du'ee karaa Waaqayyoo Kiristoos keessa dhokateera, achittis Hafuura Qulqulluudhaan chaappeffameera—IQorontos 12. Sirriidha. Akka waan duutaniitti of lakkaa'aa. Sana booda amantii irraa dhalattu, achiis humna fayyisu ykn gaarummaa irraa, wantootni biroo kunneenis isiniif dabalamu, hamma fakkaattii jiraataa mudaa hin qabne isa kan Waaqayyoo taanatti.

141 Kun ajaa'iba mitii? Achiis Waaqayyoo, gulantaalee torban ittiin nama dhuunfaa gara bifa fakkaattii isaatti ittiin ijaare agarsiisuuf, karaa sanaan baroota waldaa torbanis fideera. Bifa fakkeenya isaatiin waldaa guutuu ijaareera. Yeroo du'aa ka'uuttis dhagni guutuun kun bara baraan Isaa wajjin jiraachuuf ni ka'a, sababni isaas dhagnichi misirroo waan ta'eef. Kanaafuu sun bara hunda, bara dhufu hunda keessatti ni ni ta'a.

Kana caalaas ni barbaachisa, yaadadhaa. Phaawuloos Ibroota 11 irratti waan jedhe ni yaadattuu? Mee osoon asitti hin dhaabin dura waan tokko qofan isiniif dubbisa ... daqiiqaa tokko qofa, achiis isin.... Akka waan ajaa'ibaatu natti dhaga'ama yeroon ani ... yeroo hunda yeroon kana dubbisu. Ibroota 11 lakkoofsa 32ffaa irraan jalqaba.

"Kana caalaas dubbachuu na barbaachisaa ree? Waa'ee Gidewoon, Baaraaq, Siimson, Yiftaa, Daawit, Saamu'el akkasumas waa'ee raajotaa isinitti odeessuuf immoo yeroon ana hin ga'u.

Isaan keessaa kaan amantiidhaan mootummoota mo'anii, kaan waan qajeelaa hojii irra oolchani, abdii argatanii, kaanis afaan leencotaa cufaniiru.

Kaanis ibidda olotu dhaamsanii, qara billaa jalaa ba'anii, dadhabbii keessaa jabina argatanii, lolatti jaboo ta'anii, loltuu warra ormaas baqachiisaniiru.

Dubartoonni namoota isaanii warra duraa du'an, du'aa kaafamnaaniif deebisanii fudhatanii. Warri kaanis jireenya isa wayyuuf du'aa akka ka'aniif, gad dhiifamuu didanii harka warra isaan dhiphisanii dhiphatanii du'an.

Warri kaan ga'oof ta'an, in reebaman, funyoo sibiilaatiin iyyuu hidhamanii, mana hidhaatti in galfaman.

Dhagaadhaan in rukutaman, iddoo lamatti in baqaqfaman, billaadhaan in ajjeefaman, gogaa hoolotaa yookiis re'ootaa uffatanii asii fi achi in deddeebifaman, waan isaan barbaachisu in dhaban, in rakkifaman, in miidhaman.

Biyyi lafaa warra akkasiif kan hin malle ture; amma garuu isaan biyya lafaa kanaaf kan hin malletti lakkaa'amanii, lafa duwwaa fi tulloota irra in jooran, holqaa fi boolla lafaa keessa jiraatan.

Isaan kun hundinuu amantii isaaniitiif yoo dhugaa ba'ameef iyyuu, isa abdachiifame sana hin arganne.

Waaqayyoo duraan dursee wanta wayyu argee waan nuuf qopheesseef, isaan nuu wajjin malee kophaa isaanii fiixaan akka hin baane godhe."

142 Isiniif galeeraa? Namoonni as keessatti du'an kun nu irratti hirkatanii nu eegaa jiru. Egaa waldaan kun du'aa ka'uu fiduuf jecha gara fiixaan ba'iinsaatti dhufuu qabdi, achittis ... lubbuuwwan iddoo aarsaa jala jiran, waldaan kun gara fiixaan ba'iinsa ishee akka dhufu eegaa, akka Kiristoos yeroo dhufu....

Waldaan kun immoo, hubadhaa, hammi ishee xiqqaataa deemaa jirti. Sana caalaa baay'ee walitti qal'aadha, garuu akkuma ani gama sanatti barreesse, ilaalaa, gara iddoo fiixeetti ol ba'a, hanga waldaan xiqqoon sun tajaajilaa gosa kanaa taatutti, tajaajila inni kun hambise hamma xumurtutti; sababni isaas yeroo dhagaan mataa kun deebi'ee dhufu....

Kiisha akka kana bakka kana irra taa'uuf deemu qaba, piraamidii idilee irratti. Inni guuttiyyee guutummaa mataa irra taa'u osoo hin taane, waan xiqqoo akka flange wayii ti; akkasumas achi irra taa'uu qaba, sababiin isaas bokkaa irra dabarseedhangalaasa. Yeroo inni dhufus waldaan kun qara fiixee ta'uu qabdi.

Dhagoonni piraamidiin irraa ijaarame hundinuu hanga qarabaan gidduu darbuu hin dandeenyetti akkasitti mudaa tokko malee diriifamaniiru, dhagoonni sun toonii hedduu kan ulfaatanidha. Dhagaa sana akkamitti akka isaan ol kaasan hin beekan, garuu ijaaramaniiru. As ol immoo, yeroo mataan piraamidii dhufu, piraamidii mataan isaa, dhagni Kiristoos qaramuu qaba. Creed tokko tokko qofa osoo hin taane,

ykn barumsa, ykn waan tokko ykn kan biraa keessa darbina. Akkasitti guutummaatti Kiristoosiin fakkaachuu qaba, hanga yeroo Inni dhufutti, Innii fi tajaajilli sun sirriitti walitti maxxanutti. Sana booda ol butamuu, gara manaatti deebi'uun ni dhufa.

143 Amma eessa akka jiraachaa jirru ilaalaa—Laa'odiiqeyaa, bara waldaa isa hamaa takkaan waldaa argitee hin beeknee keessa jirra. Macaafa Qulqulluu keessatti barri waldaa tokkichi Waaqayyo waldaa, manuma ofii Isaa keessaa baafamee, ol deebi'uuf balbala rurrukutaa jiru bara kana qofa keessatti. 'Creed' fi dinoomineeshiiniwwan waldaa ofii isaa keessaa illee Isa baasanii turan.

“Kunoo, ani balbala dura dhaabadhee balbala nan rukuta. Namni dheebote yoo balbala naaf bane, ol nan lixa isaa wajjin maaddiitti nan dhi'aadha, innis anaa wajjin in nyaata.” Kunoo Inni bara waldaa kana keessa jira. Suuta suutaan hanga asitti guutummaatti aangoo irraa ari'anitti Isa ganan. Isaa wajjin waan wal qabatu tokko illee hin barbaadan.

Amma, har'a garamitti akka deemaa jirru ilaalaa. Yeroo xumurri bara waldaa Laa'odiiqeyaa akkasitti sirnaawaa ta'ettillee, hanga inni fi Kaatolikiin (kan asitti irraa dda cabe), walitti dhufanii akka waldaa guddittii tokkootti tokko ta'aa jiru. Federeeshinii waldoota biratti, Kaatolikii wajjin tokkuma.

144 Garaagarummaan tokko qofa qabu. Yoo isaan gara sanatti isin geessuu danda'an (innis irbaata fudhachuu irratti), sun.... 'Diocese' keessatti wanti Kaatolikii fi Pirootestaantii akka hin tokkoomne dhorku seera irbaata qulqulluu qofa. Waldaan Kaatolikii “Inni dhagnicha” jetti. Waldaan Pirootestaantii immoo “Inni dhagnicha bakka bu'a” jetti.

Kaatolikiin isa irraa barsiisa 'mass' jedhamu uumti. 'Mass' jechuun dhiifama argachuu isaanii abdachuudhaan irbaata fudhachuudha. Pirootestaantiin amantiidhaan fudhatu, dhiifama waan isaaniif godhameef irbaataan Waaqayyoon galateeffatu. Warri Pirootestaantii “Dhiifamni nuuf godhameera” jedhu; Kaatolikiiniin immoo, “Dhiifamni akka nuuf godhamu abdachaa jirra” jedhu; 'mass' fi 'communion' dha. Isaan 'a mass' jedhanii waamu; nuy immoo irbaata (a communion0 jenna. “Mass” jechuun ni ta'a jedhanii abdachuudha. “communion” jechuun immoo ta'uu isaa beekuu fi kanaafis Isa galateeffachuudha. Wanti isaan irratti walii galuu hin dandeenye waan tokko qofa.

Ni raawwatu.

145 Oo, baay'ee bareedaa fakkaata. Isaan tokko ta'anii deemuuf.... Waan hundumaa to'achuuf... Maaliif, Macaafni Qulqulluun, “Bineensonni kun immoo humna isaanii ishee ejjituu sanaaf kennan” jedha, hubadhaa, isaan walitti makamaniiru, hubadhaa. Sirritti waanuma Macaafni Qulqulluun ni godhu jedhe, amma godhaa jiru. Inni kun torbanuma kana keessa sirriitti lafa qabateera.

Ummata Kaatolikii irraa jibban qaba jechuu miti, namoota Pirootestaantiis nan caalchifadha jechuu koo miti. Isin warra Meetodistootaa, warra Baaptisitootaa, akkasumas warri Peenxeqoostaalii baay'een keessan—yeroo waldoonni keessan sirriitti gara federeeshinii waldoota kanaatti seenanitti; yeroo mana reeffaa guddicha Niiw Yoorkitti ijaarame, isa kan federeeshinii waldoota sanatti galanitti, akkuma Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii fi wantoota kaanii ta'u. Isaan Pirootestaantii hunda walitti makuuf yaalaa jiru.

Amma, Kaatolikoanni dhimma sanaaf abshaalotadha, Phaaphaasii Yohaannis 23ffaa, moo 22ffaa kana, waanuma fedhes haa ta'uu, isa fiduuf jedhu.... Inni karaa gad of deebisuutiin, gad of qabuudhaan amantii Pirootestaantii fi amantii Kaatolikii hunda gara amantii tokkotti fiduuf yaalaa jira, sirriitti waanuma Macaafni Qulqulluun ni raawwatu jedhe raawwatu. Achi jirtu.

Pirootestaantoonni immoo kiyyoo, funoo, fi boolla isaaniitti kufaa jiru. Maaliif, maaliif? Wantoota kana waan hin qabneef. Beekumsa—Dubbicha isa sirrii; obsaan danda'uu—“Warri Gooftaa eeggatan....” Waanan jechuu barbaade argitanii?

146 Akkuma Phaaphaasiin Meetodistii sun gaaf tokko guyyaa sana raggaasisan dubbate—wanti sanaaf kakaase maal akka ta'e eenu illee ni beeka—kadhannaan wayii waldaa keessatti, ykn mana barumsaatti akka kadhatamu barbaadanii.... macaafa kadhannaan warra Presbyterian natti fakkaata ykn waan akkasii ykn kan biraa, maatiin barattootaa kadhannaan kun akka kadhatamu waan hin fudhanneef mana barumsichaa himatan.

Phaaphaasiin Meetodistii kun nama dulloomaa ogeessas ture. Innis ka'ee, “Sun dogongora” jedheen. “Heera mootummaa kan faallessudha” jedhe. Inni akkasitti dhimmichatti bishaan naqe. Innis, “Akkuma waldaa Meetodistii keenya keessatti....” jedheen, “Waldaa Meetodistii keenya keessatti, namoonni keenya baay'een yeroo hunda waa'ee skandaa Hooliwwudii dubbatu, dhibbeentaan sagaltamii shan immoo waanuma fedha haa ta'u jechuudhaan ilaaluuf deemu.” Rakkon jiru maal seetan? Kana dhiisanii irraa gara galaniiru. Sirriitti, sana dhiisanii irraa gara galaniiru.

147 Ani asuma kutaa kana keessatti, gaaf tokko, qondaala waldoota Meetodistii gurguddoo Fools Siitii keessa jiran keessaa tokkoo wajjin haasa'aan ture—waldoota Meetodistii hafuuraa Fools Siitii keessa jiran

keessaa tokko. Bara Meetodistii kan bara keenyaatti aanee dhufu agarsiisa—Pheenxeqoostaalii. Innis akkas jedhe, “Seent Luwiis, Mizuurii keessatti gara ji'a sadii, afurii dura xiinxala hojjetanii, kana argachuudhaan....” Namichi sun ganama kana as keessa jiraachuu danda'a. Tole, innis kontiraaktara kana ijaaraa jiruudha ... gamoo sana nuuf sirreessaa jira. Main Street Methodist'n iddoo inni itti waaqeffataudha, obboleessi Lumii fi isaan kaan Paastarii iddoo sanaa ti.

Kanaafuu sana booda sana keessatti, akkan amanutti namoota Meetodistii keessaa dhibbeentaa torbaatamii tokko wayii akka ta'e ni hubanna, xiinxala sana keessatti.... Qorannoon Seent Luwiis irratti gaggeeffame akka agarsiisutti, warra Meetodistii keessaa dhibbeentaan torbaatamii tokko tamboo kan xuuxanii fi dhibbeentaan jaatamii saddeet immoo dhugaatii alkoolii kan dhuganidha. Meetodistii dha!

Wanti nama ajaa'ibu immoo yeroo xiinxalli sun godhamu, ykn dhiiraa fi dubartoota gidduutti godhame, dhibbeentaan dubartootaa gara torbaatamaa yoo ta'u kan dhiirotaa dhibbeentaa shantama ture—dubartoonni tamboo xuuxanii fi dhugaatii dhugan dhiirota caalaa baay'eedha. Dhibbeentaa torbaatama ... dhibbeentaa torbaatama—dubartoonni dhiirota irra caalu.

148 Amma, gara barsiisa Macaafa Qulqulluu kan uffata gabaabaa uffachuu, rifeensa gabaabsuu fi waan akkasiitti osoo gadi buune hoo? Maaliif, Waaqayyoon sodaachuudha. Dubartoonni akka nama Waaqayyootti, qulqullummaattis jiraanna ofiin jedha—kaartaa fi wantoota kaan hundumaa taphachuu, wal hamachuu, ganda keessa labuu, arraba ofii qabachuu dadhabuu, dubbii, hamii fi naanna'uu keessa jiru. Dhiironni hoo akkam? Tapha kaartaa, tapha goolfii—uffata jilbaa olitti uffachaa, uffata xiqqoo dullooma xuraa'aa fakkaatu uffachuun, isaanis dubartootaa wajjin achitti rarra'aa oolu. Hin dinqifatinaa!

Shira xuraa'aa ganama kana ittiin lallabaa (lallabaa mana hidhaa) sana irratti haguugame argitaniittuu? Eeyyee obbo. Namni sun balleessaa qaba jedhee an hin amanu. Maal godhan seetan? Akka Obboleessa ... maqaa isaa yaadachuun dadhabe. Eeyyee, Daan Gilbert, lallabaa mana hidhaati. Yeroo namichi sun ji'oota muraasa dura fiige ol seenee Daaniin asitti ajjeese.... Amma immoo haati manaa isaa daa'ima godhachuuf jetti. 'Dhugaadha Daan du'eera. Amma daa'imatti dhiiga dabarsuu hin danda'an. Daan akka ishee gudeedee fi sun immoo daa'ima Daan akka ta'e dubbatte. Kan amanuurra rifeensi sa'aa baallee gugeeti yaada jedhu amanuu naaf wayya. Lakkii obbo. sun soba ta'uu nan amana. Daan Gilbert nama Waaqayyoo ture jedheen amana. Sun shira seexanaa ta'uu nan amana.

149 Akka waan sanaa waa'ee isaanii kadhannaa irra kaa'uuf yaalaniiti. Phaaphaasiin dulloomaan Meetodistii sun sana gochuuf nama qaroo ture. Osoo sun keessa darbee.... Sun waan biraa irraa kaka'umsa argate. Sirriidha.

Akkuma rakkoo segregation gar kibba biyyattii jiru kanaati, tokkuma. Namoonni birmaduu ta'uu qabu jedheen amana. Sabni kun bilisummaaf akka dhaabbatu nan amana. Ani “New Dealer” ta'uu baadhus, loltoota gadi erguu isaaf Obbo Keeneediin hin komadhu. Ani immoo Dimookiraatii miti, Rippabilikaaniis miti; Ani Kiristaana dha. Garuu ani sanatti hin amanu.

Namoonni gurraachis angafummaa isaanii waan akkasiitti gurguruu qabu jedhee hin amanu, akkasumas. Dhaaba Rippabilikaanotaa ture ... dhiiga Abrahaam Liinkantu namoota sana bilisa isaan baase, sababni isaas inni nama Waaqayyoon sodaatu ture. Yoo tasumaa sagalee kennuuf deemu ta'e yoo xiqqaate dhaabichatti maxxanuu qabdu jedheen yaada.

Garuu waan tokko isinittan hima. Mucaan sun manumti barnootaa waan jiraniif qofa achi keessa hin kaa'amne. Gurbaan sun lammiidha. Inni lammii Ameerikaa ti. Bilisummaa kun kan nama hundaati. Bifti namaa ... isaa hin jijjiiru, addadha. “Hundi keenya [Waaqayyotuu akkas jedhe] sanyii nama tokkichaa irraa uumamne, sanyiin nama hundumaa.” Hundi keenya tokko.

150 Garuu gurbaan sun, loltuu ture. Inni loltuu duraanii ture. Waan sirriitiif qabsaa'e. Mirga mana barumsaa dhaquu qaba ture. Sirriidha. Garuu manneen barnootaa dhaquu danda'u hedduu qaba ture. Rakkoon achi jira. Yoo duubatti deebitanii ilaaltan, wanti kaka'umsa sana fide waan dinomineeshiinii kana dha. Maalif? Sagalee filannoo namoota gurraachaa Rippabilikaanota irraa gara Dimookiraatitti jigsaa jiru, isaans mirga dhalootaa isaanii ittiin gurguraa jiru. Sirriitti dhugaadha. Hafuurri Qulqulluun asitti ol seeneera, “Namni ogummaa qabu, namnibeekumsa qabu isa....” Sirriitti.

Akkuma waldaa kanaa, akkuma bara ammaa kanaa, of gurguru. Waan ta'uuf deemu arguu hin dandeessanii? Kun teeppii irratti yoo waraabaes na hin dhibu, kunoo dhufeera! Maal rakkoon? Harmeen koo dulloomuun, “Seexanaaf kan isaaf malu kenniif” jetti turte.

Nama waan dhama qabu hojjete tokkotu jira. Sunis Kaastiroo ture, achi gadi. Eeyyee obbo. Inni achitti gadi bu'e, kaappitaalistoonni shokooraa hunda fi waan hunda qabu turan. Innis akka Ameerikaatti istaandaardii warqee irratti argama. Inni maal godhe? Boondii sana hunda bite, maallaqa sana karaa danda'een argate. Yeroo sanatti maal godhe? Maallaqa fakkeessee hojjechuudhaan jijjiiree, sirriitti deebisee kaa'e. Wanti sabni kun gochuu danda'u kana qofa.

151 Dheengadda ganama “Life Line” dhageessaniittuu? Maaliif, ni beektu, akkuma isa warqee boondiitti

gurgurtaniiti. Boondiin sun duraanuu fudhatamee jira, mootummaan ammaa kun amma maaliif maallaqa baasaa jira? Maallaqa gibiraa waggoottan afurtama dhufaniif walitti qabuuf jiraniif. Isheen duuteetti. Sun "Life Line," kallattiidhaan Waashingitan D.C. keessaa bahee, guutuu biyyattii dhaga'amudha.

Gibira—baasii baasanii biyya alaati bitachuuf yaalaa jiru.... Maaliif, karaa kamiinuu baasanii kennaa jiru. Hin argitanii, sirriitti akkas gochuuf deemu mitii? Argitanii, kun maali? Amma sabni kun yoo kasaaruu qaba ta'e.... Wanti inni gochuu danda'u kasaaruu qofa. Wanti inni gochuu danda'u bankrupt ta'uu qofa. Wanti dhama qabu kana qofa. Maallaqa jijjiiru.

Garuu kana hin godhan. Bulchiinsa amma jiru kana jalatti waldaan Kaatolikii Roomaa warqee addunyaa harkaa kan qabdu yoo ta'u, wanti isaan gochuu danda'an gurguruudha. Namiinni soressi kunniin fi kkf biyya lafaa kun, akkuma Macaafni Qulqulluun jedhe, maal gochuuf jiru? Isaan osoo hin kasaarin dura.... Kaampaaniin Tamboo Brown, Williamson fi kenneen biroo hundi (harki caalaan isaa kan Kaatolikii waan ta'eef) maal godhu? Sana ni fudhatu, qarshii sanas Roomaa irraa ni fudhatu, achiis isheen mirga angafummaa ishee ni gurgurti! Roomaan ishee deegarti. Eeyyee obbo. Isheen ni deegarti.

Ammas imaammata gahaa qabu, naannoo isaaniitti waan gahaa argachaa jiru, gara kaabinee isaaniitti dhi'eessaas jiru. Mee ilaalaa waan Obbo Keeneediin gaafachaa jiru.

152 Akkasumas guyyaa darbe kana yeroo argitan.... Kana booda sagalee kennuun hin barbaachisu. Sagalee kennuun maal fayyada, gaafa waraqaa keessa kaa'anii ummata duratti mirkaneessan. Akkasumas waa'ee kanaa homaa gochuu didan, yeroo maashiniwwan guutuu sabaa keessa jiran akka dhaabbatan mirkaneessanitti-Sagalee sobaatiin Obbo Keeneedii akka filataniif. Macaafni Qulqulluun, gowwomsaa hamminaa hundaa isaanitti nan erga jedhee dubbata mitii?

Amma, ani paartii Dimookiraat hin mormu—paartii Rippabilikaanotaas hin caalsifadhu, garuu dhugaa Macaafa Qulqulluu irraa qofan ibsaa jira. Sagalee kennuun maal fayyada? Eenyuu akka achi seenuu qabu ni beeku.

153 Isa dubartoonni lama telecast dura dhaabtani, isheen tokko "Ani....filadha" jedhan nama meeqatu yaadata? Dubartiin Pirootestaantii tokko "Obbo Keeneedii filachuufan deema" jette ni yaadattu.

Isaanis, "Maaliif?"

"Sababni isaas inni nama Obbo Nixon caalaa qaroo natti fakkaata. Pirezidaantii fooyya'aa ni ta'a."

Achiis isaan, "Kun dubartii Kaatolikii ti. Eenyuu filachuuf deemta?"

Isheenis, "Ani Kaatolikiidha, Kaatolikii Roomaa, Kaatolikii amanamtuudha" jette. Itti fuftees, "Obbo Nixon filachuufan deema" jette.

"Maaliif?"

"Obbo Nixon pirezidaantii fooyya'aa ni taasisa jedheen yaada, caalaatti muuxannoo waan qabaniif. Inni caalaatti komunizimii wajjin wal bareera" jette. Dubartiin sun soba dubbatte.

154 Kitaaba Kaatolikii isa gatii guddaatti gurguramu isa "Dhugaa Amantii keenyaa" jedhanii waaman nan qaba. Akkasumas achi keessa, "Yoo namni Kaatolikii tikkeettii warra Pirootestaantii baatee deemu jiraate, yoo namni Kaatolikii tokko nama Pirootestaantii sanaaf sagalee kenne waldaa Kaatolikii keessaa ni baafama." Sirriidha! Akkasumas namoonni Kaatolikii lama waajjira tokkoof kan dorgoman yoo jiraatan, nama Kaatolikii waldaa haadhootiif caalaatti amanamaa ta'e filatani sagalee kennuuf.

Gowwoomsaan sun akkamitti akka ta'e ilaalaa? Maal gochuuf yaalaa jiru? Maallaqa kennanii bitachuuf.... Maaliif? Isaan cabsuuf yaalaa jiru, isaanis hojjechaa jiru, isheenis cabdeetti.

Maali? Innis ulaagaa warqee irratti kan argamu yoo ta'u, waldaan Kaatolikii (hierarchy) warqee addunyaa kanaa qabdi-biliyoona dhibbaa fi jaatamii saddeet. Achi geessaniittu.

155 Kallattiidhaan gara istaandaardii warqeetti ishee deebisu. Isin namoonni immoo manaa fi waan keessan qofa qabaattu, isin garuu qabeenya waldaa Kaatolikii ti. Sabni kun kan waldaa Kaatolikiiti. Wanti hundinuu akkasitti karaa maallaqa isaaniitiin booji'ameera.

Macaafni Qulqulluun waa'ee kanaa hin dubbatuu? Suuraan Macaafni Qulqulluun kaasu kanuma? Wantin har'a jechuu barbaadu, obboleessaa, "Sun waldaa gaarii ishee taasisa. Pirootestaantii tokkoomsa." Ija foonii biratti gaarii fakkaata. Garuu beekumsi biyya lafaa Waaqayyoof gowwummaadha, warra badan fayyisuuf gowwummaa isa nuyi karaa hojii waaqummaa lallabnutu Waaqayyoon gammachiise, waldaa isaas waldaa amaloota hafuuraa kana irratti hundoofte malee waldaa waan biyya lafaa irratti hundoofte ijaaruuf hin kaayyeffanne.

156 Phexros, "kennaa kanaan isin badiisa biyya lafaa, isa sababii kajeellaa fooniitiif, kajeellaa horiitiif, kajeellaa yeroo baay'ee qabachuu, kajeellaa of gammachiisuu, nyaachuu fi dhuguutiif biyya lafaa kana

keessa jiru jalaa mliqhaniittu. Amma immoo jireenyaaf ol ijaaramtanii jirtu. Sanas waldaadhaaf dhi'eessaan jira," jedheera.

Achi jirtu. Dubbifattaniittuu? Argitanii? Yeroo as II Pheexiroos keessatti duraan dubbisnu dhageessanii? Waan inni asitti dubbatu, sun akkamitti bareedee as keessatti akka barreeffame, akkamitti akka itti dubbatu qofa dhaggeeffadhaa. Tole. Amma yeroo inni dubbatu isa dhaggeeffadhaa. Tole.

"Ani Simoon Phexros, Yesus Kristosiif hojjetaa, ergamaas ta'ee, warra karaa qajeelina Waaqayyo keenyaaf fayyisaa keenyaa Yesus Kristos amantii gati-jabeessa isuma nuyi arganne sana argataniif caafuu koo ti.

Waaqayyoon, gooftaa keenya Yesusinis beekuu bira ga'uu keessaniin ayyaannii fi nagaan isiniif haa baay'atu.

Nuyi, Waaqayyo isa ulfina isaa fi humna isaa isa dinqisiisaadhaan nu waame beekuu bira ga'uudhaan wanta nu barbaachisu hundumaa arganneerra. Gooftaan humna waaqayyummaa isaatiin gara jireenyaatti nu geessuuf, namoota Waaqayyoo nu godhachuudhaaf kana hundumaa nuuf kenneera.

Kennaa kanaan isin badiisa, isa sababii kajeellaa fooniitiif biyya lafaa kana keessa jiru jalaa baatanii, dhagna hafuuraa isa kan Waaqayyootii hirmaattuu akka taataniif abdiin gati-jabeeyyiinii fi gurguddoonni nuuf kennamaniiru."

157 Kajeellaa horii, kajeellaa waan gurguddaa, hawwii nama beekamaa ta'uu—wantoonni kun nama amaneef du'aniiru! Dhimma ittii hin qabnu. Dunkaanas haa ta'u mana, maaliifan yaadda'a? Jiraadhus du'us, liqimssamus irra bololi'us, wantin kajeeluu qabu isa kana: mootummaa Waaqayyoo! Mana koo kunuunsuus, maatii koo kunuunsuus, waanuma fedhe kunuunsuus, mee abdii ulfinaa isa ta'e Kiristoosiin haa kunuunsu!

Yaa Gooftaa, kana keessatti na ijaari: Kiristoos mataa koo haa ta'u, inni karaa koo hundee koo irratti ijaaru, amantii koo isa Isa keessa jiru irratti. Gaarummaan, beekumsi, of qabuun, obsaan danda'uun, nama Waaqayyoo ta'uun, jaalalli obbolummaa na keessatti haa hojjetuun, yaa Gooftaa kadhannaa kooti. Ani dhimma ittii hin qabu. Jiraadhus du'us, liqimfamus irra bololi'us, dinoomineeshiinii qabaadhus dhabus, fira qabaadhus dhabus, sun na keessatti haa hojjetu. Gaarummaan Kiristoos, beekumsi Isaas, warra sana barsiisuu akkan danda'uuf natti haa yaa'u. Waaqayyo ergamoota, raajota, barsiisota, tiksee, lallabdoota wangeelaa, hunduu ulaagaalee kana hundumaa akka fiixaan ishee baasanii fi gara sanatti akka ishee fidaniif, gara fiixaan ba'iinsa dhufaatii Ilma Waaqayyoo sanaatti akka ishee fidaniif waldaa keessa isaan kaa'e.

158 Dhagaaleen kun tokkoon tokkoon isaanii dhagicha isa tokkicha sana irraa kan fudhatamanidha. Kun meeshaa kanaati. Tokkoon tokkoon safuu kana keessaa kan Isaati, karaa isaaniis gadi isa keessaa dhangala'u. Ameen!

Sa'atiin kudha lama ta'eera. Hundi isaa eessa deema? Ameen. Isa jaallattaa? Kana ni amantaa? Dhaggeeffadhaa ijoollee xixiqqoo....

Obboleettiin Kiid ganama kana, "Obboleessa Biil, deebi'ee si arguu fi dhiisuu koo hin beeku" jetteetti. Sun akka na ajjeese, ilaalaa. Dulloomaa waan jirtu itti fakkaata; isheen ... dha. Waaqayyo ishee fi Obboleessa Kiid yeroo dheeraa akka qusatu nan kadhada. Mee isiniin jedha, hanga yoomiitti akka wal qabaannu hin beeknu. Hanga yoomitti akkan si waliin turu hin beeku. Waaqayyo biyya lafaa irraa na waamuu danda'a. Gara dirree tajaajilaa kan biraatti na waamuu danda'a. Bakka tokkotti isin waamuu danda'a. Hin beeknu.

Garuu haa qabaannu. Kun akkasumaan nu bira hin darbin. Mee sana haa fudhannu. Achitti Macaafa Qulqulluu keessa jira. Kunoo, paateenoota fi waan hunda. Osoon amma yeroo argadheera ta'ee immoo.... Guyyaa tokkotti hojjechuu hin dandeessu, sana beektu. Garuu waan hunda walitti hidhuu qofa. Ilaalaa, yeroo ergaa sana achitti dabarsinu, waan Hafuurri Qulqulluun achitti dallaa irratti hojjete argita mitii? Yeroo sanatti meeqatu as ture? Sirriidha. Sirritti gadi bu'aa, waanuma sana baase—ergamaan Gooftaa.

159 Ilaalaa, dhugaadha. Akka isin jala hin darbine. Ijoolle, itti cichaa qabadhaa. Sana qabadhaa. Yaadadhaa, amantii keessan irratti gaarummaa, beekumsa, obsa....

Amma, kunoo waraqa tokko asitti qabadheen ture natti fakkaata, yoon yeroon lallabaa ture iddoo wayiitti hin buusne ta'e. Sirriidha. Kunooti. (Galatoomi obboleessa koo. Baay'ee galatoomi.) Yoo waan as keessa jiru ilaaltanii qabachuu barbaaddan.... Tarii sana caalaa xiqqoo fooyya'aa ta'uu waan danda'uuf kana keessaa muraasa isaa copy godhachuu dandeessu. Asitti nan maxxansa, isin immoo sirriitti ilaaluu dandeessu, irraa barraaffachuu dandeessu.

160 Amma, akka fudhattanii qo'attan, wal bira qabdaniis akka ilaaltan nan barbaada. Qo'achuu qofa ta'uu hin qabu, wal bira qabaa ilaalaa, yeroo qorattanitts hojiitti hiikaa. Garaadhaan ofitti fudhadhaa. "Eeyyee, isa dhaggeeffachuu na gammachiise" hin jedhinaa. Anis akkas godheera. Garuu dhaggeeffachuu fi sana

booda fudhachuun wal adda. Argitanii, wal adda.

Dhagna Waaqayyoo ijaaruuf ulaagaaleen torbatu jiru. Waaqayyo waldaa gara ulaagaa kanaatti kan fide baroota waldaa torbaan, akkasumas ergamtoota torba qaba ture. Torba, torba, torbatu jira, ilaalaa. Torba lakkoofsa Waaqayyoo isa xumuraa yoo ta'u, sadii immoo lakkoofsa Waaqayyoo isa mudaa hin qabne dha. Kanaafuu sadii fi torba sadiitu jira. Egaa herregaan, hafuuraan karaa Dubbichaana, dhugaa ba'umsa Hafuura Qulqulluutiinis, hundi isaa waan sana walii galatti xumureera.

161 Mee haa qorannu. Egaa, dhagna Kiristoos isa mudaa hin qabne ta'uutti akka dhufnuuf wantoota kana amantii keenyatti haa daballu—jaalala Waaqayyootiin, sodaa Waaqayyootiin, garaa keenya keessatti kabaja waliif qabaachuu, wal kabajuu gadi fagoo, jaalala obboleessaa fi obboleettiitiin walitti makamnee —of tuulummaa dhiifnee—qulqullina Hafuura Qulqulluu jiraachuu qofaan haa jiraannu. Waliin jiraadhaa, Kiristaanas ta'aa. Amantiidhaan deemaa. Gaarummaan Waaqayyoo isin keessa haa yaa'u. Beekumsi Waaqayyoo, yeroo sirrii fi dogoggoraa.... Seexanni waan macaafa qulqulluu waan sirrii hin taane yeroo dhiyeessu, irraa fagaadhaa. Sirriidha.

162 Ergamoonni akka keenya gonkumaa akka hin goone tilmaamuu nan danda'a. Isaan naannoo sana naanna'an, tarii jechoota muraasa duwwaa waltajjii irratti dubbatu ta'a. Isaan ol seenanii, waan gochuu qaban raawwatanii, bahan. Eeyyee obbo. Humna qabu turan. Maarummaa qabu turan. Dhiirota waliin falmii tokkollee hin qaban turan. Bakka dhaabbatan ni beeku turan. Kana qofa. Eenyutti akka amanan ni beeku turan. Hafuuraan deemuu itti fufan,....

Akkuman dheengadda galgala jedhe, mataa ol qabachuu xiqqoo tokko qofa, Waaqayyo kana qofa gochuu qaba ture. Sana booda wanti isaan dhorku hin jiru. Isaan hin gaatan, hin baratan, akka keenya kanas kana ykn sana gochuun qaba jedhaniis hin yaaddofne. Fuulduratti deemanii akkanumatti raawwatan malee. Waaqayyo irraa mataa ol qabannaa xiqqoo tokko qofa argatan, kanumatu raawwate, akkas salphaadha.

Maalif? Akkamitti Waaqayyo biraa mataa ol qabachuu akka qaban beekuu danda'an? Ulaagaalee kana hunda as keessa qabu, ulaagaalee kana hunda qabu turan. Akkasumas mataa ol qabachuu xiqqoo Waaqayyoo isa jalqabaa kana hundumaa wajjin wal bira qabamee ilaalama, akkasumas fi Dubbii Isaa wajjin. Dubbii Waaqayyoo ta'uu beekanii fuulduratti deeman. Waan biraa yaadda'uu hin qaban turan. Waaqayyo yommuu dubbatu ni deeman.

163 Nuti ni dubbanna ... Waaqayyo nutti dubbata, nuti immoo, "Tole, ni jalqabna, jireenya kana jiraachuu akka dandeenyu hubanna." Wanti jalqabaa isinitti beekamu namni ta'e tokko isin mufachiisuu isaa ti. Tole, mirkanaa'aa dha. Sun seexana!

Ganama kana walgahii kana irraa na fageessuuf yeroo inni yaalu utuu argitanii maal jettu laata. Yeroo ta'e tokko sun isin mudachuu qaba. Oo, araara kee! Yeroon wal ga'ii qabu hundumaatti isa loluun qaban ture. Dhukkubsataadhaa du'uuf jedhuuf, akkasumas nama hin fayyine tokkoof kadhachuuf yommuun ka'u, daqiiqaa kudhan keessatti bilbilli soddamaa ol natti bilbilama (isayyii yoo dafanii darbaee argatan), kunis sana irraa na ittisuufi. "Oo, obboleessa koo Biraanhaam, kana gochuu qabda." Garuu lubbuu du'uuf jedhutu na eegaa jira.

164 Halkan gaaf tokkoo bakka tokkottin waamame, dargaggeessa tokkoof. Waggoota muraasa dura as dachaa kana iddii isin supper market jettanii waamtanitti isa haasofsiiseen ture. Inni nama araada dhugaatii alkoolii qabu ta'e. Mucaa sana nan beeka, gurbaa gaarii, nama gaarii ture. Inni garuu cubbamaa ta'e. Kanaaf, haati isaa bilbilte. Yeroo lama Doc biratti bilbilteetti natti fakkaata, akkasumas Billy biratti bilbiltee, dhumarratti ergaan sun na bira ga'e.

Ergaan sun yeroo na ga'e, dhuguman jedha, jireenya koo keessatti lola akka gaafan gurbaa sana bira ga'uuf lolameetti lolamee hin beeku. Yeroon achi gahu immoo gurbaan hiyyeessi sun na baruu hin dandeenye. Achitti kufee, of wallaalee ciisa ture; abbaan isaa isatti bubu'ee, " damma koo" (namichis gara waggaa shantamaa, shantamii tokkoo ta'a), "Damma koo, kana," " ol ka'ii " ittiin jedha ture.

Innis ol kaasuuf yaalaa ture, harka isaa xiqqoo dulloomaa guddaa sana itti maree. Mucaan kun hanga kaansarii jabaa malee homaa hin qabnetti kaansarii baay'ee qaba ture. Qaamoleen dhagna isaa hundi kaansarii qaba ture. Dhiigni isaa illee kaansarii ture. Waa hundi. Achittis ka'ee akkasitti itti fufuuf yaalaa ture.

165 Ani harka isaan qabadhe. Anis, "Wuudroo, Wuudroo. Kun Obboleessa Biraanhaam dha."

Abbaan isaas, "Hin beektuu? Kun Obboleessa Biiliidha, Wuudroo. Kun Obboleessa Biilii dha."

Innis akkasitti "Hu, huh, huh" jedhe.

Abbaan isaas ilaalee, "Biilii, xoqqoo bafattee dhufte" naan jedhe.

Anis, "Gonkumaa hin barfanne. Inni as jira. Lolamaan ture." Achiis, ijoolleen dhiiraa kaan, ijoolleen

dhiiraa (cubbamoonni) tokko tokko dabalataan, achi dhaabbatanii turan—firoota isaa keessaa tokko tokko. Anis, “Argitu ijoollee nana. Qophaa'aa, sababiin isaas bakka kana ni dhuftu. Asitti gadi bu'uu qabdu, ilaalaa. Tarii karaa kaansarii kanaan miti ta'a. Waan biraatiin qabamtanii dhufuu dandeessu—achii karaa guddaa kanarri dhangala'uu dhiigaatiin ykn waan akkasiiitiin. Gara isaa dhufuu qabdun” ittiin jedhe. Isaan waliin haasofne.

Waan Hafuurri hojjedhu jedhu ilaaluufan eegaa ture, eegaan ture. Wanti jalqabaa ... mataa ol qabachuu xiqqoo sanatu natti dhaga'ame. “Harka kee isa irra kaa'i.”

Anis itti adeemeen, “Hundi keessan mataa keessan gadi qabadhaan” jedheen. Hundi isaanii mataa isaanii gadi qabatan (dargaggoonni lama ykn sadii ta'an achi keessa turan). Harka koo isa irra nan kaa'e. Anis, “Waaqayyo gooftaa, mucichi waan kana waliin wal arguu waan qabuuf, waan hojjechuuf deemu akka beekuuf haa dammaqu. Inni du'aa jira. Seexanni akka inni madaa'u gochuuf deema jira. Inni hamma du'aatti dhugeera. Kunoo haala kana keessa jira. Dhiifama akka isaaf gootuuf Sin kadhadhan” jedhe. Yeroon isaaf kadhadhus.... Borumtaa isaa ganama ka'ee taa'ee abbaa isaa waliin haasa'aa ture.

166 Busty Rodgers, dhi'oo kana yeroo isaan hospitaala goda kanaatti na waaman.... Guyyaa sana ergan achi gadi Milltown keessatti lallabee booda ala sana ture, yeroo Joorgie Carter xiqqaan fayye sama. Hundi keessan ni yaadattu.

Obboleessi keenya Ismiiz achi ture, lallabaan Meetodistii tokko, “Namni maqaa Yesus Kiristoosiin cuuphamte as keessa jirta yoo taate, dunkaana koo keessaa ba'i!” jedhe, waan akkasii jedhe, achi ol Tottensforditti yeroo walgahii gaggeessaa turetti. Oo, waan dubbachuun namatti ulfaatuun na arrabse. An jecha tokkollee itti hin dubbanne. Na arrabsuu ittuma fufe.

Ani ergama tokkon qaban ture. Gooftaan mul'ata natti agarsiise, hoolaan tokkotu dachaa lafa onaa keessatti bakka tokkotti hidhamee jiru natti mul'ise. Hundi keessan mul'ata sana ni yaadattu, hundi keessan. Akkan tilmaamutti ni yaadattu. Ni yaadattuu?

167 Tole, eegaa anis isa barbaaduufan gara lafa onaa sanatti gadi bu'ee ture.

Gara Tottensford dhaqeen ture. Obboleessi keenya Raayit achi jira. Gara sana deemne; waan goonus in wallaale. Saamunaa xiqqoo tokko qarshii tokkoon nan bitadhe. Achitti ol ba'ee, achi dhaabadhee wal tajjii irratti lallabuufan ture. Inni hojii tokko tokko hojjechuuf gara gubbaa tulluutti ol ba'aa akka jiru dubbateera. Isa waliinan deeme. Waldaan Baaptisistii guddaan durii tokko ol tulluu sana gubbaa taa'ee ture, duwwaadhas. Gooftaan “Achuma dhaabbadhu” naan jedhe.

Anis, “Obboleessa Raayit, mee asumatti na dhiisi” jedheen dhaabadhe. Inni itti fufee ol bahee deebi'e. An achi dhaqee balbala banuu hin dandeenye. Anis, “Gooftaa, ati as jirta yoo ta'e, waldaa kanatti akkan ol seenu in barbaaddas yoo ta'e, balbala naaf banin” jedhe. Achuma gadi taa'een yaaduutti ka'e.

Namni wayii utuu dhufaa jiruun dhaga'e. Innis ol adeemee, “Akkam nagumaa?” jedhe.

Innis, “Waldaatti ol seenuu barbaaddaa?” naan jedhe.

Anis, “Eeyyee, gooftaan” jedheen.

Innis, “Furtuu of harkaan qaba” naan jedhe.

Waga'iin in jalqabe. Torban jalqabaatti namni tokko illee hin ture. Halkan gaafa jalqabaa maatii tokkon argadhe, maatii Obboleessa keenya Wrightii. Wanti hubachuu qabdan yoo jiraate, xumura torbanii irratti, oobdii keessa illee utuu hin hafin iddoon dhaabatan hin jiru ture. Amma iyyuu hoolaan sun hin argane. Obboleessi keenya Haal yeroo sana fayye—inni amma paasterii achii ti. Hoolaan kun eessa akka jirtu argachuu nan dadhabe.

Yeroo muraas booda, waldaa Church Of Christ tulluu jalatti argamtu keessaa mucaan durbaa xiqqoon tokko as baate—isheen waggaa sagalii fi ji'a saddeetiif deemuu hin dandeessu, achuma ciifti turte. Kunoo Isheen in argamte. Guutuu seenaa kanaa ni beektu.

168 Eeyyee, obbo.

Guyyaa sana waaree booda, Busty Rodgers (namichi guddaan, loltuun durii) achi dhaabatee jira ture, anis achitti nan bahe, achittis waldaan Obboleessa keenya Smith natti kolfaa turan, maqaa Yesusiin cuuphuu kootti natti qoosuuf achi dhaabbatu turan.

Dhoqqee bishaan Tottensford laga isaanii keessaa yummuun ba'u, hamma danda'an natti dutaa turan. Diyaaqoonoonni tokko lama na waliin ba'an. Anis, “Har'a waaree booda Caaffata Qulqullaa'oo Waaqayyoo bakka bu'ee as dhaabadheeran” jedheen. Anis akkas nan jedheen, “Macaafa Qulqulluu keessaa kunoo isa Pheexiros, 'Yaada garaa keessanii geeddaradhaa, maqaa Yesus Kiristoosittis cuuphamaa, dhiifamuu

cubbuus in argattuu' jedhu nan dubbisan" jedheen.

Anis garagalee, Macaaficha diyaaqonoota keessaa tokkotti nan kenne, achitti ba'ees, "Namni cubbuu isaatti yaada garaa isaa geeddarate kamuu kanaaf bitamuu qaban" jedheen. Bishaan keessatti achi nan deebi'e. Anis, "Amma ergamoonni dhagna hunda keessa taa'anii ilaalaa waan jiran natti fakkaatan" jedheen.

169 Yaa waaqa koo! Yeroon gara nama lamaa fi sadii cuuphutti, amantoonni waldaa isaa guutuun—isaan dubartoota uffata silkii gaggaarii uffatan—bishaan sana rukutanii, hamma sagalee isaanii danda'utti iyyan. Guutummaan waldaa isaas maqaa Yesuus Kiristoosiin nan cuuphe! Ni beektu. Suuraa isaa of harkaan qaba.

Achumatti ture. Sun maal ture? Dabaluu keessan ... gaarummaa keessan, ilaalaa. Isin callisaa dhiisaa. Waaqayyo akkamitti akka raawwatu ni beeka. Waaqayyo wantoota kana akkamitti akka raawwatu ni beeka. Isaan waan fedhan haa jedhan. Jijjiirama tokkollee hin fidan. Itti fufuu qofa.

Busty Rodgers, achi dhaabatee, yeroo sana argu, "Egaa garaa koo guutuun nan amana," jedhee bishaan keessa lixee uffata isaa isuma gaarii uffatee dhufe sanaan, maqaa Yesuus Kiristoositti cuuphame.

170 Gara waggaa sadii afurii dura hospitaala as dachaa New Albany keessatti argamu tokkorraa naaf bilbilan. kunoo achitti nama kaansariidhaan nyaatamee du'aa jiru tokkotu ture. Doktooronni hanga ganama itti aanutti qofa akka jiraatu itti himan. "Inni du'aa jira, yeruma tokkotti koottuu ilaali" naan jedhan.

Gara kutaa sanaatti gadi nan bu'e. Yeroon achi ga'etti, callisee achi dhaabadhee kadhachuuttin ka'e, "Biillii, sabbata Waaqayyootu golee gamaa sanatti maramee jira" naan jedhan.

Anis isa ilaaluuf of duuban gara gale. Anis, "Busty, inni kakuu dha. Ati hin duutu. Kakuun dhiigichaa si fayyisan" jedheen. Harka koo isa irra kaa'ees, "Waaqayyo gooftaa, mul'ata achi jiru sanaan as jiraachu Kee mirkaneessiteetta, innis kakuu dirmammuu Keetiin fayyuu keenyaati" jedheen kadhadhe. Harka koo irra nan kaa'e, innis achumatti fayye. Gara manaattis in deebi'e.

171 Gara waggaa afur ykn shanii ... gara waggaa afurii ... laga sanaa qurxummii qabuuf olii fi gadi deemaa turan. Bakka kaansarichi naannoo ujummoo nyaataa tures ... garaan callused jedhe. Hiddaa jabaa guddaa ture. Doktooronni, loltoonni durii hospitaalichaa, wal'aansa koobaaltii sana diriirsuu danda'u turan, yeroo tokkotti nyaanni dabalataa akka gadi bu'uuf sana itti himan. Nyaata nyaachuuf baay'ee rakkate, akkasitti suuta nyaachuu qaba ture. Innis akka hojjetamuuf itti deeme. Achi jiraachuu isaa ani hin beekun ture.

Sana booda yeroo baqaqsanii hodhanitti, gara convusion biraatti akka isa geesse hubatan, innis dhiigni sammuu keessatti dhangala'uudha— akkasitti gam tokkoon isaa laamsha'e. Wanti inni gochuu danda'us immoo gamtokkoon boo'uu qofa ture. Qalama akkasii tokkos argate. Inni, "Uhh, uhh, uhh," jedhee, akkasitti raafamaa harka isaa isa gaarii sanaan waa barreessuu yaala ture. Gama bitaa isaatiin laamsha'eera. Harka isaa.... "Yesuu fayyisaadha, kuma tokkoo fi dhabba sagalii fi waan akkasii." Argachuu hin dandeenye.

Kanaaf amma haati manaa isaa "Obboleessa Biraanhaam, maal jechuu akka barbaade hin beeku, sana jechuun isaa" yeroo jettu, "Aadde. Rodgers, wanti inni jechuu barbaade namoota kuma tokkoo fi dhibba sagalii fi waan akkasii maqaa Yesusiin cuuphee gara fayyinaatti fideera, dachaa sanatti. Amma kan bu'aa argamsiisus kanuma. Du'a sodaataa hin jirun" jedheen.

Anis, "Waaqayyo gooftaa lubbuu isaa qusadhu! Maqaa Yesusiin lubbuu isaa akka oolchitu Sin kadhadhan" jedhe. Harka irra nan kaa'e. Istirookiin isa dhiisee, roqomsuunis ni dhaabbate. Innis siree irraa in ka'e, ammas dhaabatee dhugaa ba'aa jira.

172 Amantii keessan irratti virtue dabalaa; virtue keessan irratti beekumsa dabalaa; beekumsa keessaniitti of qabuu ; of qabuu keessanitti obsaan danda'uu; obsaan danda'uu keessanitti, nama Waaqayyoo ta'uu; nama Waaqayyoo ta'uu keessanitti jaalala obbolummaa, jaalala obbolummaa keessanitti; jaalala obbolummaa keessanitti Hafuurri Qulqulluu dabalaa, sana booda Kiristoos ni dhufa; sababni isaas Hafuurri Qulqulluun Isa jala jira, Hafuurri Yesuus Kiristoos Virchuuwwan kana mul'isuuf gara waldaa dhufa.

(Yaa waaqa koo. Kunoo amma sa'atii ja'aa fi ruubii ta'eera.)

Isa nan jaalladha, Isa nan jaalladha,

Dursee waan na jaallateef; (dachaa kanatti yeroo isin

homaa waa'ee hin baafnetti.)

Akkasumas naaf bite (Maal godhe?)

fayyina koo

Muka Qaraaniyoo irratti.

Kana akkamittan godhe? Sababni isaas Isatu dursee na jaallate.

Isa nan jaalladha, Isa nan jaalladha,

Dursee waan na jaallateef;

(Sababatu jira.)

Fayyina koos naaf bite

Muka Qaraaniyoo irratti.

173 Ani ganama kana garaa koo guutuudhaan waadaa isaaf nan gala, gargaarsa Isaa fi ayyaana Isaatiin, hanga ulaagaaleen kun tokkoon tokkoon isaanii dheerina olee koo xiqqoo kana keessa yaa'uun isaanii natti dhaga'amutti, guyyaa guyyaadhaan osoon hin dadhabin akkan barbaadu nan kadhada; hamman mul'ina Kiristoos isa jiraataa ta'uu danda'utti. Akka Isaatti qajeelummaa Waaqayyoo akkan ta'uuf, akka koo cubbamaa ta'e. Inni bakka koo bu'e, Gooftaan. Mee ka'ee kan isaa fudhadha, amma, sababiin isaa kaayyoo Inni du'eef kanaaf waan ta'eef.

Mee nama meeqatu ayyaana Waaqayyootiin waanuma sana waadaa seena? Amma mataa keenya gadi qabannee, harka keenyas ol qabuudhaan:

Isa nan jaalladha ... (waada nan gala Gooftaa.

Waldaan kun waadaa galti: guutuu

dheerina Yesuus Kiristoos ta'uuf.)

Dursee waan na jaallateef;

Fayyina koos naaf bite

Muka Qaraaniyoo irratti.



www.messagehub.info

Kan Lallabe

Wiiliyaam Maariyaan Biraanhaam

"Bara malakanni... afuufamutti garuu..." Mul. 10:7